

**INSITIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO  
SEERAA OROMIYAA**



**Wixinee Qorannoo**

**Daldala Seeraan Alaa To'achuu: Rakkowwan Seeraa fi Hoj-Maata Qaamolee Haqaa Keessatti Mul'atan**

**Qopheessitootni:**

1. Habtaamuu Bultii
2. Abdusalama Abbee

**Gulaaltotni:**

1. Obbo Darajjee Ayyaanaa
2. Obbo Ayyaanaa Toliinaa
3. Obbo Abdii Gurmeessaa

**Caamsaa 2008**

**Adaamaa, ILQSO**

# BAAFATA

|   |           |
|---|-----------|
| <b>BOQONNAA TOKKO</b> .....   | <b>4</b>  |
| <b>Seensa</b> .....   | <b>4</b>  |
| 1.1. Yaadaa Waliigalaa (Background) .....   | 4         |
| 1.2. Hima Rakkoo .....  | 8         |
| 1.3. Gaaffilee Qorannoo.....  | 10        |
| 1.4. Kaayyoo Qo’annoo .....   | 10        |
| 1.5. Fayyidaa Qorannoo.....   | 11        |
| 1.6. Fayyadamtoota Qorannichaa.....   | 11        |
| 1.7. Daangaa Qorannoo.....  | 12        |
| 1.8. Hanqinna Qorannoo .....  | 13        |
| 1.9. Mala Qorannoo .....  | 13        |
| <b>BOQONNAA LAMA</b> .....  | <b>16</b> |
| <b>Ulaagaalee Seera Qabeessummaa Hojii Daldalaa Ibsaanii fi Gocha Hojii Daldala Seeraan Alaa 16</b> |           |
| 2.1. Maalummaa hojii daldalaa fi gocha daldala seeraan alaa2 .....                                  | 16        |
| 2.1.1. Hojii Daldalaa .....   | 16        |
| 2.1.2. Haalawwan hojiin daldalaa ittiin to’ataman.....  | 16        |
| 2.2. Gocha Daldala Seeraan Alaa.....  | 21        |
| 2.2.1. Maalummaa fi haalawwan gochi daldala seeraa alaa itti raawwatu.....                          | 21        |
| 2.2.2. Sabaaboota daldala seeraan alaa babal’isan.....  | 25        |
| 2.2.3. Miidhaawwan Daldala Seeraan Alaa .....   | 25        |
| 2.2.4. Maloota daldala seeraan alaa ittiin too’atan.....  | 27        |
| <b>BOQOANNAA SADII</b> .....  | <b>28</b> |
| <b>Gocha Hojii Daldala Seeraan Alaa To’achuu Keessatti Gahee Qaamoleen Adda Addaa Qaban ....</b>    | <b>28</b> |
| 3.1. Gahee Hojii Qaamolee Haqaa ala jiranii.....  | 28        |
| 3.2. Gocha daldala seeraan alaa to’achuu keessatti gahee hojii qaamolee haqaa .....                 | 30        |
| 3.2.1. Gahee hojii waajjira poolisii .....  | 30        |
| 3.2.2. Gahee Hojii Waajjira Haqaa .....   | 33        |
| 3.2.3. Gahee Hojii Mana Murtii.....   | 36        |

|   |            |
|---|------------|
| <b>BOQONNAA AFUR.....</b>   | <b>38</b>  |
| <b>Yakka Daldala Seeraan Ala Qabuu, Qulqulleessuu fi Himachuu.....</b>                              | <b>38</b>  |
| 4.1.    Yakka daldala seeraan alaa qabuu .....  | 38         |
| 4.2.    Yakkaa Daldala Seeraan Alaa Qulqulleessuu .....   | 44         |
| 4.3.    Yakka Daldala Seeraan Alaa Himachuu.....  | 50         |
| <b>BOQONNAA SHAN.....</b>   | <b>57</b>  |
| <b>Kenniinsaa fi Raawwii Murtii Dhimma Daldala Seeraan Alaa .....</b>                               | <b>57</b>  |
| 5.1.    Dhimmoota Daldala Seeraan Alaa Irratti Murtii Kennuu .....                                  | 57         |
| 5.1.1.    Hubannoo Abbootiin Seeraa Seerota Daldalarratti Qaban.....                                | 58         |
| 5.1.2.    Aangoo Mana Murtii Idilee fi Qaamolee Biroo Adda Baasuu.....                              | 60         |
| I.    Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Fayyadamtootaa.....                                | 60         |
| II.    Labsiilee Sirna To’annoo Qulqullinaa fi Daldala Bunaa .....                                  | 63         |
| III.    Aangoo Qaamolee Raawwachiiftuu fi Mana Murtii Idilee.....                                   | 66         |
| 5.1.3.    Murtii Atattamaa Kennuu .....   | 70         |
| 5.1.4.    Mirga Wabii Eeguu.....  | 72         |
| I.    Wabii Gahaa Waamsisuu Dhabuu .....  | 75         |
| I.    Seera Hiikuun Hojiirra Oolchuu .....  | 81         |
| 5.1.6.    Murtiilee Gocha Daldala Seeraan Alaa Irratti Kennaman Daangessuu .....                    | 86         |
| 5.1.7.    Ragaa Madaaluu.....   | 88         |
| 5.2.    Meeshaalee Daldala Seeraan Alaa Qabamanirratti Murtii Kennuu fi Murticha Raawwachiisuu..... | 94         |
| <b>BOQOANNAA JAHA .....</b>   | <b>100</b> |
| <b>Gudunfaa fi Furmaataa .....</b>  | <b>100</b> |
| 6.1.    Yaadota Gudunfaa .....  | 100        |
| 6.2.    Yaadota Furmaataa .....   | 104        |
| <b>MILTOO.....</b>  | <b>108</b> |

# BOQONNAA TOKKO

## Seensa

### 1.1. Yaadaa Waliigalaa (Background)

Guddina dinagdee biyya tokkoo keessatti sochiin daldalaa isa ijoo dha. Gahee hojiin daldalaa<sup>1</sup> guddina dinagdee keessatti qabu cimaa akka deemu gochuuf gochawwan sochii kana miidhan to'achuun barbaachisaa dha. Gochawwan kanneen keessaa tokko ammoo daldala seeraan alaa dha.<sup>2</sup> Daldalli seeraan alaa meeshaalee fi tajaajiloota akka ittiin hin daldalamne dhorkaman daldaluu akkasumas meeshaalee fi tajaajiloota seera qabeessa ta'an ulaagaalee yookaan adeemsa seerri teechisee jiru cabsanii daldaluu hammachuu kan danda'uu dha.<sup>3</sup>

Daldalli seeraan alaa dinagde, fayyaa, nageenyaa fi duudha hawaasaa irratti miidhaa guddaa qaqqabsiisuu danda'a. Daldalli seeraan alaa mootummaan sochii daldalaa irraa galii argachu malu akka hin arganne taasisa. Fakkeenyaaf, omishaaleen ala-ergii (export items) ta'an kan akka bunaa, beeyiladaa fi bu'aa beeyiladootaa, albuudotaa fi kkf seeraan ala biyyaa kan bahan yoo ta'e oomishaalee kanneen irraa sharafni biyya alaa argamuu qabu akka hin argamne yookaan akka xiqqaatu taasisa. Itti dabalees, dorgaommiin daldalaa haqa dhabeessa ta'e akka babal'atu waan taasisuuf daldaloota seera qabeessa ta'an gabaa keessa baasuun, galiin mootummaa akka xiqqaatu akkasumas mirgi fayydamtootni akka sarbamu taasisa. Sharafni biyya alaa fi galiin keessaa xiqqaacha deemuun isaa ammoo oomishaalee kaapitaala biyya alaati galchuuf barbaadamu irratti dhiibbaa geessisuun guddinni biyyaa boodatti akka harkifatu godha.

Daldalli seeraan alaa haayyama abbaa mirgaa malee namootni meeshaalee kalaqa sammuutti akka fayyadaman, abbootiin kalaqaa faayidaa argachuu malan akka hin arganne taasisuun kalaqummaan (innovation) akka hin jajjabanne godha.<sup>4</sup> Oomishaaleen akka nyaataa, qorichaa,

---

<sup>1</sup> Seeera Daldalaa Itoophiyaa kwt 5 hojii daldala jechuun galii argachuuf meeshaa bitanii akkuma jirutti yookaan bifa biraatti jijjiirani gurguruu, kuusuu, mana kuusaa kireessuu, nama yookaan meeshaalee geejjibuu, albuuda baasuu, tajaajila tamsaasa raadiyoo yookaan talavizninaa hojjechuu, tajaajila baankii yookaan inshuraansii kennuu fi kkf hojii daldalaa akka ta'e tumee jira.

<sup>2</sup> Illicit trade, ([www.eabc.info/policy/category/illicit-trade](http://www.eabc.info/policy/category/illicit-trade)) gaafa 10-02-08 ilaalame, fuula 1

<sup>3</sup> Karl Lallerstedt & Michael Wigell, Illicit Trade Flows: How To Deal With the Neglected Economic and Security Threat, Finnish Institute Of International Affairs, Briefing Papers 151, March 2014 (National council for the administration of justice, enforcement manual to combat illicit trade in Kenya, (2014), fuula 18 ([www.judiciary.go.ke/portal/asset/filemanageruploads/download/enforcement.manual%202.compressed.pdf](http://www.judiciary.go.ke/portal/asset/filemanageruploads/download/enforcement.manual%202.compressed.pdf)) gaafa 10-2-2008 ilaalame

<sup>4</sup> Miil-jalee olii

xaa'oo fi kkf daldala seeran alaan hawaasa dhaqqaban sadarkaan qulqullina isaani kan hin sakatta'amne waan ta'eef, fayyaa hawaasa irratti miidhaa geessisuu danda'u<sup>5</sup>. Gama biraan, daldalli seeraan alaa daldala meeshaalee waraanaa hammachuu danda'a waan ta'eef, sochii nageenya mirkaneessuuf taasifamu irratti dhiibba qaqqabsiisuu kan danda'uu dha. Dabalataanis, oomishaalee akka poornoograafii daldala seeraa alaan gara biyyaatti galan duudha hawaasaarratti miidhaa geessisu.<sup>6</sup>

Daldala seeraan alaa xiqqeessuu/hambisuuf tooftaaleen akka addunyaatti hojiirra oolan hedduudha. Isaanis, miidhaa daldalli seeraan alaa dinagdee, hawaasummaa fi siyaasa irratti qaqqabsiisu uummata bal'aa hubachiisuu, sirna galii gibiraa cimsuu, mootummaalee ollaa wajjiin hariiroo fi qindoomina gaarii uumuu, dhimmoota daldala seeraan alaa gaggeessuuf sababa ta'an adda baasuu, fi seerota daldala seeraan alaa to'atan cimsuu fi hojiirra oolmaa isaanii mirkaneessaa deemuun isaan ijoodha.<sup>7</sup>

Tooftaalee armaan olitti ibsaman keessaa seerota daldala seeraan alaa to'achuu danda'an baasuu fi hojiirra oolmaa isaanii mirkaneessaa adeemuun isa barbaachisaa fi xiyyeeffannaa guddaa barbaadu waan ta'eef, Mootummaan Federaalaa fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa seerota gocha daldala seeraan alaa to'atan hedduu tumuun hojiirra akka oolan taasisaniiru<sup>8</sup>. Fakkeenyaaf, labsii galmee fi hayyamaa daldalaa lak 686/2002, labsii dorgommii daldalaa fi mirga faydamtootaa lak 813/2006, labsii daldalaa beeyiladootaa lak 819/2006, labsii sirna to'annoo qulqullina fi daldala bunaa lak 602/2000, labsii bulchiinsaa fi to'annoo nyaataa fi daawaa beeyiladootaa lak 728/2004, labsii galiwwanii fi gumurkaa lakk 859/2007, fi labsii daldalaa fi oomisha xaa'oo lak 137/91 caqasuun ni danda'ama.

Seerotni armaan olitti caqasamanii fi kan biroon haala daldalli seeraan alaa ittiin to'ataman diriirsaniiru. Daldala seeraan alaa to'achuuf jecha sirna seerri diriirse keessaa tokko nama hojii daldalaarratti hirmaatu hunda galmeessuu fi eenyummaa isaa beekuudha.<sup>9</sup> Bu'uura tumaa seeraa kanaatiin, namni dhuunfaanis ta'e waldaaleen akaakuu adda addaa utuu galmee daldalaa irratti

---

<sup>5</sup> Miiljalee olii

<sup>6</sup> The Need to Prevent Contraband in Ethiopia, fuula 4 ([www.erca.gov.et/index.php/customs/others/101-contraband](http://www.erca.gov.et/index.php/customs/others/101-contraband)), gaafa 10-2-2008 ilaalame

<sup>7</sup> Grant Thornton, Illicit Trade in Ireland: Uncovering the Cost to the Irish Economy (2013), fuula 24 ([www.oireachtas.ie/parliament/media/illicit-trade-in-ireland-report.pdf](http://www.oireachtas.ie/parliament/media/illicit-trade-in-ireland-report.pdf)), gaafa 4-2-2008 ilaalame

<sup>8</sup> MoFED, Annual progress report for fiscal year of 2011/12, on Growth and Transformation Plan of Ethiopia, March 2013, fuula 37

<sup>9</sup> Labsii Galmee fi Hayyama Daldalaa, lakk 686/2006, seensa fi kwt 6(1)

hin galmaa'iin hojii daldalaa kamiyyuu hojjechuu hin danda'an.<sup>10</sup> Bifuma wal-fakkaatuun, namni hojii daldalaa hojjechuu barbaadu utuu hojii daldalaa hojjechuu hin eegaliin hayyama rogummaa qabu baafachuu fi yeroo yerootti haaromsuutu irraa eegama.<sup>11</sup> Ijoo kanarratti, hayyamni daldalaa tokko hojii daldalaa hayyamni sun baheef qofa hojjechuuf kan tajaajilu waan ta'eef, hayyama hojii daldalaa tokkoon hojii akaakuu biraa yookaan hojii wal-fakkaataa hojjechuun seeraan ala.<sup>12</sup> Namni tokko haala seera qabeessaan hojii daldalaa hojjechaa jiraachuusaa mirkaneessuuf, galmaa'uu fi hayyama hojii daldalaa qabaachuusaa adda baasuu qofti gahaa miti; haal-dureewwan seerotni hojichaa wajjin rogummaa qaban tarreessan hunda guutee argamuusaa qulqulleessuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf, namni hojii daldala xaa'oo hojjechuu barbaadu tokko galmaa'uu fi hayyama hojichaa baafachuutti ida'ee qaama dhimmi ilaallatu biraa waraqaa mirkaneessituu gahumsaa baafachuutu irra jira.<sup>13</sup> Itti dabalees, seerri rogummaa qabu yoo gaafatu daldalootni waraqaa darbiinsaa (pass permit) baafatanii harkatti qabachuun qaamni dhimmi ilaalu yeroo gaafatu akka agarsiisan seerotni tokko tokko ni akeeku. Fakkeenyaaf, namni buna bakka/gabaa tokkoo fe'ee gara bakka/gabaa biraatti geessu buna sana seera qabeessaan fe'ee adeemaa jiraachuusaa kan agarsiisu waraqaa darbiinsaa harkatti qabachuu qaba<sup>14</sup>; waraqaa kana utuu harkatti hin qabatiin buna geejjibuun daldala buna seeraan alaa gaggeessuu dha.

Gochawwan daldala seeraan alaa to'achuu ilaalchisee ulaagaaleen teechifamanii jiran kan biroon, ulaagaalee qulqullina, gahumsaa fi gatii meeshaalee to'ataniidha. Haala kanaan, meeshaalee daldala haala sirrii hin taaneen qopheessuu, bakka mijataa hin taane kuusuu, yeroo seerri teechisee ol kuusanii argamuu fi gabaaf dhiyeessu, fi haala qulqullina isaa miidhuu danda'uun bakka tokkoo gara bakka biraatti dabarsuun akka daldala seeraan alaatti fudhatamuu danda'a.<sup>15</sup> Meeshaalee gatii isaaniif murtaa'ee olitti gurguruu, gatii caalbaasii harka lafa jalaan wal ta'anii murteessuu, fi meeshaalee daldalaa bu'uuraa jedhamanii adda bahan qajeelfama jiru

---

<sup>10</sup> Miiljalee olii, kwt 6(1) fi kwt 31(1) wal-bira qabaa ilaalaa

<sup>11</sup> Miiljalee olii, kwt 31(1)

<sup>12</sup> Miiljalee olii, kwt 31(1), haala ijaarsa himichaa xiyyeeffannoon ilaalaa (Namni tokko hojii daldalaa kamiyyuu ykn tokko hojjechuuf hayyama hojii daldalaa qabachuu qaba). Af-gaaffii Obbo Tafarraa W/Sillaasee, Ogganaa Ittaanaa Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa, gaafa 19-1-2008

<sup>13</sup> Labsii oomishaa fi daldala xaa'oo, lakk 137/99, kwt 4

<sup>14</sup> Qajeelfama to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa, kwt 6.1, 6.2.3, 6.2.3 fi 6.2.4.7 ilaalaa

<sup>15</sup> Fakkeenyaaf, buna bituun, qopheessuun, akaa'anii tumuun, bakka tokkoo gara bakka biraatti dabarsuun yookaan kuusuun akka hojii daldala bunaatti fudhatamu (labsii siran to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa lak 160/2002, kwt 2(27)). Daldalaan bunaa haala seerri jedhuun hojiiwwan kanneen keessaa tokko hin hojjenne yoo ta'e akka daldala seeraan alaa gaggeessetti ilaalama.

cabsuun kuusuu fi dabarsuun gocha daldala seeraan alaati.<sup>16</sup> Seera gumuruukaa utuu hin kabajiin meeshaa biyya keessatti galchuun akkasumas biyya keessaa gara biyya alaatti baasuun daldala seeraan alaa raawwachu dha.<sup>17</sup> Walumaagala, tumaalee seerri teechise cabsanii hojii daldalaa hojjechuun daldala seeraan alaa gaggeessuu dha.

Seerota gocha daldala seeraan alaa to'achuuf bahanii hojiirra jiran cabsuun hojiin daldalaa Oromiyaa keessatti raawwatamu hedduu dha. Akka fakkeenyaatti caqasuuf, to'annoo Biirron Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa baatii jaha keessatti Aadoolessa 2007 hanga Mudde 2008) taasiseen seeraa alaa hojii dalalaa keessatti namootni hirmaatan 65, 992 akka jiran adda baaseera. Baatii Aadoolessaa 2007 keessa magaalota Oromiyaa 16 keessatti sakatta'iinsa taasfameen daldalootni 20,000 ta'an seeraan ala hojii daldalaarratti hirmaatanii akka jiran mirkaneesseera.<sup>18</sup> (Gochi daldala seeraan alaa adda bahan kanneen hojiiwwan daldala muraasa irrattii). Haaluma wal-fakkaatu, sakatta'iinsa Waajjirri Eegumsa Fayyaa Aanaa Jaarsoo taasiseen namootni 20 hayyama hojii fi hayyama mirkaneessa gahumsa hojii osoo hin qabaatiin kiliniika fayyaa dhaabbachuun kenniinsa tajaajila fayyaa raawwachaa akka jiran mirkaneesse jira; Aanaa sana keessatti namootni ulaagaalee seerri barbaadu guutani hojjechaa jiran ammoo lama qofa.<sup>19</sup> Bifuma wal-fakkaatuun Aanaa Dadar keessatti namootni 20 seeraa ala hojii daldala qorichaa fi hojii kenniinsa tajaajila fayyaarratti hojjechaa akka jiran adda baheera.<sup>20</sup>

Seerota daldala seeraan alaa to'achuuf bahan hojiirra oolchuun, sirni dinagdee gabaa bilisaa guddina misooma waliigala biyyaaf bu'aa akka buusu sekteroota taasisan keessaa tokko qaamolee haqaa dha.<sup>21</sup> Qaamoleen haqaa gocha daldala haqa-qabeessa fallessan, mirga fayyadamtootaa miidhanii fi galii mootummaa xiqqeessan seeratti dhiyaatanii akka adabaman taasisu; raawwiin kun ammoo dantaa mootummaa, ummataa fi namoota dhuunfaa mirkaneessuu

---

<sup>16</sup> Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006, kwt 9, fi 22 & 24; qajeelfama sirna raabsaa meeshaalee bu'uuraa lak 1/2004, kwt 9(3), 10(2) fi 11(2)

<sup>17</sup> Labsii Gumuruukaa, lakk 859/2006, kwt 109

<sup>18</sup> Af-gaaffii obbo lijaalem Of-gahaa, ogeessa galmeessaa fi kenna hayyamaa biirra daldalaa fi misooma gabaa oromiyaa, gaafa 4-5-2008

<sup>19</sup> Xalayaa Waajjirri Eegumsa Fayyaa Aanaa Jaarsoo gara Qajeelcha Eegumsa Fayyaa Godina Harargee Bahaatti barreesse, xalayaa lak 2/2734EF/y-5 ta'een gaafa 30-5-2008

<sup>20</sup> Xalayaa Waajjirri Eegumsa Fayyaa Aanaa Dadar gara Qajeelcha Eegumsa Fayyaa Godina Harargee Bahaatti barreesse, xalayaa lak H043/1634/1/2006

<sup>21</sup> Douglass North (1990), Institutional changes: a framework of analysis, unpublished essay, fuula 4 (Fitihii Jihad, Haala Waliigaltee Raawwannaa Dhaabbilee Daldalaa, Manneen Murtii Federaalaa Fi Dhaabbilee Aangoo Abbaa Seerummaa Qaban Keessatti, Inistiitiyuutii Qorannoo Sirna Seeraa Fi Haqaa, Finfinnee, 2006, fuula 12 irraa kan fudhatame)

keessatii gahee guddaa taphata.<sup>22</sup> Haaluma kanaan, qaamoleen haqaa Naannoo Oromiyaa, gocha daldala seeraan alaa to'annoo jala oolchuu fi seera-qabeessummaa gochichaa qulqulleessu; seeratti dhiyeessuu fi murtii atattamaa fi seera bu'uura godhate kennuun sochiin daldalaa gaggeeffamu seera qabeessa akka ta'u gochuu ilaalchisee qaamolee gahee guddaan itti kennamee dha.<sup>23</sup>

Haa ta'u malee, ulaagaalee hojii daldalaa tokko seeraan ala taasisan irratti hubannoon waliigalaa dhibuu, kutannoo fi hordoffiin jiru laafaa ta'uu, murtii barsiisaa ta'ee fi si'oomina qabu kennuurratti hanqinni bal'aan jiraachuu, fi qindoominaa fi wal-hubannoon qaamolee haqaa fi sekteroota biroo gidduu jiru laafaa waan ta'eef hojiin to'annoo daldala seeraan alaarratti gama qaamolee haqaatiin taasifamu sadarkaa barbaadamuu gadi akka ta'u godheera.<sup>24</sup> Bakka tokko tokkotti ammoo murtii qaamoleen haqaa kennan to'annoo qulqullinaa fi seerummaa hojii daldalaarratti waajjiraaleen dhimmi ilaalu taasisan gufachiisaa akka jiranittilee haalli itti ka'uu jira.<sup>25</sup> Kanaafuu, sochiin daldalaa akka Naannoo Oromiyaatti gaggeeffamu gochawwan daldala seeraan alaatiin akka hin miidhamnetti qaamoleen haqaa gahee hojii isaanii sirnaan akka bahan gochuun barbaachisaa akka ta'e qorannoon akeekameera.<sup>26</sup> Haaluma kanaan, qorannoon kun to'annoo daldala seeraan alaa irratti taasifamu keessatti hanqinaalee gama seeraa fi hoj-maata qaamolee haqaatiin jiran sakatta'ee adda baasuun yaada furmaataa maddisiisurratti kan xiyyeeffatu ta'a.

## 1.2. Hima Rakkoo

Qaamoleen haqaa gocha daldala seeraan alaa to'achuun hojiin daldalaa fi misooma gabaa akka cimuu gochuun sochii guddina dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa mirkaneessuuf taasifamu sekteroota taasisan keessaa isa tokkoo dha. Qaamni kun gocha daldala seeraan alaa to'annoo jala oolchuu (qabuu), qulqulleessuu, seeratti dhiyeessuu, murtii atattamaa kennuu fi murticha

---

<sup>22</sup> Richard A Poster (1998), *Creating A Legal Framework For Economic Development*, the world bank research observer Vol 13 No. 11, fuula 3 fi 4 (Fitihii Jihad, Haala Waliigaltee Raawwannaa Dhaabbilee Daldalaa, Manneen Murtii Federaalaa Fi Dhaabbilee Aangoo Abbaa Seerummaa Qaban Keessatti, Inistiitiyuutii Qorannoo Sirna Seeraa Fi Haqaa, Finfinnee, 2006, fuula 12 irraa kan fudhatame)

<sup>23</sup> Ministry of Finance and Economic Development, *Ethiopian growth and transformation plan (GTP)*, 10/11-14/15, 2010, fuula 61

<sup>24</sup> Azanaa Indaalamaafaa, qorannoo sakatta'a fedhii leenjii fi qorannoo ILQSO bara 2008, Hagayya 2007, fuula 88

<sup>25</sup> Xalayaa qajeelchi eegumsa fayyaa godina Arsii gara biiruu eegumsa fayyaa oromiyaatti barrreesseen murtii manneen murtii godinicha keessatti kennan baay'een isaanii to'annoo waajjirichi qulqullina tajaajila fayyaarratti taasisaa jiru gufachiisaa akka jiru beeksisee jira (Xalayaa lak QEFAR/k/o1/142/ gaafa 13/11/2007)

<sup>26</sup> Miiljalee olii, lak 24, fuula 89



raawwachiisuun hojiin daldalaa miidhaa gocha seeraan alaarraa akka eegamu taasisuu.<sup>27</sup> Bu'uuruma kanaanis, nageenyaa fi tasgabii gabaa lafa qabsiisuun misoomni dinagdee daldalaa mirkanaa'aa akka adeemu gochuu keessatti shoora guddaa taphatu.

Haa ta'u malee, gochawwan daldala seeraan alaa dinagdee, hawaasummaa fi nageenya biyyaa, fi fayyummaa uummataa irratti miidhaa geessisan to'annoo jala oolchuurratti, dhimmicha qulqulleessanii seeratti dhiyeessuurratti akkasumas murtii atattamaa kennuurratti hanqinni guddaa gama qaamolee haqaatiin akka mul'atu qaamni sochii dinagdee daldalaa akka naannoo Oromiyaatti jiru to'atu ni akeeka.<sup>28</sup> Itti dabalees, namoota raawwii daldala seeraan alaa keessatti hirmaatan hunda bu'uura seeraatiin adabuu dhabuu, adeemsa murtii haqaa kennisiisuu harkifachiisuu, murtii barsiisuu danda'u kennuu dhabuu ilaalchisee qaawwi guddaan akka jiruu, fi qaawwi sun ammoo to'annaa daldala seeraan alaarratti gufuu guddaa ta'aa jiraachuu qorannoon ni agarsiisa.<sup>29</sup>

Gama biraan, hanqinni gama seeraatiin jiru dhimmoota sirna to'annoo daldala seeraan alaa boodatti harkisan keessaa isa tokkoo dha. Ijoo kanarratti, qaawwi seeraa gama hedduun ibsamuu danda'a. Fakeenyaaf, dhimmoota daldala seeraan alaa qulqulleessuu fi murtii itti kennuu ilaalchisee hirmaannaa fi gahee qaamolee haqaa sirriitti seeraan adda baasanii kaa'uu dhabuu<sup>30</sup>, tumaaleen seerota Nannoo Oromiyaa fi Federaalaa tokko tokko wal-simuu dhabuu<sup>31</sup>, labsiilee dambii fi qajeelfamaan hin deeggaramneen hojii daldala seeraan alaa to'achuu yaaluu<sup>32</sup>, fi iftoomina gahaa dhabuun tumaalee seeraa Naannoo Keenyaaf hanqinaalee sochii to'annoo daldala seeraan alaa boodatti harkisan keessaa isaan muraasa. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun sochii

---

<sup>27</sup> Qajeelfama Koree Deeggarsa Misoomaa Oomishaalee Eksipoortii Naannoo Oromiyaa, Waxabajjii 2006, Finfinnee, Fuula 2, 3 fi 12 wal bira qabaa dubbisaa

<sup>28</sup> Af-gaaffii obboo Tafaraa W/sillaasee I/A/itti gaafatama Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 19/01/08 taasifame

<sup>29</sup> Miiljalee olii, lakk 21

<sup>30</sup> Fakkeenyaaf, mirga fayyadamtootaa kabachiisuu keessatti gaheen qaamolee haqaa Naannoo Oromiyaa maal ta'uu akka qabu ilaalchisee iftoominni seeraa fi hubannoo jiru sadarkaa barbaadamuu gadi ta'uu qorannoon sakatta'a fedhiirratti gaggeeffame ni akeeka (miiljalee olii, lakk 24, fuula 90)

<sup>31</sup> Fakkeenyaaf, abbaa konkolaataa kan konkolaataan isaa buna seeraan alaa fe'ee socho'aa jiru adabuu ilaalchisee ejjennoo labsiin to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa Federaalaa fi Oromiyaa qaban kan wal-faallessuu dha.

<sup>32</sup> Fakkeenyaaf, oomishaa fi daldala xaa'oo to'achuuf labsiin bahe, labsiin lakkk 137/1991, labsii qaawwa hedduu qabuu fi dambii yookaan qajeelfamaan hin deeggaramne waan ta'eef rakkoo gama oomishaa fi daldala xaa'oo haala barbaadamuun dhorkuun akka jabaatu dhimmoota taasisan keessaa tokkoo dha. ( Qana'aa Geetaanaa fi Habtaamuu Bultii, moojulii hojmaata daldala bunaa, xaa'oo, sukkaaraa fi zayiti fi saliixaa fi boloqqee, (ILQSO, 2004), fuula 48-63

to'annoo daldala seeraan alaa keessatti qaawwa gama seerota fi hoj-maata qaamoolee haqaan jiran qulqulleessuun furmaata fulla'aa kan akeeku ta'a.

### **1.3. Gaaffilee Qorannoo**

Hojii daldala seeraan alaa to'achuu keessatti qaawwa, wal-simuu dhabuu fi hanqina iftoomina seerota, fi rakkoowwan seerota jiran hojiirra oolchuun wal-qabatanii gama qaamolee haqaatiin mul'atan maal akka ta'an agarsiisuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati. Haaluma kanaan, qorannoon kun gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuu kan yaalu ta'a:

- ✓ Ulaagaaleen seera-qabeessummaa hojii daldala tokko qulqulleessuuf tajaajilan isaan kami?
- ✓ Gocha daldala seeraan alaa qabuu, qulqulleessuu, seeratti dhiyeessuu fi murtii itti kennuun wal-qabatee rakkoowwan seeraa fi raawwii jiran maali?
- ✓ Murtiilee gochoota daldala seeraan alaarratti murtaa'an raawwachiisuu keessatti hanqinaaleen mul'atan maali?

### **1.4. Kaayyoo Qo'annoo**

Qorannoon kun gocha daldala seeraan alaa Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffamu ilaalchisee rakkoowwan gama seeraa, seera hiikuu fi raawwachiisuun qaamolee haqaa biratti mul'atan adda baasee agarsiisuun, furmaata rakkoowwan jiran xiqqeessuu danda'an kan akeeku ta'a. Haaluma kanaan, qorannoon kun kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree galmaan gahuuf adeemu of-keessatti hammatee jira. Akka kaayyoo goorootti, qaamoleen haqaa sochii daldala seeraan alaa to'achuu keessatti gahee isaanirraa eegamu akka hubatanii fi haala seerri ajajuun akka raawwatan dandeessisuun, to'annoon gocha daldala seeraan alaarratti taasifamu caalaatti akka cimu gochuu dha. Haaluma kanaan, akka kaayyoo gooreetti, qorannoon kun kaayyowwan armaan gadii kan galmaan gahu ta'a:

- ✓ Ulaagaalee/safartuwwan gocha daldala seeraan alaa to'achuu keessatti gargaaran adda baasuun garsiisuu
- ✓ Gocha daldala seeraan alaa to'annoo jala oolchuu (qabuu), qulqulleessuu fi seeratti dhiyeessuun wal-qabatee rakkoowwan seeraa fi raawwii jiran adda baasuu

- ✓ Meeshaalee daldalli seeraan alaa utuu irratti gaggeeffamaa jiru qabaman ol kaa'uu, akka ciraatti dhiyeessuu fi bu'uura murtii kennameen raawwachiisuun wal-qabatee hudhaalee jiran adda baasuu
- ✓ Murtii atattamaa fi sirrii ta'e kennuu keessatti rakkoowwan jiran sakatta'uun furmaata jiran akeekuu

### **1.5. Fayyidaa Qorannoo**

Qorannoon kun faayidaa armaan olitti akka waliigalaa fi addaatti ibsaman galmaan gahuutti dabalee, adeemsa keessa, bu'aawwan armaan gadii gama misooma dingadee daldalaa, hawaasummaa fi siyaasaan argamsiisuu keessatti gahee ni qabaata jedhamee abdatama:

- ✓ gochi daldala seeraan alaa akka hir'atu taasisuun, biyyi keenya sochii daldalaarraa galii argamuu qabu hunda akka argattu taasisuu keessatti bu'aa guddaa ni buusa
- ✓ Ogeessotni qaamolee haqaa hojii isaanii haala seerrii fi imaammata biyyatti ajajuun akka raawwatan akeekuun, gochi al-seerummaa fi al-naamusummaa akka xiqqatuu taasisuu keessatti gumaacha ni qabaata
- ✓ Nageenyii sochii daldalaa fi gabaa akka mirkanaa'u taasisuu keessattis shoora guddaa ni taphata
- ✓ Olaantummaa seeraa mirkaneessuu fi haqummaa lafa qabachiisuuf tattaaffii taasifamu keessatti gumaacha guddaa ni taasisa.

### **1.6. Fayyadamtoota Qorannichaa**

Qorannoon kun gaggeeffamee yeroo xumuramu daldala seeraan alaa to'achuun wal-qabatee qaawwa seerota daldala fi hanqina hoj-maataa seerota kanneen raawwachiisuu keessatti gama qaamolee haqaatiin mul'atan adda baasee ni agarsiisa. Yaada furmaataa maddisiisuun akka irratti hojjetamu taasisa. Kanaafuu, sekterootni baay'een qorannoo kanarraa ni fayyadamu. Keessattuu qaamoleen armaan gaditti tarreeffaman kallattiin hirmaattoota bu'aa qorannoo ni ta'u:

- ✓ Qorannoon kun hanqina seeraa fi hoj-maata qaamolee haqaa duuchurratti waan xiyyeeffatuuf, qaamoleen haqaa kan akka mana murtii, waajjira haqaa fi waajjira poolisii fayyadamtoota duraa ni ta'u

- ✓ Oomishaaleen al-ergii fi kan biroo daandii seerri kaa'e eeggatanii akka daldalaman waan taasisuuf, Giddu-Galli Gabaa Oomishaalee Itoophiyaa fi isaa wajjiin hidhata kan qaban qorannoo kanarraa ni fayyadamu
- ✓ Oomishaalee fi meeshaalee gabaaf dhiyaatan sirna daldalli gabaa ajjaju keessatti akka daldalaman akkasumas daldalootni hayyama hin qabnee fi bu'aa hin argamsiisfne gabaa keessaa akka bahan waan godhuuf, qonnaan bulootaa, investerootaa fi soorattootaa bu'aa guddaa buusa
- ✓ Qorannoon kun rakkoo gama daldala seeraan alaa to'achuun jiru adda baasuu fi xiqqeessuurratti kaayyeffatee waan hojjetuuf, qaamni dhimma kanarratti hojjetu-Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa- bu'a qorannoo kanaarraa hedduu gargaarama.
- ✓ Qorannoon kun qaawwaa fi haqina seerota daldala seeraan alaa to'atanii fi rakkoowwan hoj-maata qaamolee haqaa bira jiran adda baasuun qulqulleessee agarsiisa; kanaaf, ILQSOon rakkoowwan gama kanaan jiranitti leenjiin furmaata waan kennuuf innis fayyadamaa bu'aa qorannoo kanaa ta'uu danda'a jedhamee abdatama.
- ✓ Qaawwaa fi hanqinaalee seerota sochii daldala seeraan alaa to'atan ilaalchisee jiran waan agarsiisuuf, qaamoleen seera tuman fayyadamtoota qorannoo kanaa ta'uu ni malu.

### **1.7. Daangaa Qorannoo**

Qorannoon kun to'annoo daldala seeraan alaa keessatti hojii gocha daldala seeraan alaa qabuu, qorachuu, himannaa dhiyeessuu fi murtii kennuun wal-qabatee rakkoo seeraa fi hoj-maata qaamolee haqaa bira jiran kan sakatta'uu dha. Haaluma kanaan, qorannoon kun seerota hojiiwwan daldalaa bitan ilaaluu, daldala seeraan alaa to'annoo jala oolchuu, seeratti dhiyeessuu fi murtii kennuu ilaalchisee rakkoowwan seera hojiirra oolchuun wal-qabatee jiran sakatta'uu, fi rakkoo qindoomina qaamoleen haqaa sekteerota daldala seeraan alaa to'atan biroo wajjiin qaban ilaaluu, rakkoowwan jiran adda baasee furmaata akeeka. Akka waliigalaatti seerota gochoota daldala seeraan alaa to'achuuf bahan raawwachiisuu keessatti gahumsaa fi haqinaa hojii qaamolee haqaa oromiyaa keessa mul'atan kan sakatta'uu yoo ta'ellee seerota daldalaa kan akka labsiilee bunaa lak 160/2002 fi 602/2000, labsii seera yakkaa lak 414/1996, labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006, labsii kallee fi gogaa lak 814/2006,

labsii galmeessa hojii daldalaa fi kenna hayyama daldalaa lak 686/2002, labsii to'annoo fi bulchiinsa nyaata, daawaa fi kunuunsa fayyaa lak 661/2002, labsii bosonaa mootummaa Oromiyaa lak 72/95, dambii gabaa saliixaa fi boloqqee adii lak 178/2002, labsii galiwwanii fi gumuruukaa lak 859/2007, labsii galiwwanii fi gumuruukaa lak 622/2001, dambii sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa 159/2001, qajeelfama sirna raabsaa meeshaalee daldala bu'uuraa lak 1/2004, labsii daldala beeyiladootaa lak 819/2006 fi labsii oomishaa fi daldalaa xaa'oo lak 137/91 irratti kan xiyyeeffatee dha. Kanaafuu qorannoon kun labiilee daldalaa kanneen armaan olitti caqasamanii ala jiraanii fi hojii daldala seeraan alaa to'achuu keessatti hojjetaman kan akka galme (registration) raawwachuu, hayyama daldalaa kennuu, hayyama gahumsaa fi geejjibaa kennuu, taatewwan gabaa fi dindagee akkasumas tarkaanfiiwwan bulchiisaa qaamolee dhimmi ilaaluun daldaloota seeraan alaarratti fudhataman ilaalurratti hin xiyyeeffatu. Dabalataanis, dhimmoota raawwii murtii adabbii hidhaa fi maallaqaa gama mana sirreessaa fi waajjiraalee biroon raawwataman qorannoon kun kan ilaalu miti

### **1.8. Hanqinna Qorannoo**

Qorannoon kun baldhaa fi dhimmoota hedduu of keessatti kan hammatu waan ta'eef hanqinni yeroo, humana namaa fi barruulee, qulqullina qorannichaarratti dhiibbaa qabaachuu ni danda'a. Gama biraatiin qamoota daataan irra sassabamuuf yaadame hundaa argachuun waan hin danda'amneef daataa karoofame hunda hin sassabamne.

### **1.9. Mala Qorannoo**

Qorannoo kana gaggeessuuf malootni qorannoo akkamta fi hamamta walfaana hojjiirra ni oolu. Haaluma kanaanis, tooftawwan armaan gadii fayyadamuun daataan barbaachisan walitti kan qabaman ta'u:

- ✓ Bar-gaaffiiwwan /Questionnaire survey/
- ✓ Af-gaaffiiwwan / interviews/
- ✓ Seeroota, galmeewwanii fi barruulee adda addaa sakatta'uu
- ✓ Istaatiksii dhimmoota daldalaa seeraan alaa ibsan ilaaluu

Af-gaaffiin hoogantoota fi ogeessota qaamoolee haqaa akkasumas qaamoolee dhimma daldalaatiin walitti hidhata qaban waliin ni taasifama. Bar-gaaffiin, ogeessota qaamoolee haqaa irraa daataa funaanuuf kan oolu ta'a. seerotni, galmeewwanii fi barruuleen dhimma qorannoo

kanaa wajjiin rogummaa qaban ni sakattaa'amu. Haaluma wal-fakkaatuun, istaatiksii haala raawwii gocha daldala seeraan alaa naannoo keenyaa ibsuu danda'u ni ilaalama.

Iddowwan daataan irraa walitti qabamu ilaalchisee, bu'uura odeeffannoo Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaarraa argamee fi bakka dataan rogummaa qabu irraa walitti qabamuu danda'u jedhamanii yadaman godinaaleen saddeet mala iddaattoo kaayyeefata fayyadamuun filatamaniru. Malli filannoo anaalees mala iddattoo kaayyeefataa 'purposive sampling' fayyadamuun kan gaggeeffame dha.

Abbootiin seeraa , Abbootiin alangaa fi Poolisiin daldala seeraan alaa too'achuu keessatti gaheen isaanii ol'aana waan ta'eef akkasumas qaamooleen biroo filataman immoo hojii daldala dhimmoota adda addaa irratti gaggeefaman too'achuu irratti warra aangeefaman waan ta'eef rakkoolee naannoo kanatti muldhatuu qaamoolee dhiyeenyaan beekani jedhamanii amanamanii dha.

### **Qaamolee fi Iddowwan Daataan Irraa walitti qabame.**

#### **Qaamolee daataan irraa walitti qabame**

Abbaa Taayitaa Galiiwwanii fi Gumruukaa, Giddu-Gala Gabaa Oromiyaa,

Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, Koomishinii poolisii Oromiyaa, Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa, Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, fi Biiroo Qonna Oromiyaa

#### **Iddowwan daataan irraa walitti qabame**

##### **Sadarkaa Federaalaatti**

Abbaa Taayitaa Galiiwwanii fi Gumruukaa

##### **Sadarkaa Naannootti**

Mana Murtii Waliigala Oromiyaa (MMWO), Biiroo Haqaa Oromiyaa (BHO), Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa (BDMGO), Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa (BEFO), fi Biiroo Qonna Oromiyaa, Giddu-gala gabaa oomishaalee qonnaa Oromiyaa

##### **Sadarkaa Godinaatti**

Godina Booranaa, Godina Arsii Liixaa, Godina Baalee, Godina Jimma, Godina Wallaga

bahaa,Godina Wallaga lixaa,Godina Harargee bahaa,Godina addaa naannawa Finfinnee

**Aanaalee:**

Yaabeelloo, Mooyaalee, Shaashamannee, Arsii nageellee, Sinaanaa, Gobbaa, Jimmaa,  
sokorruu, Burrayyuu, Sabbataa, Haramaayaa, Baabbillee, Guutoo Giddaa, Diggaa, Gimbii,  
Najjoo

Gabateen armaan gadii qorannoo kana gaggeessuuf baay'ina daataa funaaname

kan agarsiisu dha.

| Lakk.          | Maloota daataan walitti qabamee | Hanga karoorfamee | Hanga raawwatame | Raawwii dhibbeentaan |
|----------------|---------------------------------|-------------------|------------------|----------------------|
| 1              | Af-gaaffii                      | 320               | 295              | 92.18%               |
| 2              | Bar-gaaffii                     | 225               | 211              | 93.77%               |
| 3              | Galmeewwan                      | 125               | 149              | 119.2%               |
| Waluma galatti |                                 | 670               | 655              | 97.76%               |

## BOQONNAA LAMA

### Ulaagaalee Seera Qabeessummaa Hojii Daldalaa Ibsaanii fi Gocha Hojii Daldala Seeraan Alaa

#### 2.1. Maalummaa hojii daldalaa fi gocha daldala seeraan alaa2

##### 2.1.1. Hojii Daldalaa

Maalummaa gochoota hojii daldala seeraan alaa hubachuu dura hojiiwwan hojii daldalaati jedhamanii seera keenya keessatti beekamtii argatan adda baasanii hubachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, seerri daldalaa<sup>33</sup> biyya keenyaa jecha ‘Daldalaa’ jedhutti kallattiin hiika itti hin kennu<sup>34</sup>; haa ta’u malee, haala hojii daldalaa seerichi tarreessee jirurraa kaanee hiikkoo seerichi daldalatti kennuu barbaade hubachuun ni danda’ama. Seerri daldalaa kwt 5 jalatti hojiiwwan daldalaa namni tokko yoo hojjete daldalaa ta’u tarreessee jira. Akka seera kanaatti, daldala jechuun galii argachuuf meeshaa bitanii akkuma jirutti yookaan bifa biraatti jijjiiranii gurguruu, kuusuu, mana kuusaa kireessuu, nama yookaan meeshaalee geejjibuu, albuuda baasuu, tajaajila tamsaasa raadiyoo yookaan talavizninaa hojjechuu, tajaajila baankii yookaan inshuraansii kennuu fi kkf hojii daldalaatti. Seera daldalaa kwt 5 jalatti kan tarreeffamanii ala hojiiwwan seerri akka hojii daldalaatti adda baasee kaa’u hojii daldalaa ta’uu akka danda’an yaada ka’umsaa ogeessi seericha caasessa barreessanirraa ni hubatama<sup>35</sup>. Haaluma wal-fakkaatuun, labsiileen adda addaa dhiyeenya labsaman hojiiwwan yookaan tataajilawwan biroo seerri akka hojii daldalaatti adda baase hojii daldalaa ta’uu akka danda’an tumanii jiru<sup>36</sup>. Fakkeenyaaf, tajaajila hojii barnootaa fi yaalaa kennuun akka hojii daldalaatti bakki itti fudhatamuu danda’u akka jiru ibsameera.

##### 2.1.2. Haalawwan hojiin daldalaa ittiin to’ataman

Biyyi keenya bara 1984 as sirna dinagdee gabaan gaggeeffamu hordofuurratti argamti.<sup>37</sup> Sirni dinagdee gabaan gaggeeffamu, sekterri dhuunfaa gabaa keessatti qooda olaanaa akka qabaatuu fi gabaanis sirna dorgommii biliisaan akka hoogganamu taasisa.<sup>38</sup> Haaluma kanaan, mootummaan qajeelfamootaa fi ulaagaalee hojiin daldalaa fi daldalootni ittiin gaggeeffaman baasuun

<sup>33</sup> Seera Daldalaa Itoophiyaa, 1952

<sup>34</sup> Seerichi namni hojii daldalaa hojjetu eenyu akka ta’e qofa waan ibsuuf (‘Subjective mode’ waan hordofuuf) kallattiin jecha daldala jedhutti hiikkoo hin laatne.

<sup>35</sup> Peter Winship, *Background Document Of The Ethiopian Commercial Code of 1960*, fuula 34;

<sup>36</sup> Fakkeenyaaf, labsii Labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa, lak 686/2002 kwt 2(3) ilaalaa

<sup>37</sup> Mulu gebreyesus, industrial policy and development in Ethiopia: evolution and present experiment, fuula 8

<sup>38</sup> Mulu gebreyesus, industrial policy and development in Ethiopia: evolution and present experiment, fuula 8



haalawwan gabaan ittiin hoogganu diriirsa. Haalota kanneen keessaa tokko ammoo seera hojiiwwan daldalaa bitan baasanii hojiiirra oolchuu fi qaamolee seericha raawwachiisan hundeessuun hojii keessa galchuu dha.<sup>39</sup> Seera-qabeessummaa fi seeraa-alummaa hojii daldalaa tokko qajeelfamootaa fi ulaagaalee seerotni hojii daldalaa bitan kanneen tumaniin kan gaggeeffamu ta'a.<sup>40</sup>

Haaluma kanaan, akka biyya keenyaatti hojiin daldalaa tokko seeraa ala gaggeeffamaa jiraa yookaan hin jiru jennee mirkaneessuuf, ulaagaalee seerri seera qabeessummaa hojii daldalaa tokko hundeessuuf tumee jiru sirriitti qulqulleessanii ilaaluun barbaachisaa dha.<sup>41</sup> Ulaagaaleen seera qabeessummaa hojii daldalaa tokko mirkaneessan gosa hojii sanaarratti hundaa'ee garagarummaa qabaachuu kan danda'u yoo ta'ellee ulaagaaleen akka waliigalaa fi heddumminaan hojiiirra oolaan baay'een isaanii armaan gaditti tarreeffamanii jiru.

- i. Namni hojii daldalaa hayyama barbaadu gaggeessuu kaayyeeffate kamiyyuu galmee daldalarratti galmeeffamuu qabu<sup>42</sup>. Biiron Daldala, Industirii fi Geejjiba yookaan ministeerri daldalaa daldaltoota (namoota uumamaa fi dhaabbilee daldaalaa) akka galmeessaniif aangoon kan kennameefii jira. Ministeerri, biiron ykn dameen isaa hojii galmeessuu raawwachuu isaatiin dura, kan galmeeffamu nama dhuunfaa miti yoo ta'e, maqaan galmaa'uuf dhiyaate kanaan dura daldaltoota birootiin qabamuu dhiisuu isaa mirkaneessa. Kana gochuufis, maqaa dhiyaate sana gara bakka maqaan daldaaltotaa biyya keenyaa hundaa galmaa'anii jiranitti- Ministeera Daldalaa fi Industriitti- erga. Ministeerichis gama isaatiin, maqaa sun sanaan dura daldaaltota biroon qabamuu isaa kompiteraan sakatta'a. Maqichi kan hin qabamne yoo ta'e, xalayaa kana ibsu Biiron dhaaf erga. Barreeffamni qabamuu dhabuu maqaa daldalaa dhiyaate ibsu qaama galmee daldalaa raawwatuuf yeroo dhiyaatu qaamni galmeessu sun immoo hojii galmeessuu raawwata.

Galmeeffamuu dhabuu maqaa daldalaa qulqulleessuu ilaalchisee, ijoon guddaan waa'ee dorgommii haqa-dhabeessaa (hojii daldala sirrii hin taanee)ti. Akka labsii galmeessaa fi

---

<sup>39</sup> Johan den Hertog, Review of economic theories of regulation, discussion paper series nr: 10-18, Utrecht school of economics, (2010), fuula 4 ( [http://www.uu.nl/sites/default/files/rebo\\_use\\_dp\\_2010\\_10-18.pdf](http://www.uu.nl/sites/default/files/rebo_use_dp_2010_10-18.pdf))

<sup>40</sup> INTERPOL, Office Of Legal Affairs, Countering Illicit Trade In Goods: A Guide For Policy Makers, legal hand book series, (2014), fuula 5 (Handbook%2520Series%2520ITG%2520EN%2520web.pdf&usg)

<sup>41</sup> World Health Organization, WHO Framework Convention On Tobacco Control (2003)

<sup>42</sup> Labsii galmeessa hojii daldalaa fi kenna hayyamaa lak 696/2002, lakk 12, kwt 6(1)

haayyama lakk 686/2002 kewt 24tti, qaamni galmee raawwatu maqaan daldala sanaan dura qabamuu dhiisuu qulqulleeffachuu qofa utuu hin ta'in, dorgommii haqa-dhabeessa (unfair competition (unlawful competition)) kan hin finne ta'usaa mirkaneessuu qaba. Maqaan tokko dorgommii haqa-dhabeessa fiduu kan danda'u namoota, keessumaa, maammiltoota daldalaa maqaa sana ykn maqaa sana wajjin wal-fakkaatu qabu kan dogoggorsiiisu yoo ta'ee dha. Dogoggorsummaan maqaas ijoowwan armaan gadii giddu-galeessa godhatamee qulqulleeffama:

- Maqaan galmeeffamuuf jedhu maqaa daldalaa dura galmeeffamee jiruu wajjin kan tokko hin taane ykn wal hin fakkaanne ta'usaa
- Duraan galmaa'ee kan hin jiraanne yoo ta'ellee, daldaloota biroo fi uummata kan hin dogoggorsine ta'uu dhabuusaa
- Maqaan galmeeffamuuf dhiyaate maqaa daldalaa duraan galmeeffamee jiruu wajjin yeroo dubbifamu sagalee wal-fakkaatu kennuu kan hin qabne ta'usaa
- Maqaa daldalaa duraan galmaa'ee jiruu fuul-duratti fufata hundeelsoo akkasumas booda maqichaatti fufata maayyii kan hin fufamne ta'uu dhabuu fi kkf qulqulleessuutu irraa eegama

Haaluma kanaan, waajjirichi gama isaatiin hanga danda'u erga qulqulleessee booda maqichi gaazaxaatti akka bahu taasisa<sup>43</sup>. Gaazaxaan maxxanfamee guyyaa kudha shan keessatti namni maqichi akka hin galmoofne mormu kan hin dhiyaanne yoo ta'e ykn sababa birootiif maqichi galmaa'uu kan hin qabne ta'uun kan hin murtoofne taanaan, qaamni galmeessu maqicha soneessuun abbaa maqaa sanaatiif waraqaa ragaa laata<sup>44</sup>. Maqaa daldalaa haala kanaan yeroo galmaa'u namni galmeeffate abbaa qabeenyaa maqichaa ta'a. Galmeen maqaa daldalaa erga raawwatee booda dorgomiin seeraa alaa kan dhalatu yoo ta'e dhimmi kun attamitti akka furamuu danda'u labsichi ifaan hin kaa'u. Akka seera daldalaa kewt 133 fi seera siviilii kewt 2057tti dorgommiin seeraa alaa kan dhufu daldalaan lammaffaan (dorgommiin seeraa alaa akka uumamu kan taasise) kun diqama isaa kan cabse yoo ta'ee dha. Akkasumas, dhimmi kun dhimma mirga daldalotaa miidhu waan ta'eef dhimma murtiidhaan furmaata argachuu qabuu dha. Kana taanaan immoo bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa kewt 37(1)tti dhimma mana murtiitti dhiyaachuu ni danda'a.

<sup>43</sup> Labsii galmeessa hojii daldalaa fi kenna hayyamaa lak 696/2002, kwt 27(4)

<sup>44</sup> Labsii galmeessa hojii daldalaa fi kenna hayyamaa lak 696/2002, kwt kwt 24

Bu'uura seera daldalaa kwt 22 fi labsii galmee fi hayyama daldalaa kwt 6tti namni utuu hin galmaa'iin hojii daldalaa hojjetu seera daldalaa waan cabseef gochi inni raawwataa jiru daldala seeraan alaati jedhamuu danda'a. Itti dabalees, waggaa waggaatti daldalaan tokko galmaa'uusaa haareffachuu qaba. Kanaafuu, namni utuu galmee daldalaarratti hin ga'maa'iin, galmeesaa utuu hin haaromfatiin yookaan ragaa sobaa dhiyeessuun kan galmaa'e ykn galmee kan haareffate yoo ta'e akkasumas murtiin hojii daldalaatti akka hin fufne dhorku kennamee utuu jiruu hojii daldalaa gaggeesse akka hojii daldalaa seeraan alaa raawwateetti fudhatamuun bu'uura labsii galmee fi hayyama daldalaa kwt 60(3)tti adabamuu danda'a.

- ii. Hojii daldalaa gaggeessuuf haal-dureewwan barbaachisan keessaa tokko gahumsa hojii seera duratti fudhatamummaa qabu hojjechuuf barbaachisu qabaachuun murteessaa dha. Fakkeenyaaf, namni umuriin gaheessa hin taane hojii daldalaa hojjechuu hin danda'u<sup>45</sup>. Haaluma wal-fakkaatuun, namni sababa rakkina sammuutiin yookaan murtii yakkaatiin hojii hawaasummaa hojjechuu hin danda'u jedhamee itti murtaa'e, akka dhimma isaatti, hojii daldalaa hojjechuurraa seeraan daangeffameera. Akka seera daldalaatti, namootni utuu umuriin 18 hin guutiin gahoomanillee, qaamni dhimmi ilaalu waa'ee daldala hojjechuu isaanii yoo mirkaneesse malee hojii daldalaa hojjechuu hin danda'an<sup>46</sup>. Namootni gaheessa hin ta'iin tumaa seeraa kana darbanii hojii daldalaa kan gaggeessan yoo ta'e hojii isaan raawwatan diigamuu akka danda'u seerri teechisee waan jiruuf<sup>47</sup>, hojiiwwan daldalaa namootni kanneen hojjetan, gochichi yakka ta'uu yoo baatellee, seeraa ala jechuun ni danda'ama.
- iii. Heerri Mootummaa RDFI kwt 41(1) lammiin Itoophiyaa kamiyyuu sochii dinagdee biyyaa keessatti hirmaachuu fi ittiin bulmaata isaatiif hojii kamiyyuu hojjechuu akka danda'u mirga gonfachiisee jira. Hima biraan, namni lammii Itoophiyaa hin taane tokko akka lammii tokkotti biyyattii keessatti hojii daldalaa hundarratti hirmaachuuf mirga akka hin qabne ni akeeka<sup>48</sup>. Haaluma kanaan, seerotni dhimmoota raawwii hojii daldalaa tuman tokko tokko lammiin biyya alaa hojii daldalaa muraasarratti hirmaachuu akka hin qabne tumanii jiru. Fakkeenyaaf, namni lammii biyya kanaa hin taanae daldala albuudota

<sup>45</sup> Seera Daldalaa, kwt 11(1), fi Seera Siivilii , kwt 199(3)

<sup>46</sup> Seera Daldalaa, kwt 13

<sup>47</sup> Miiljalee olii, kwt 11(2))

<sup>48</sup> Miiljalee olii, kwt 23(2) fi, kwt 373

gati-jabeenyii ta'an kan akka tantaaliyeemii, warqii fi kkf sadarkaa naannoo keessatti hirmaachuu hin danda'an<sup>49</sup>; akkasumas, namni lammii Itoophiyaa hin taane tokko beeyilada biyya keessatti daldaluu akka hin dandeenye labsiin daldala beeyiladootaa ni ibsa<sup>50</sup>. Kanaafuu, namni lammii Itoophiyaa hin taane tokko sibiila gati-jabeenyii yookaan beeyilada gabaa biyya keessatti kan daldalu yoota'e daldala seeraan alaa gaggeessaa jira jechuu waan ta'eef seeraan itti isa gaafachiisa.

- iv. Kara hayyamameen biyya seenuu yookaan biyyaa bahuu akkasumas daandii hayyamee qofarra geejjibamuu meeshaaleerratti hunda'uun daldalli tokko seera qabeessa ta'uu yookan ta'uu dhabuunsaa kan adda bahu ta'a. Labsiin Gumuruukaa kwt 6(1) akka tumutti meeshaaleen al-ergii (export), as-galii (import) fi daddarbii (transit) kara buufata doonii hayyamamee yookaan daandii gumuruukaan biyya alaa gara keessatti galuu akkasumas biyya keessaa gara biyya alatti bahuu qabu; meeshaaleen kanneen yeroo biyya seenaa jiranis ta'e biyyaa bahaa jiran daandii hayyamame qofarra geejjibamuu qabu. Kanaafuu, namni kamiyyuu meeshaalee al-ergii, as-galii fi daddarbii bakkaa fi kara hayyamame malee yoo seensise yookaan yoo baase akkasumas yoo geejjibe daldala seeraan alaa gaggeessaa jira jechuun ni danda'ama.
- v. Meeshaalee dhorkaman yookaan daangaan irra kaa'ame biyya alaa galchuu yookaan daldaluun gocha daldala seeraan alaa raawwachuudha. Kaffaltii barbaachisaa ta'e utuu hin kaffaliin meeshaa daldalaa tokko miliqsanii gabaa keessa galchuun gocha daldala seeraan alaati. Fakkeenyaaf, meeshaalee gara biyya keessatti akka hin galle dhorkamani fi meeshaalee daangaan irra kaa'ame akkasumas kaffaltii barbaachisaa ta'e utuu hin raawwatiin meeshaa biyya keessa galchani daldaluun seera cabsanii hojii daldalaa raawwachuu waan ta'uuf, daldala seeraan alaati jechuun ni danda'ama<sup>51</sup>.
- vi. Ulaagaalee seera qabeessumma daldalaa mirkaneessan keessaa tokko hayyama (license) hojii daldalaa qabaachuudha. Bu'uura Labsii Galmee fi Hayyama Daldalaa kwt 32(1)tti, namni tokko haayyama daldalaa utuu hin qabaatiin hojii daldalaa hojjechuu hin danda'u. Tokkoo tokkoo hojiin daldalaa ofdanda'e hayyama mataa isaatii kan barbaadu waan ta'eef namni hojiiwwan wal-fakkaataan yookaan walitti fufiinsa qaban hojjechuu

<sup>49</sup> Labsii Misoomaa guddina Albudota, lak 678/2010, kwt 11(3)(c)

<sup>50</sup> Labsii Beeyiladootaa, lak 819/2006, kwt 17(5)

<sup>51</sup> Miiljalee olii, lakk 17

barbaadu kamiyyuu hayyama hojii daldalaa hojiiwwan sanaa hundaaf gargaaru baasutu irraa eegama. Fakkeenyaaf, daldala bunaa keessatti hojiin buna qopheessuu, buna dhiyeessuu, buna kuusuu fi buna biyya alaatti erguu hojiiwwan walitti fufiinsa qabani fi wal-fakkaatiinsa qaban yoota'elless of danda'anii, namoota daldaloota ta'aniif, haayyama hojii daldalaa mata mataatti barbaadaniidha<sup>52</sup>. Hojii daldalaa akka waliigalaatti ilaalchisee, haayyama daldalaa kan kennu Biroo Daldala, Industrii fi Geejjibaa yoo ta'u hojiiwwan addumatti haayyama waajjira dhimmi ilaalu irraa ba'uun hojjetamanis jiru. Fakkeenyaaf, haayyamni hojii albuuda baasuu fi mana barumsaa dhaabuu qaama isaaniin hoogganu irraa kenname. Haayyamni al tokko kenname barabaraan kan tajaajilu miti. Haayyamni daldalaa waggaa waggaaatti haareffamuu qaba<sup>53</sup>. Haala kanaan, namni hayyama daldalaa utuu hin qabatiin, hayyama hojii daldalaa utuu hin haaromsiin itti hojjetu yookaan haayyama ragaa sobaarratti hundaa'ee baheen/haaromeen daldalu daldala seeraan alaa gaggeessaa jira jechuun ni danda'ama

- vii. Oomishaalee warshaa faayidaa nyaataa fi fayyaaf oolan utuu hayyama hin argatiin oomishuu fi gahumsa isaanii hin sakattaasisinii fi hin galmeessisiin gabaatti dhiyeessuun gocha daldala seeraan alaa keessa akka tokkotti fudhatamuu danda'a.<sup>54</sup> Dawwaan/qorichi biyya keessatti oomishaman yookaan biyya alaa gara biyya keessatti galan utuu hin galmeessisiin uummatni akka itti fayyadamuuf dhiyeessuun dhorkaadha.<sup>55</sup> Akkasumas, dawwaa ulaagaalee gahumsa qaamni dhimmi ilaalu baasee gadi ta'e gabaatti dhiyeessuun seeraan dhorkamee waan jiruuf<sup>56</sup>, oomishaalee gahumsa barbaadamuu gadi ta'an daldaluun daldala seeraan alaa akka raawwatanitti fudhatama.

## **2.2. Gocha Daldala Seeraan Alaa**

### **2.2.1. Maalummaa fi haalawwan gochi daldala seeraa alaa itti raawwatu**

Daldali seeraan alaa yaad-rimee dhimmoota hedduu of keessatti hammate ta'uu irraa kan ka'e hiikkoo wal-fakkaata tokko hin qabu. Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa jecha *daldala seeraan alaa* jedhuuf hiikkoo armaan gadii kenneera.

<sup>52</sup> Labsii to'annaa qulqullinaa fi gabaa bunaa, lak 602, kwt 6-10

<sup>53</sup> Miiljalee olii, lakk 9, kwt 36(5)

<sup>54</sup> Labsii nyaata, dawwaa fi eegumsa fayyaa to'achuuf bahe, labsii lak 661/2009, kwt 6 fi 13

<sup>55</sup> Miiljalee olii, kwt 7 fi 14

<sup>56</sup> Miiljalee olii, kwt 19(2)

*Any practice or conduct prohibited by law and which relates to production, shipment, possession, distribution, sales or purchase including any practice or conduct intended to facilitate such activity*<sup>57</sup> jechuun kaa'ee jira

Hiikkoo kana irraa hubachuun kan danda'amu daldalli seeraan alaa gocha ykn amala seeraan dhoorkame ta'ee oomishuu, geejibsiisuu, qabachuu, raabsuu, gurgurtaa ykn bittaaan kan walqabatuu akkasumsa gocha fi haala hojii akkanaa mijeessuuf yaaddaman hunda kan dabalatuu dha.

Gama biraatiin daldalli seeraan alaa sochii daldalaa gosa kamiyyuu ta'ee seera, dambii fi qajeelfamoota hayyamaa, sirna taaksii fi sirna biyyattiin daldala ittiin gaggeesitu, lammileef eegumsa taasiftu, haala jireenya hawaasa fi duudhaa naamusa ittiin hooggantu kamuu kan falleessuu jechuun kaasuun ni danda'ama.<sup>58</sup> Daldalli seeraan alaa oomishaalee fi tajaajiloota seeraan dhoorkamaniin daldalu akkasumas oomishaalee seera qabeessa ta'an karaa seeraan ala ta'een daldaluu of keessatti dabalata.<sup>59</sup>

Daldalli seeraan alaa maallaqa, meeshaa akkasumas bu'aa gocha seeraan alaa fi alnamusaawaa ta'an irraa argaman kan dabalatuu dha. Gochi kun namoota seeraan ala dadabarsuu, yakkoota eegumsa naannoo, seeraan ala qabeenya uumaman daldaluu, mirgoota kalaafa sammuu sarbuun gochoota rawwataman, oomishalee fayyaa fi nageenya hawaasa miidhaniin daldalu, qorichoota dhoorkamaniin akkasumas sochiiwwan maallaqaa seeraan alaa kan of-keessatti dabalatuu dha.<sup>60</sup>

Daldalli seera qabeessas ta'ee seeraan alaa kan gaggeefamuu bu'a barbaaduuf yammuu ta'u keessattuu daldalli seeraan alaa bu'aan gochicha kana irraa argamu isa seera qabeessaan gaggeefamu irraa ol'aanaa ta'ee yammuu argamuu dha. kana malees osoo adeemsii seera qabeessis baasii addaas qabaachuu baatee yammuu fedhiin omishaaf jiru isa dhiyesii seera qabeessa ol ta'ee argamu akkasumas yammuu fedhiin omishaalee seeraan dhoorkamaniif jiru

---

<sup>57</sup> National council for the administration of justice, enforcement manual to combat illicit trade in Kenya, (2014), [www.judiciary.go.ke/portal/assets/filemanager\\_uploads/download/enforcement-manual%202.compressed.pdf](http://www.judiciary.go.ke/portal/assets/filemanager_uploads/download/enforcement-manual%202.compressed.pdf) toora intarneetii gaafa guyyaa 10-02-08 ilaalame

<sup>58</sup> [www3.Weforum.org/docs/AM12/WEF-AM12-GAC-illicitTrade.pdf](http://www3.Weforum.org/docs/AM12/WEF-AM12-GAC-illicitTrade.pdf) toora intarneetii gaafa guyyaa 04-02-08 ilaalame

<sup>59</sup> Miiljalee olii, lakk 57, fuula 8

<sup>60</sup> Miiljalee olii, lakk 58

ol'aana ta'e uumamuu danda'a.<sup>61</sup> Daldalii seeraan alaa sochiiwwan daldala hedduu irratti kan raawwatamuu danda'u yammuu ta'u akka fakkeenyaatti.<sup>62</sup>

- ✓ Oomishaalee daangaa ceesisuu
- ✓ Mirga qabeenya kalaqa sammuu sarbuu
- ✓ Madallii fi safartuu seera qabeessa hin taaneen daldaluu
- ✓ Namootaan daldaluu
- ✓ Seeraan ala qabeenya uumamaan daldaluu
- ✓ Qoricha seeraan alaan daldaluu
- ✓ Oomishaalee qulqullini isaani sadarkaa gad ta'e,miidhaa dhaqabsiisanii akkasumas dhoorkamaniin daldaluu
- ✓ Seeraan ala meeshaalee waraanaan daldaluu
- ✓ Dadarbiinsa maallaqaa seeraan alaa
- ✓ Seeraan ala oomishuu
- ✓ Biqilttuwaniin,sanyii fi bineensootaan seeraan ala daldaluu caqasuun ni danda'ama

Daldalli seeraan alaa sochiiwwan daldalaa hedduu irratti kan rawwatamu yammuu ta'u akka waliigalaattii haaloota gurguddoo afuriin ibsamuu danda'a<sup>63</sup>

- i. Seeraan ala meeshaalee daldalaa daangaa ceesisuu (smuggling)
- ii. Fakkeessanii oomishuu, baayyisuu, oomisha sadarkaa gadii dhiyeessuu (counterfeiting,piracy and sub standard goods)
- iii. Oomisha ykn meeshaa dhoorkameen daldaluu(trade in prohibited goods or product)
- iv. Seeraan ala geejjibuu ( Transit fraud)

#### **I. Seeraan ala meeshaalee daldalaa daangaa ceesisuu (smuggling)**

Gocha daldalaa daangaa biyya tokkoo seeraan ala darbuudhaan raawwatamu yammuu ta'u kunis haaloota lamaan kan ibsamuu dha. kunis oomishni kan seeraan dhoorkame ta'uu baatus yammuu daldalli karaa seeraan alaan raawwatamuu fi yammuu oomishalee daldalli isaanii seeraan

---

<sup>61</sup> Illegal trade in environmentally sensitive goods: Executive summary, fuula 2 ([www.oecd.org/environment](http://www.oecd.org/environment) )

<sup>62</sup> Mil jalee olii, lakk 57, fuula 4

<sup>63</sup> Miiljalee olii, lakk 58

dhoorkameen daldalamuu dha. Fknf oomisha tokko osoo haala dureewwan barbaachisan hin guutin daanga biyya tokkoo dabarsanii gurguruu akkasumas oomishaalee akka kookeen, herooyiin ta'an gurgurtaaf dhiyeessuu kaasuun ni danda'ama.<sup>64</sup>

## **II. Fakkeessanii oomishuu, Baay'isuu, oomisha sadarkaa gadii dhiyeessuu (counterfeit, piracy sub standard goods)**

Oomishaalee haadhoo heeyyama abbaa malee fakkeessuun oomishuun dhiyeessuu akkasumas qabeenya bu'a kalaqa sammuu abbaa mirgaa osoo hin eeyyamsiisin bay'isuun fayyadamuu dha. Gochi kunnin baldhinnaan indastriiwwan kan miidhu yammuu ta'uu qulqullinni isaaniille gad-aanaa ta'uu waan danda'uuf hawaasa oomisha fayyadamu irratti miidhaa dhaqabsiisuu danda'a. Oomishaalee fakkeessanii oomishuu fi baay'isuun oomishaalee fayyadamtootni salphatti adda baasani qofa irratti kan daanga'u osoo hin taane isaannan adda baasuuf rakkisoo ta'an kan akka qorichaa, elektrooniiksii, oomishaalee nyaataa dabalata.<sup>65</sup>

## **III. Seeraa ala geejjibuu (transit fraud)**

Dabarsi seeraan alaa kan raawwatamu dhoorkiiwwan ykn daangaawwan daddabarsa irraati taasifaman kabajuu dhabuudhan akkasumas qajeelfamoota kanaan wal qabatanii jiran kabajuu dhabuu dhaan. kunis meesha gara biyya alaa bahuu karaa seeraan ala ta'een gabayaa biyya keessatiif akka oolu taasisuu ykn meeshaan adeemsa keessa jiru tokko iddoo yaadame osoo hin geenye miliqsuun akka dabarsa seeraan alaatti ilaalamuu danda'a.<sup>66</sup>

## **IV. Oomishaalee dhoorkaman fi daangeefaman daldaluu (trade in prohibited and restricted goods or products)**

Seeraan ala oomishaalee daldalaa daanga dabarsuun daldaluun waanti adda godhu daangaa biyyattii keessatti ta'ee oomishaalee akka daldalli irratti hin gaggeefamnee dhoorkamaniin daldala gaggeefamuu dha.<sup>67</sup> Akka seeraa biyya keenyattis yoo ilaallee oomisha akka xaa'oo uumamaa biyya alaattii gara biyya galchuun akka hin danda'amne akkasumas xaa'oo faalame haala kamiinuu gurguruu ykn gabaaf dhiyeessuu akka dhoorkaa ta'e ni ibsa.<sup>68</sup>

---

<sup>64</sup> Miiljalee olii, lakk 58, fuula 5

<sup>65</sup> Miiljalee olii, lakk 58

<sup>66</sup> Miiljalee olii, lakk 58, fuula 7

<sup>67</sup> Miiljalee olii lakk 58, fuula 8

<sup>68</sup> Labsii oomishaa fi daldala xaa'oo lak 137/91, kwt 14



### 2.2.2. Sabaaboota daldala seeraan alaa babal'isan

Daldalli seeraan alaa yaadrimee baldhaa fi sochiiwwan hedduu kan ofkeessatti qabudha. Kanarraa kan ka'e babaldhachuu daldala seeraan alaatiif sababoonni adda addaa hedduu caqasamuu danda'u kanneen keessaa.<sup>69</sup>

- ✓ Malaammaltummaa
- ✓ Hanqina rawwii
- ✓ Tarkaanfiiwwan fudhataman gahaa ta'uu dhabuu
- ✓ Seeroon gahaa fi hamayyawaa ta'an dhabamuu
- ✓ Hawaasni oomishni bitu kan sirri hin taane ossoo beekuu sababa gatiin gad-aanaa ta'eef qofa oomisha seeraan alaa fayyadamuu isaa
- ✓ Walitti dhufeenyii qaamoolee hirtaa fi tarsimoon ittisa daladala seeraan alaa biyyootaa fi naannoolee dadhabaa ta'uu
- ✓ Eegumsi daangaawwan irraa laafaa ta'uu
- ✓ Guddini qunamtii teeknoolojii daldala seeraan alaa daangaan akka hin murtoofne taasissee jira.

### 2.2.3. Miidhaawwan Daldala Seeraan Alaa

Bakka sirni seeraa cimaa fi dhaabbanii cimaan dhimmicha hoogganu hin jiretti daldalli seeraan alaa dabalaaf baldhacha kan deemuu dha.kun immoo humna mootummaan gocha seeraan alaa kana to'achuuf qabu akkasumas ol'aantummaa seeraa kan dadhabsiisuu dha.<sup>70</sup> kana malees daldalli seeraan alaa dhiibbaa hedduu biyyatti irratti qaba:-kunis.<sup>71</sup>

- ✓ Miidhaa diinagdee
- ✓ Fayyaa fi nageenyummaa hawaasaa
- ✓ Nageenya biyyatti miidha
- ✓ Eegumsa naannoo

#### i. Miidhaa diinagdee daldala seeraan alaa

Daldalli seeraan alaa mootummaan galii miliyoonootaan argachuu maluu akka dhabu taasisun dhaabbileen mootummaa maallaqa gahaa akka hin arganne taasisa Kun immoo ijaarsa bu'uuraalee mootumma irratti dhiibba mata isaa qabaata. Akkasumas dhaabbileen daldalaa seera

---

<sup>69</sup> Miiljalee olii, lakk 57

<sup>70</sup> Miiljalee olii, lakk 58, fuula 11

<sup>71</sup> Miiljalee olii

qabeessa ta'an bu'a argachuu malan akka hin arganne taasisa.kanarra kan ka'e dhabbileen hojii isaanii dhiisuuf dirqamuu danda'u.<sup>72</sup>

Daldalli seeraan alaa oomishaaleen fakkeefamanii oomishaman gatii gad-aanaan waan ta'eef bu'aan daldalootni seeraan alaa argatan baay'ee ol'aanadha.Gama biraatiin daldalootni kunniin meesha beeksisuuf baasiin addaa isaan baasan hin jiru dabalatanis oomishaalee sadarkaan isaan gad-bu'e oomishuun maqaa garii daldaloota seera qabeessa ta'an gocha miidhu waan ta'eef investimantiin akka hin jajjabanne taasisa.<sup>73</sup> Oomishaleen kalaqa sammuu salphamatti warabamanii karaa seeraan alaatiin waan daldalamaniif kalaqatootnii bu'a argachuu malan akka hin arganne waan taasisuuf fedhiin waa uumuu akka hin gabbanne godha.<sup>74</sup>

Akkasumas yoo gabaayaan oomishaalee seeraan alaatiin kan guutaman ta'ee oomishaaleen karaa seera qabeessaan kara biyyatti galan qoodni isaan gabayaa keessatti qaabatan gad-aanaa taasisa.kun immoo abbootiin qabeenya daldala alaa galchii irratti akka hin hirmaanne godha.Haasawa biraatiin dhaabbilee qabeenyaa kaapitaalaa fi humna namaa walitti fiduun gara hojitti kan galan waan ta'eef carraa hojii bal'aa kan uumanii dha.akkuma beekamu dhaabbileen kunnin itti fuufiinsa qabaachuuf hojii isaanii irraa bu'aa argachuun irra jiraata.garuu sababa oomishaalee seeraan ala daldalamaniif bu'aa argachuu malan osoo hin argatin waan hafaniif dhaabata cufuuf dirqamuu danda'u.kun immoo hoji dhabdummaan akka babal'atu taasisa.<sup>75</sup> Oomishaaleen seeraan ala gara biyyaa alaattii ergaman kan akka bunaa ,worqii,beeladaa immoo sharafa gama kanaan biyyattiin argachuu maltu akka hin arganne taasisa.

## **ii. Miidhaa fayyummaa fi nageenyummaa hawaasaa**

Daldalli seeraan alaa hawaasa oomishaalee qajeelfamoota fayyaa osoo hin eegne oomishamaniif saaxiluu danda'a. Kana jechuun bu'a qabeessummaa isaanii caala oomishaleen karaa seeraan alaatiin oomishaman galiwwan argaman jiddu galeessa godhatiin oomishaman waan ta'eef fayyaa hawaasa irratti miidha geessisuu, akkasumas du'aaf saaxiluu danda'u.<sup>76</sup> Keessattuu qorichoonni karaa seeraan alaatiin oomishaman makaa dogongora ta'e (wrong dose of active ingredient) ykn makaa barbaachisuu kan hin qabne ykn makaa addaa kan hammatan ta'uu

---

<sup>72</sup> Miiljalee olii, lakk 58, fuula 11-12

<sup>73</sup> Miiljalee olii

<sup>74</sup> Miiljalee olii, lakk 7

<sup>75</sup> Miiljalee olii, lakk 6, fuula 3

<sup>76</sup> Miiljalee olii, lakk 58, fuula 23

danda’u. Gama biraatiin oomishaleen karaa daldala seeraan alaatiin hawaasa dhaqaban duudhaa hawaasaa miidhuu kan danda’uu dha.fknf meeshaalee poornoograafii.<sup>77</sup>

### **iii. Dhiibbaa nageenya biyyattii irratti qabu**

Daldaltoonni seeraan alaa neetwoorkii isaanii babalifatuuf jecha bu’aawwan argatan garee yakkaa hundeessuuf waan itti fayyadamaniif kun immoo gochi yakkaa akka babal’atu taasisa.<sup>78</sup> Kanaan malees daldalli seeraan alaa meeshaalee waraanaas kan dabalatu waan ta’eef yakkoonni akka raawwatamaniif haala mijataa uuma kun immoo nageenya biyyattii irratti dhiibba qabaata.<sup>79</sup>

### **iv. Dhiibba eegumsa naannoo**

Oomishaaleen karaa seeraan alaatiin oomishaman qajeelfamoota seeran ta’aan kan hin kabajnee waan ta’uuf haalli oomishaa fi balfa ittiin dhabamsiisan naannoo irratti dhiibbaa guddaa qabaata.balfoonni fi keemikaloonni lakkifaman faalama qilleensaf gummacha guddaa qabaatu.fknf oomishaalee akka keemikaala kanneen haala naannoo miidhuu hin dandeennen dhabamsiisuuf rakkisaa ta’uu danda’a.<sup>80</sup>Dabalataanis daldalli seeraan alaa qaabeenya uumamaan seeraan ala daldaluu kan dabaltuu ta’uun isaa rakkoolee akka manca’a bosonaa akka uumamu taasisa.

#### **2.2.4. Maloota daldala seeraan alaa ittiin too’atan**

Daldala seeraan alaa tarsii moowwan adda addaa gargaaramuun qolachuun ni danda’ama.kanneen keessaa.<sup>81</sup>

- ✓ Duraan dursee amalaa fi baldhinni rakkinichi qabu hubachuu
- ✓ Dhimmoota ijoo daldala seeraan alaatiif haala mijataa uuman sakata’uu
- ✓ Seera bu’a qabeessa ta’e horachuu
- ✓ Sirna taaksii madaalawaa fi bu’a qabeessa ta’e uumuu
- ✓ Hubannoo hawaasaa gabbisuu
- ✓ Daldaltoota seera qabeessaa ta’an waliin walitti dhufeenya cimaa uumuu
- ✓ Raawwii too’anna daldala seeraan fooyyeessaa deemuu

---

<sup>77</sup> Miiljalee olii, lakk 6, fuula 4

<sup>78</sup> Miiljalee olii, lakk 58

<sup>79</sup> Miiljalee olii, lakk 57

<sup>80</sup> Miiljalee olii

<sup>81</sup> Miiljalee olii, lakk 7

## BOQOANNAA SADI

### Gocha Hojii Daldala Seeraan Alaa To'achuu Keessatti Gahee Qaamoleen Adda Addaa Qaban

#### 3.1. Gahee Hojii Qaamolee Haqaa ala jiranii

Qaamoleen daldala seeraan alaa to'achuu keessatti hirmaatan hedduudha. Akaakuu hojii daldalaa hojjetamurratti hundaa'ee seeraa alummaa hojii daldala mirkaneessuu keessatti qaamoleen qooda qabaatan garagarummaa qabaachuu danda'u. Haa ta'u malee, kanneen armaan gaditti eeraman adda-durummaa fi yeroo baay'ee qaamolee gocha daldala seeraan alaarratti tarkaanfii fudhataniidha.

- i. Biiron Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa, galmee daldala naannichaa ni hundeessa, daldaltootas ni galmeessa. Namoota hojii daldalaarratti bobba'uu barbaadaniif hayyama hojii daldalaa ni kenna, ni haarella, ni to'ata akkasumas namni hayyama argateen hojii hin malle hojjete yoo jiraate hayyamicha ni haqa<sup>82</sup>. Itti dabalees, sirna gabaa bunaa, saliixii, boloqqee fi kanneen biroo ni diriirsa. Kanaafuu, Biiron kun seerota hojii daldalaa to'achuuf bahan hojiirra ooluu isaanii mirkaneessuun hojiin daldala seeraan alaa akka hin raawwatamne ni to'ata. Tarkaanfii barbaachisaa ta'es ni fudhata<sup>83</sup>.
- ii. Biiron Barnootaa Oromiyaa qulqullina, gahumsaa fi sirrummaa barnoota naannoo oromiyaatti kennaman olaantummaan kan to'atuudha<sup>84</sup>. Haaluma kanaan, dhaabbilee barnootaa fi leenjiirratti bobba'uu barbaadaniif hayyama hojii daldalaa kennuun hojii isaanii sadarkaa barbaadamuun daldagaa jiraachuu qulqullessa. Ulaagaalee seerri dhimma kanarratti teechisee jiru cabsanii argamnaan tarkaanfii sirreeffamaa kan akka akeekkachiisaa fi hayyama haquu raawwata<sup>85</sup>.
- iii. Biiron Eegumsa Fayyaa Oromiyaa iddoo nyaataa, dhugaatii fi kanneen biroo itti oomishamu, qophaa'u fi kuufamu fayyaa namaa fi naannoo irratti miidhaa kan hin qaqqabsiifne ta'uu isaanii ni mirkaneessa, ni to'ata, qaama dhimmi ilaaluu wajjiin

---

<sup>82</sup> Labsii gahee hojii qaamolee raawwachiiftuu irra deebiin gurmeessu fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, lak 163/2003, kwt 26(4)

<sup>83</sup> Miiljalee olii, kwt 26(1)

<sup>84</sup> Miiljalee olii, kwt 20(1)

<sup>85</sup> Miiljalee olii, kwt 20 (9 fi 13)

tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata<sup>86</sup>. Akkasumas namoota buufata eegumsa fayyaa, labooratoorii, kiliniika fayyaa fi faarmaasii hundeessuu barbaadaniif hayyama hojii daldalaa ni kenna, bu'uura qajeelfama baheen hojjechuu isaan hordofuun gocha daldala seeraan alaa akka hin raawwane taasisa<sup>87</sup>.

- iv. Biiron Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaa qaamolee daldala seeraan alaa to'atan keessaa isa tokkoodha. Biiron kun qaamolee haqaa biroo wajjiin ta'uun olaantummaa seeraa mirkaneessuutti dabalee haala tamsa'inaa fi sochii meeshaalee waraanaa seeraan alaa itti to'atan ni karoorsa, hojiirras ni oolcha<sup>88</sup>.
- v. Biiron Bishaan, Albuudaa fi Inerjii hojiiwwan misooma bishaanii ilaalchisee gorsitoota, qaamolee hojii ijaarsa bishaanirratti bobba'anii fi meeshaalee bishaanii biyya kessa galchaniif haayyama gahumsa ogummaa ni kenna, ni hordofa, akkasumas ni haqa<sup>89</sup>. Namni kamiyyuu haayyama osoo hin qabaatiin misooma bishaan, albuudaa fi inerjii irratti akka hin bobbaane, daldala akka hin gaggeessine, bishaan akka hin gurgurre, lakkooftuu hanga bishaanii akka hin galchine ni to'ata akkasumas qaama qajeelfama darbee argamerratti tarkaanfii barbaachisaa ta'e hunda ni fudhata<sup>90</sup>.
- vi. Ejensii misoomaa fi eegumsa fayyaa beeyiladootaa Oromiyaa hojiiwwan daldalaa kana akka furdisa fi misooma beeyiladootaa akkasumas kallattii sochii daldala beeyiladootaa ilaalchisee sadarkaa gahumsa hojiiwwan kanneen baasuu fi ulaagaalee ka'amanii jiran yoo caban seeratti tarkaanfii barbaachisaa ta'e akka fudhatamu taasisaa<sup>91</sup>.
- vii. Hojiin meeshaalee yookaan namoota geejjibu hojii daldalaati. Qaamni hojiin tajaajila geejjibaa seeraan ala akka hin hojjetamne to'atu, tarkaanfii fudhatuu fi akka fudhatamu taasisu qaamolee daldala seeraan alaa to'atan keessaa isa tokkoodha jechuun ni danda'ama. Kanaafuu, Ejeensiin Geejjibaa Oromiyaa qaama daldala seeraan alaa to'atan keessatti ramadama.<sup>92</sup>

---

<sup>86</sup> Miijalee olii, kwt 21 (17)

<sup>87</sup> Miiljalee olii, kwt 21 (7)

<sup>88</sup> Miiljalee olii, kwt 23 (11 fi 4 )

<sup>89</sup> Miiljalee olii, kwt 24(6)

<sup>90</sup> Miiljalee olii, kwt 24 (15)

<sup>91</sup> Miiljalee armaan olii, kwt 44(7-8)

<sup>92</sup> Miiljalee olii, kwt 41(3)

## **3.2. Gocha daldala seeraan alaa to'achuu keessatti gahee hojii qaamolee haqaa**

### **3.2.1. Gahee hojii waajjira poolisii**

Poolisiin qaamolee hojii daldala seeraan alaa sakatta'uu, qabuu fi qorachuu keessatti gahee olaanaa qaban keessaa isa jalqabaati jechuun ni dana'ama.<sup>93</sup> Poolisiin gocha daldala seeraan alaa qoratee adda baasuu, maloota daldalli seeraan alaa itti raawwataman qulqulleessuu fi daandiiwwan akkasii tooftawwan duuchuu danda'an akeekuu, haala qaamoleen daldala seeraan alaa to'achuu keessatti gahee qaban waliin hojjetan adda baasuu, sochii maallaqaa to'achuu fi hojiiwwan kkf hojjechuun gocha daldala seeraan alaa to'ata.<sup>94</sup>

Poolisiin hojii daldala seeraan alaa dhabamsiisuu fi qooda fudhattootni gabaa kara seera qabeessaan hojii isaaniitti akka bobban gochuu keessatti gumaacha guddaa qaba.<sup>95</sup> Haaluma kanaanis, ogeessota to'annoo qulqullina meeshaalee daldalaa gaggeessan deeggaruu, tasgabbi gabaa eeguu, namoota hojii daldala seeraan alaarratti hirmaatan, hirmaachaa jiran yookaan hirmaachuuf qophii cimaa taasisaa jiran yoo argan yookaan eeruun isaan yoo gahe to'annoo jala oolchuu, dhimmicha qulqulleessuu fi gara seeraatti dhiyeessuu hojjechuu danda'u.<sup>96</sup>

Gocha daldala seeraan alaa qabuu fi qulqulleessuun hojii humna namaa fi mala qorannoo yakkaa cimaa fi hammayya'aa ta'e barbaaduu dha<sup>97</sup>. Fakkeenyaaf, gochi daldala seeraan alaa meeshaalee waraanaan deegaramee yookan/fi halkan waan raawwatuuf gocha kana to'annoo jala oolchuun human guddaa gaafata.<sup>98</sup> Akka Naannoo keenyaattis, yeroo baay'ee, meeshaaleen daldalaa kan akka bunaa, saliixaa, beeyiladootaa fi kkf halkan seeraa ala waan geejjibamaniif gochoota kanneen to'annoo jala oolchuun humana dabalataa kan barbaaduu dha. Itti dabalees, daldala ulaagaalee qulqullinaa seeraan ka'aman cabsanii daldalaman, kan akka qorichaa fi

---

<sup>93</sup> Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, kwt 9; Hojii daldala seeraan alaa to'achuu, qabuu fi qulqulleessuu keessatti qaamoleen gahee qaban hedduu ta'uu ni danda'u, akka dhimma isaatti. Gama kanaa, biiroo daldalaa fi misooma gabaa, biiroo qonnaa, waajjira poolisii fi kkf hirtaa guddaa qabu. Fakkeenyaaf, biiroon qonnaa gurgurtaan buna gabaa sadarkaa tokkoffaa, oomishaa fi qophii bunaa, geejjiba bunaa, fi buna gabaa biyya keessatti gurguramu bu'uura tumaa seeraatiin gaggeeffamaa jiraachuu isaanii qaama to'atanii fi qulqulleessanii dha (dambii to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa federaalaa, lakk 159/2001, kwt 20)

<sup>94</sup> INTERPOL Office Of Legal Affairs, Countering Illicit Trade In Goods: A Guide For Policy Makers, legal hand book series, (2014), fuula 215

<sup>95</sup> Qajeelfama Koree Deeggarsa Misooma Oomishaalee Eksipoortii Naannoo Oromiyaa, (Waxabajjii, 2006),lakkoofsa 6.1.5

<sup>96</sup> Dambii sirna to'annaa qulqullinaa fi gabaa bunaa, dambii lakk 159/2001, kwt 23(2); Qajeelfama Koree Deeggarsa Misooma Oomishaalee Eksipoortii Naannoo Oromiyaa, (Waxabajjii, 2006),lakkoofsa 6.1.5

<sup>97</sup> Miiljalee olii, lakk 48, fuula 15

<sup>98</sup> Interpol Office Of Legal Affairs, Countering Illicit Trade In Goods: A Guide For Policy Makers, legal hand book series, (2014), fuula 7

nyaata qulqullina hin qabnee qulqulleessuu, hojii ogummaa gahumsa qabuu fi meeshaalee ammayyaawwaa ta'e gaafatuu dha. Kanaafuu, biyyoota tokko tokko keessatti waajjirri poolisii garee poolisoota hojii kanneen hojjechuuf humnaa fi tooftaalee adda addaan gahooman hundeessanii jiru. Fakkeenyaaf, biyya Ameerikaatti waajjira poolisii keessatti gareen baalaa fi qoricha sammuu namaa adoochanii to'atuu fi qulqulleessu qofatti hundeeffamee jira<sup>99</sup>. Gareen poolisootaa kanneen adda durummaan gocha daldala seeraan alaa irratti kan xiyyeeffatan, uummata bal'aa dhimma kana saaxiluu danda'uu wajjiin itti dhiyeenyaan kan hojjetanii fi meeshaalee hammayyaawwaa fi ogummaa gahaa dhimma daldala seeraan alaa qorachuuf gargaaran kan qabanii dha.

Hojiin gocha daldala seeraan alaa to'achuu, deeggarsa hawaasa bal'aan alatti galma gahuu hin danda'u.<sup>100</sup> Namootni hojii daldala seeraan alaa keessatti hirmaatan hawaasa bal'aa wajjiin wal-bira qabamanii yoo ilaalaman lakkoofsaan baay'ee gadi aanaa waan ta'aniif, hawaasni tumsa barbaachisaa taasifnaan gocha kana qabuu fi qulqulleessuun poolisiif ni salphata. Kanaafuu, poolisiin hawaasni si'oomee gochi daldala seeraan alaa fayyummaa, nageenyaa, dinagdee fi siyaasa isaarratti miidhaa geessisu akka saaxiluu fi deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda akka raawwatu gochuu qaba.

Hawaasni hanga bal'ina gocha daldala seeraan alaa hubachuu fi dandii isaa saaxiluun gochi daldala seeraan alaa akka saaxilamu taasisa. Kanaaf, labsiileen dhimma daldala seeraan alaa to'achuu ilaalchisanii bahan hundi hawaasni gocha daldala seeraan alaa raawwatame, raawwatamaa jiruu fi raawwatamuuf jedhu poolisii ykn qaama dhimmi ilaallatutti eeruu kennuutu irraa eegama. Haaluma kanaanis, seerotni gocha daldala seeraan alaa to'achuuf bahan hirmaannaa uummataa cimsuuf tooftaalee adda addaatti fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e teechisanii jiru. Fakkeenyaaf, namni hundumtuu daldalli seeraan ala buna, saliixa, beeyiladaa fi kkf irratti gaggeeffamaa jiraachuu hubannaan qaama dhimmi ilaalutti eeruu kennuu qabu<sup>101</sup>; eeruu isaa kana ammoo barreeffamaan kan kennee fi bu'uuruma sanaanis bunni yookaan beeyiladni seeraan ala daldalamaa jiru yoo qabame maallaqa akka argatuuf seerri onnachiiftuu kaa'ee jira<sup>102</sup>. Itti dabalees, labsiileen tokko tokko hawaasni dirqama gocha daldala seeraan alaa

---

<sup>99</sup> Mark H. Moore and Mark A.R. Kleiman, *Perspectives On Policing, The Police And Drug: Harvard University, The Criminal Justice Policy And Management*, (1989), fuula 3

<sup>100</sup> Miiljalee olii, fuula 3; fi miiljalee olii, lakk 31, fuula 16-17

<sup>101</sup> Miiljalee olii, lakk 90, kwt 23(2)

<sup>102</sup> Miiljalee olii, kwt 21; Dambii haala bittaa-gurgurtaa beeyiladootaa, dambii lakk 341/2007, kwt 18(2)

beeksisuu qabutti dabalani tarkaanfii barbaachisaa ta'e kan biroollee fudhachuu akka qabu akeekanii jiru.<sup>103</sup>

Gabaa meeshaaleen daldalli seeraan alaa irratti raawwatame keessatti daldalaman xiqqeessuu fi uummatni meeshaalee kanneenitti fayyadamuurra akka of-qusattu barsiisuun daldalli seeraan alaa akka xiqqaatu gochuu keessatti bu'aa guddaa qaba<sup>104</sup>. Yaadni kun bu'aa gaarii akka agarsiisuuf poolisiin gabaa meeshaaleen kanneen itti daldalamani fi namoota itti fayyadamuu barbarbaadan qulqulleessuun irratti hojjechuun barbaachisaa dha. Meeshaaleen daldalaa bakka itti daldalamuu qabanii alatti akka hin daldalamnetti, poolisii fi to'attootni meeshaalee daldalaa akka bunaa, saliixaa, beeyiladaa fi kkf to'atan dhimma kana xiyyeeffannoon yoo hordofan gochi hojii daldala seeraan alaa akka xiqqaatu ni taasifama.

Daldala seeraan alaa to'achuuf labiilee, dambiilee fi qajeelfamoota bahanii hojiirra oolan hedduu waan ta'aniif, hojii gocha daldala seeraan alaa qabuu fi qorachuu raawwachuuf poolisootni tumaalee seerota kanneen irratti hubannoo gahaa qabaachuun barbaachisaa dha. Itti dabalees, haala ciraa itti ol-kaa'an (qaban), akka ragaatti dhiyeessanii fi akka gurguraman/dhabamsiifaman gochurratti dandeettii poolisootni gama kanaan qaban dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu dha. Dhimma kanarratti poolisoota gahoomsuun akkuma jirutti ta'ee gocha daldala seeraan alaa qorachuu fi seeratti dhiyeessuun wal-qabatee abbootii alangaa wajjiin qindoominaan hojjechuun gaarii dha. Dhimma kanarratti, bu'uura JBAHtiin poolisii fi abbaan alangaa waliin eeruu fudhuu, gamee qorachuu, ragoota dubbisuu, mirga wabiirratti murteessuu, ciraa ol'kaa'uu fi murtii irratti kennuurratti waliin xiyyeeffannoon hojjechuun barbaachisaa dha.<sup>105</sup> Gama biraan, ragaa walitti qabuu fi nama gocha daldala seeraan alaa raawwate jedhamee shakkamu to'annoo jala oolchuun wal-qabatee poolisiin tumsa guddaa mana murtiirraa barbaada. Tumsi kunis utuu ragaa walitti hin qabiin yookaan nama shakkame to'annoo jala hin oolchiin, fi hojjiwwan kenneen erga raawwatamani booda taasifamuu danda'a<sup>106</sup>.

---

<sup>103</sup> Labsii Seeraa Ala Namoota Daddabarsuu Fi Godaantota Daangaa Ceesisuu Ittisuu fi To'achuuf Bahe, Labsii Lak 909/2007, kwt 16(1)

<sup>104</sup> Miiljalee olii, lakk 90, fuula 4

<sup>105</sup> Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii, Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Irra Deebiin Fooyya'e, Amajji 2006, fuula 14

<sup>106</sup> Miljalee olii, lakk 92, kwt 18



Gocha daldala seeraan alaa qorachuu keessatti rakkoon gama qaamolee gocha daldala seeraan alaa to'ataniin mul'atu hedduu dha. Isaanis, rakkoo hanqina humna namaa, rakkoo gurmaa'insa/caaseffama waajjira poolisii, hirmaannaa gahaa taasisuu dhabuu ragoolee fi hawaasa bal'aa, rakkoo aangotti seeraa ala fayyadamuu fi malaammaltummaa akka fakkeenyaatti caqasuun ni danda'ama<sup>107</sup>. Alnaamusummaan gama to'attootaa fi qorattoota gocha kanaatiin mul'atu gocha tattaaffii daldala seeraan alaa to'annoo jala oolchuu gufachiisan keessaa isa guddaa tokko waan ta'eef amala kanneen dhabamsiisurratti hojjechuun barbaachisaa dha. Akka Biyyaa fi Naannoo keenyaattis rakkoon al-naamusummaa ogeessota qaamolee haqaa biratti akka mul'atuu, fi hanqinni naamusaa kun ammoo bu'a-qabeessummaa kenniinsa tajaajila haqaaatti akka hudhaa tokkootti kan fudhatamu ta'uu barreeffamni damee haqaa dadamaqsuuf bara kana barreeffame tokko ni ibsa.<sup>108</sup>

### 3.2.2. Gahee Hojii Waajjira Haqaa

Biiron Haqaa yakka raawwatame, gocha faayidaa hawaasaa fi mootummaa miidhu, kanneen haala addaatiin qaamoolee biraatiif kennamaniin ala jiran, poolisii waliin ta'uun qulqullessee seeratti dhiyeessa.<sup>109</sup> Gochoota yakkaa faayidaa hawaasaa fi mootummaa miidhan keessaa tokko ammoo gocha daldala seeraan alaati.<sup>110</sup> Kanaafuu, waajjirri haqaa hojiiwwan daldalaa tumaalee seeraa cabsuun raaawwataman qulqulleessuu fi seeratti dhiyeessuu keessatti gahee daraan olaanaa ta'e qaba. Haaluma addaan, hojiiwwan daldala seeraan alaa meeshaalee daldalaa al-ergii (export items) irratti raawwataman qulqulleessee seeratti dhiyeessuun murtii atattamaa akka argatu qaama taasisuu dha.<sup>111</sup>

Bu'uura seera adeemsa falmii yakkaatiin, abbaan alangaa hojii gocha daldala seeraan alaa qabuu, ragaa walitti qabuu, madaaluu fi qulqulleessuu bu'uura seeraatiin akka raawwatamutti, hordofii fi qajeelfama barabachisaa ta'e hunda poolisiif kenna.<sup>112</sup> Hima biraan, qorannoo gocha daldala seeraa alaarratti gaggeeffamu ilaalchisee abbaan alangaa dhimma dursa argachuu qabu adda baasuu, qajeelfama hojii qorannichaa gaggeessu kennuu, barbaachisaa ta'ee yoo argame poolisii harkaa fuudhaa qorannoo gaggeessuu fi poolisii waliin ta'uun dhimma kanarratti hojii

<sup>107</sup> Miiljalee olii, lakk 88, fuula 2

<sup>108</sup> Sanada Ka'umsa Warraaqsa Bulchiinsa Gaarii Sektera Haqaa Itoophiyaa, (Fulbaana 2008), fuula 12-22

<sup>109</sup> Miiljalee olii, lakk 73, kwt 22

<sup>110</sup> Fakkeenyaaf, Seera Yakkaa DRFI, kwt 244-248, 863-865, 831, 525-536 fi kkf ilaala

<sup>111</sup> Miiljalee olii, lakk 85, kwt 6.1.4

<sup>112</sup> Seera deemsa falmii yakkaa, kwt 8(2)

qorannoo yakkaa kan raawwatu ta'a.<sup>113</sup> Haaluma kanaan, haala qajeeltoo JBAHtiin abbaan alangaa fi poolisiin hojii eeruu fuudhuu, raga-baatota dhiyeessuu, ragaa fuudhuu, mirga wabii fi ciraa irratti murtii kennuu, fi ragaa xiinxaluu waliin hojjechuun gocha daldala seeraan alaa to'achuu keessatti hirmaatu jechuun ni danda'ama.<sup>114</sup>

Haalawwan abbaan alangaa qorannoo yakkaa poolisii waliin akka gaggeessu akeekan keessaa tokko, wal-xaxoo ta'uu dhimmoota qorannoon irratti gaggeeffamaa jiruu dha<sup>115</sup>. Yakki hojii daldalaarratti raawwatu yeroo baay'ee, gama raawwwii isaa adda baasuu fi tumaalee seeraan wal-simsiisuun wal-qabatee jiru, wal-xaxaa waan ta'eef, qorannoo yakkaa tumsa abbaa alangaa haala addaatiin barbaada. Haaluma wal-fakkaatuun, abbaan alangaa qorannoo yakkaa poolisii waliin gaggeessuu kan eegale dhimmoota yakkaa daldala seeraan alaarratti gaggeeffamaniin wal-qabateetti jechuun ni dnda'ama. Fakkeenyaaf, Biyya Ameerikaatti, abbaan alangaa qorannoo yakkaa poolisii waliin ta'ee bifa gurmaa'insa qabuun itti adeemuu kan eegale hojii qorannoo yakka daldala seeraan alaa dawwaa (qoricha) ilaalchisee gaggeeffamurratti ture.<sup>116</sup> Kanaafuu, dhimma daldala seeraan alaa qorachuu keessatti, jechuunis hojii ragaa funaanuu, ragaa madaaluu fi mirga himatamaarratti murtii kennuu keessatti gaheen abbaa alangaa guddaa dha.

Gocha daldala seeraan alaa to'achuu keessatti hojii abbaan alangaa hojjetu keessaa adda durummaan kan caqasamu tokko gocha daldala seeraan alaa raawwatame seeraan wal-simsiisani himannaa dhiyeessuu dha.<sup>117</sup> Aangoon kun himannaa dhiyeessuu, mana murtiitti dhaabatani fulmuu, himannaa dhiyaate kaasuu, ol'iyyannoo fudhachuu fi raawwii isaa hordofuu hammachuu danda'a.<sup>118</sup> Itti dabalees, seerri kallattii kan kaa'e yoo ta'e, utuu himannaa mana murtiitti hin baniin dura shakkamaa ragaa barbaachisaa ta'e hunda kenne himannaa

---

<sup>113</sup> Peter J.P. Jak, The Relationship Between Public Prosecutors And The Police In The Member States Of The Council Of Europe, *Conference of prosecutors general of Europe 6<sup>th</sup> session*, May 2005, fuula 2-4

<sup>114</sup> Labsii qaamolee raawwachiiftuu irra deebi'in gurmeessuu fi gahee hojii isanii murteessuuf bahe, labsii lakk 163/2003, kwt 22(19); Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii, Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Irra Deebiin Fooyya'e, Amajji 2006, fuula 14

<sup>115</sup> Despina Kyprianou, *Comparative Analysis Of Prosecution Systems (Part II): The Role Of Prosecution Services In Investigation And Prosecution Principles And Policies*, fuula 4

<sup>116</sup> John Buchanan, *Police Prosecutor Teams: Innovations In Several Jurisdiction*, National Institute Of Justice, Research In Action, (1989), Fuula 2

<sup>117</sup> Miiljalee olii, lakk 73, kwt 22(19);

<sup>118</sup> Evena Chan, *The Decision To Investigate And Prosecute In China, Hong Kong*, (2006), fuula 3

keessaa guututti yookaan gamsaan bilisa gaggeessuu akka danda’u seerri aangoo kenneefii jira.<sup>119</sup>

Hojii daldalaa tokko seeraa ala jedhanii adda baasanii himannaa dhiyeessuuf labsii, dambii fi qajeelfama adda addaa ilaaluu fi qajeeltoo seera yakkaa fi adeemsa falmii yakkaa sirriitti hubachuu barbaachisa. Kanaafuu, abbaan alangaa gocha daldala tokko seeraa ala raawwatameera jedhanii seeratti dhiyeessuu seera daldalaa fi seera yakkaarratti hubannoo gahaa qabaachuu qabu jechuun ni danda’ama. Itti dabalees, mana murtiitti dhaabatanii falmii gaggeessuu fi ol’iyyannoo fudhachuuf seera falmii yakkaa fi seera ragaarratti gahumsa gaarii qabaachuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaanis, waajjirri haqaa namni seera cabsu akka adabamu gochuun ol’aantummaan seeraa akka kabajamu taasisu.<sup>120</sup>

Daldala seeraan alaa to’achuu keessatti gahee hojii abbaan alangaa qabu tokko meeshaalee daldalli seeraan alaa utuu ittiin gaggeeffamaa jiru qabame-ciraa- irratti murtii dabarsuu dha.<sup>121</sup> Murtiin dhimma kanarratti kennamus haala ol kaa’uu, akka ragaatti dhiyeessuu fi akka dhabamsiifamu yookaan akka gurguramu murteessuu of-keessatti qabachuu danda’a. Murtiiwwan ijoowwan kanneen irratti kennaman guutummaa falmii dhimma daldala seeraan alaarratti gaggeeffamaa jiru irratti akkasumas mirga nama qabeenyaan harkaa qabamee fi kaayyoo to’annaa gocha daldala seeraan alaarratti miidhaa kallattii fi al-kallattii qaqqabsiisuu danda’a. Kanaafuu, dhimmi ciraa irratti murtii dabarsuu fi haala murtichaan raawwachuu to’annoo daldala seeraan alaa keessatti dhimma ijoo guddaa dha.

Walumaagala, gochawwan daldala seeraa alaa to’achuu keessatti gahee abbootiin alangaa qaban daran cimsuuf ijoowwan gurguddoo sadan armaan gadiirratti dandeettii gahaa qabaachuutu irraa eegama.<sup>122</sup>

- Dandeettii ragaa rogummaa qaban dhiyeessuu fi amansiisuu
- Dandeettii haalota itti-fufiinsa falmii adda kutuu danda’an ittisuu qabaachuu

---

<sup>119</sup> Labsii Seeraa Ala Namoota Daddabarsuu Fi Godaantota Daangaa Ceesisuu Ittisuu fi To’achuuf Bahe, Labsii Lak 909/2007, kwt 23(1)

<sup>120</sup> James Hamilton, The Role Of Puplic Prosecutors In Upholding The Rule Of Law In Ireland, (2008), fuula 16

<sup>121</sup> Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii, Jijjiirama Bu’uura Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Irra Deebiin Fooyya’e, Amajji 2006, fuula 14

<sup>122</sup> INTERPOL, Ofiice Of Legal Affairs, Countering Illicit Trade In Goods: A Guide For Policy Makers, legal hand book series, (2014), fuula 169

- Dandeettii yeroo fi qabeenya muraasaan falmiiwwan gocha daldala seeraan alaa baay'ee keessummeessuu danda'an qabaachuu dha.

### 3.2.3. Gahee Hojii Mana Murtii

Manni murtii qaamolee hojii daldala seeraan alaa to'achuu keessaatti gumaacha guddaa gumaatuu danda'an keessaa isaa guddaa tokkoo dha. Hojiin daldala seeraan alaa gocha duudhaa fi fayyummaa hawaasaa, dinagdee biyyaa fi cirraa hojii argachuu namootaa kan miidhu waan ta'eef, dhimma murtii si'oomina qabuu fi barsiisaa ta'e kennuu gaafatuu dha. Gocha daldala seeraan alaa to'achuu keessatti manni murtii kallattii adda addaan murtii kennuu ni dadna'a. Isaanis, tokkoffaan, dhimma ragaa walitti qabuu fi shakkamaa dursanii to'annoo jala oolchuun wal-qabatuudha. Manni murtii adeemsi falmii dhimma yakkaa tokko haala barbaadamuun akka adeemuuf akkasumas haqa mirkaneessuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame gaaffii waraqaa sakatta'iinsaa poolisiin gaafatutti murtii atattamaa kan kennu ta'a.<sup>123</sup> Jecha amantaa fi waakkii shakkamaa fuudhuunis ragaan barbaachisaa ta'e qindaa'ee akka taa'u gochuu keessattis manni murtii gumaacha guddaa taasisa.<sup>124</sup>

Gocha daldala seeraan alaa to'achuu ilaalchisee adeemsa ragaa walitti qabuu keessatti mirgi namaa akka hin sarbamnee fi olaantummaan seeraa akka hin cabnetti hojii poolisiin gama kanaan hojjetu to'achuu keessatti manni murtii hojii guddaa hojjeta. To'annaan kunis poolisiin utuu manaa fi nama hin sakatta'iin yookaan shakkamaa hin qabinii, fi erga poolisiin hojjiwwan kenneen hojjetee boda ta'uu danda'a. Aangoo to'annaa kanas manni murtii bu'uura seera adeemsa falmii yakkaa fi seerota addaa dhimma daldala adda addaa bittan irraa gonfachuu danda'a.<sup>125</sup>

Itti dabalees, murtii/tarkaanfii qaamoleen raawwachiiftuu namoota daldala seeraan alaa

raawwatan jedhaman irratti fudhatan bu'uura seerri ajajuun kennamuusaa manni murtii madaaluun, olaantummaan seeraa mirkanaa'aa akka deemu taasisa. Fakkeenyaaf, beeyilada bakka furdisaa fi bakka tursiisaatti gochi seeraan alaa irratti raawwatame yookaan seeraa ala utuu geejjibamaa jiru qabamee to'attootaa beeyiladaa yookaan to'attootaa fi biiroo daldalaa fi misooma gabaan murtiin irratti kan kenname yoo ta'e, qaamni dhimmi ilaalu murtii kanarratti

---

<sup>123</sup> Seera adeemsa falmii yakkaa Itoophiyaa, k wt 33(1)

<sup>124</sup> Miiljalee olii, k wt 35

<sup>125</sup> Miiljalee olii, lakk 108, kwt 18 (1(c)) fi 18(2)

ol'iyannoo mana murtiitti fudhachuu danda'a.<sup>126</sup> Manni murtiis tarkaanfii/murtii qaamni raawwachiiftuu fudhate kun haala seerri ajajuun kan fudhatame ta'uusaa adda baasuun to'annaan gocha daldala seeraan alaarratti taasifamu, seerarratti hundaa'ee akka gaggeeffamu mirkaneessaa adeemuu keessatti gahee guddaa taphata jechuu dha.

Dhimma daldala seeraan alaa ilaalchisee himannaan kallattiin gara mana murtiitti dhiyaatu hedduu dha. Baay'een isaanii garuu dhimma yakkaa wajjiin wal-qabatu. Isaanis, gocha daldala seeraan alaa raawwate, raawwachaa jiruu yookaan raawwachuuf jedhu tokko bu'uura seera yakkaa FDRI yookaan labiilee rogummaa qaban kan biroo irratti hundaa'uun ta'uu danda'a. Manni murtii himannaa dhiyaatu kana haal si'oomina qabuu fi barsiisuu danda'uun murtii itti kennuutu irraa eegama.<sup>127</sup> Haaluma kanaan, manni murtii dhimmoota daldala seeraan alaan wal-qabatan irratti murtii madaalawaa, saffisaa, iftoomina qabuu fi dhaqabamaa ta'e kennuun, dinagdee, nageenyaa fi tasgabii biyyaa mirkaneessuu cinatti mirgaa fi dantaa hawaasaa akka hin miidhamne taasisaa adeemutu irra jira<sup>128</sup>.

---

<sup>126</sup> Dambii bittaa-gurgutaa beeyiladootaa, dambii lak 341/2007, kwt19 (4); Bifuma wal-fakkaatuun, buna seeraan ala qabeme irratti murtii qaama raawwachiiftuun fudhatamu manni murtii olaanaa murticha irra deebi'ee ilaaluun murtii dhumaa dhimmicharratti kennuuf aangoo qaba. (dambii to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa, lakk 159/2001, kwt 22(3))

<sup>127</sup> Gocha daldala seeraan alaarratti murtiin kennamu hanga danda'amaa ta'etti saffisaa ta'uu akka qabuu fi murtiin kennamu kunis mana murtii idilee murtii kennamu ta'uu, qajeelfamni koree deeggarsa misooma oomishaalee eksipoortii naannoo orimiyaa, (waxabajjii 2006) bahe lakkoofsa 6.1.4. irratti ni akeeka.

<sup>128</sup> Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra-Deebiin Hundeessuuf Bahe, lak 141/2000, kwt 3 fi seensa labsichaa

## BOQONNAA AFUR

### **Yakka Daldala Seeraan Ala Qabuu, Qulqulleessuu fi Himachuu**

Daldalli seeraan alaa dinaagdee biyyaa tokkoo irratti kallattii hedduun miidhaa akka dhaqabsiisuu danda’u fi gocha kana immoo sirna qabsiisuu keessatti gaheen qaamoolee haqaa ol’aanaa akka ta’e boqonnaa dabree keessatti ilaaltee jira. Boqonnaa kana keessatti immoo gocha daldala seeraan alaa kana qabuu, yakkoota kanneen qorachuu fi himannaa hundeessuun wal-qabatee qaamooleen haqa naannoo keenya maal akka fakkaatan fi rakkoolee calaqisan irratti qabxiilee murteessoo ta’an kaasuun ilaaluuf yaalla.

#### **4.1. Yakka daldala seeraan alaa qabuu**

Hojiin daldala seeraan alaa too’achuu seeraan qaamoolee mootummaa adda addaatiif kan kenamee dha<sup>129</sup>. Haala bu’a qabeessa ta’een daldala seeraan alaa too’achuuf immoo qindoomina ol’aanaa qaamoolee kanaa kan barbaaduu dha. Haa ta’uu malee waajjirraaleen akka waliigalatti gahee daldala too’achuun qaamoolee badii raawwatan akka seeratti dhiyaatani tarkaanfiin seeraa irratti fudhatamu taasisuu qaban hojiiwwan gama kanaan hojjachaa jiran laafaa akka ta’e namoonni af-gaaffiin waliin taasifame ni ibsu.<sup>130</sup> Dabalataanis *qindoominni qaamoolee haqa daldala seeraan alaa ittisuu, qabuu, raga walitti qabuu irratti seektaroota daldala too’atan waliin jiru maal akka fakkaatu bar-gaaffiin A/Alangaa 71 (torbataami tokkoo) dhiyaate namoota deebii kennaan 69 keessaa namoonni 7 (torbaa) ol’aanaa 9.86% yammuu jedhan namoonni 40 (afurtamaa) 56.34% jiddu galeessa namoonni 22 (digdamii lamaa) 30.99% gad-aanaa jedhaniiru. Namoonni lamaa bar-gaaffii irratti deebii hin kennine.*

<sup>129</sup> Daldala kontroobaandii wal-qabatee abba taayita galiwwaniif gumruukaatiif labsii 859/2007, daldala meeshaalee bu’uuraatiin wal-qabatee sadrkaa federaalaatti abba taayitaa dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtoota fi naannootti immoo biroo daldalaatiif bu’uura labsii 813/2006, galmeessa fi kenna hayyamaa daldalaan wal-qabateesadarkaa federaalatti ministeera daldaa fi naannoo irratti immoo biroo daldala fi misooma gabaatiif bu’uura labsii 686/2002, too’annoo dhimma fayyaatiin wal-qabatee jiruuf sadrkaa federaalatti abba taayita too’annoo nyaata, qorichaa fi bulchiinsa fayyaa, sadarkaa naannootti biroo fayyaatiif bu’uura labsii 661/2002 tiin kenname jira

<sup>130</sup> Af-gaaffii insp. Taammiruu Dhibbisaa fi Insp. Araarsoo Tolaa poolisii Aanaa Najjoo waliin gaafa guyyaa 12/05/08 taasifame

Yaada bar-gaaffii keessatti barreefaman hanqinna jiru akka ibsan gaafatamaniin ragaa barbaachisu kennuurratti keessumaa ragaa ogummaa bahuurratti qaawwi hedduun ni mul'ata; rakkoo iftoominaa, wal-amantaa dhabuu, hanqina qindoominaa, hanga dhumaatti ciminaan itti deemuu dhabuu, qaamolee mootummaa xalyaa adda addaa barreessuun dhimmichi lafarra akka harkifatu taasisuu, sekteerotni biroo tokko tokko ragaa kennuurratti saffisoo miti, poolisiin gocha daldala seeraan alaa qabuu dhiisuu ni mul'atu<sup>131</sup>

Harki walakkaan namoota gaaficha deebisanii jiddu galeessaa yaa jedhan malee yaadoota barreefaman ibsaniin garuu hanqinaaleen armaan olitti ibsaman akka calaqisanii dha.

Kanarraa kan hubatamu immoo qindoominni qaamooleen haqaa daldala seeraan alaa qabuu irratti seektaroota hojii daldala seeraan alaa akka too'atan seeraan angeeffaman waliin qaban laafina kan qabu ta'uu dha. Gama poolisootaanis yakkoonni daldala seeraan alaa yammuu raawwataman qabani seeratti dhiyeessuuf fedha agarsiisuu dhabuun ni mul'ata.<sup>132</sup> Akka fakkeenyaatti

Daldalaan tokko barbaree (mimmixa) biyyootti makamee daakame mana jireenyaa isaa keessa tuulee akka jiru eeruun dhiyaateen yeroo deemamee qulqulla'u kuntaallii baay'een akka jiru argamee poolisiin dhufee akka tarkaanfii seeraa fudhatu gaafatamee guyyaa sanatti dhiyaatanii deeggarsa gochuu waan dhabaniif osoo manicha hin saamsiin bule. Guyyaa ittaanu barbareen jedhame waan dhabameef osoo itti hin gaafatamin hafee jira.<sup>133</sup>

Dhimma armaan olitti dhiyaate kanarra kan hubatamu gama poolisootaatiin yakki raawwatamuun eeruun erga dhaqabeen booda deeggarsa seeraan akka taasisan kaa'ame osoo hin taasisin hafuu isaanitiin meeshaan shakkame akka miliqu namoonni shakkamanis itti gaafatamummaa jalaa akka miliqan ta'uu isaati.

Gama biraatiin immoo rakkoo daldala seeraan alaa qabuu irratti mul'ataniif akka sababaatti kan eeramu kanfalttiin komishiinii namoota meeshaalee daldala seeraan alaa akka koontiroobaandii fi bunaa, boloqqee fi saliixaa wal-qabatee kanfalama ture komishiniin poolisii oromiyaa

---

<sup>131</sup> Yaada cuunfa bar-gaaffii irraa fudhatame

<sup>132</sup> Af-gaaffii obbo Tasfaayee Asaffaa Qondaala Naamusaa Waj. Daldala Fi Misooma Gabaa GAONF waliin gaafa 06/05/08, obboo Ahimad Abdurahmaan raawwata Inshuraansii Fayyaa Wajjira Eegumsa Fayyaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 23/05/08, obboo Tafarii Mokonnin Ab/Ad/Galmeessaa fi kennaa Hayyamaa wajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame

<sup>133</sup> Af-gaaffii Solomoon Abaatee, to'ataa qulqullina fi daldala dawwaa, fi Askaalee G/Maariyaam, Ooggantuu Ittaanaa Fi Gaggeessaa Dhimma To'annoo Hojii Fayyaa Waajjira Eegumsa Fayyaa Magaalaa Naqamtee waliin gaafa guyyaa 17/05/2008 taasifame

poolisootaaf akka hin kanfalamne ajajuun isaa gama poolisiitiin kaka'umsa hojii akka hin uumamne taasisee jira.<sup>134</sup> Hojii daldala seeraan alaa too'achuun mataan isaa hojii miidhaa hordofsiisuu danda'u ta'uun isaa faayidaan addaa argamu kan hin jire ta'uun isaa immoo akka too'annoo irratti laafinni uumamu ta'ee jira<sup>135</sup>. Fkn

Bara 2008 keessatti miseensoota poolisii koontirooband hordofaa turan keessaa konkolaachisaan ajajaa poolisii qajeelcha poolisii magaala sabbataa rasaasa namoota daldala seeraan alaa naanneesaniin rukutamuu isaa ilaaluun ni danda'ama.<sup>136</sup>

Dhimma kanaan wal-qabatee seeroota irratti kanfalttiin komishinii ilaalchise namoota gochi daldala seeraan alaa akka qabamuuf eeruu kennaniif kan raawwatamu akka ta'e dha<sup>137</sup>. Harkii kanfaltii komishinii namoota eeruu kennaniif raawwatame irra hafu mootummaaf galii akka ta'u qajeelfamaan taa'ee jira. Dhimmoota eeruun ala miseensoota poolisiin qabamanii wal-qabatee seerichi waanti ifaan ka'e hin jiru. Haala qabatama jiruun oomishni seeran alaa qabame gurguramee guutumatti mootummaaf galii akka ta'aa jiruu dha.

Kaayyoon guddaan seerichi namoota daldala seeraan alaa eeruu kennaniif kanfalttiin komishinii akka raawwatamuuf ka'e hawaasni bal'aan too'annoo daldala seeraan alaa keessatti gahee isaa

---

<sup>134</sup> Poolisootanii, abbootiin alangaa fi abbootiin seeraa af-gaaffiin waliin gaggeeffame komishiniin poolisiif kaffalamaa ture dhaabachuun isaa hojii too'anna gocha daldala seeraan ala dadhabsiisaa akka jiru ni ibsu. Saajin Maahammad A/Joobir, oogganaa waajjira poolisii aanaa Gommaa, amajjii 18, 2008; Mulugeetaa Geetachoo, gaggeessaa adeemsa murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa aanaa gommaa, amajjii 18, 2008, obbo Gaarummaa Adabaa raawwataa hojii too'annoo qulqulina bunaa BDMGO, obbo Kadiir Hammuu ogeessa seeraa BDMGO waliin gaafa guyyaa 04/05/08 taasifame, Adde Tsiyoon Admaasuu Abbaa taayitaa galiwwaniif gumruukatti I/A/abba alangaa muumme, obbo Kabbadaa dhaabaa A/Alangaa abbaa taayita galiwwaniif gumruukaa itoophiyaa, obbo Qaasim Galgaluu Ab/Ad/qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisa biiroo haqaa oromiyaa waliin gaafa guyyaa 05/05/08 taasifame, kom. Abbabaa Tashoomaa qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti Ab/Ad/qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa waliin gaafa guyyaa 06/05/08, kom. Dastaa Mokonnin I/Gaafatama qajeelcha poolisii magaala sabbata waliin gaafa guyyaa 13/05/08, I/A/insp. Gaashaw Darajjee I/Gaafatama divinzinii tajaajila poolisii hawaasa qajeelcha poolisii magaala shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08, obboo Girma Lammaa Pireezidaantii Mana murtii ol'aanaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 23/05/08, obboo Tafarii Mokonnin Ab/Ad/Galmeessaa fi kenna Hayyamaa wajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 24/05/08, obbo Kabbadaa Yaa'ii I/Gaafatamaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 25/05/08, Insp. Haayiluu Asaffaa Divinziinii tajaajila poolisii qajeelcha poolisii godina Baalee waliin gaafa guyyaa 26/05/08 taasifame

<sup>135</sup> Af-gaaffii kom. Dastaa Mokonnin hoogganaa qajeelcha poolisii magaala sabbata waliin gaafa guyyaa 13/05/08, kom. Geetaachoo Gammadaa hooggana qajeelcha poolisii magaala burrayyuu waliin gaafa guyyaa 15/06/08 taasifame

<sup>136</sup> Af-gaaffii kom. Dastaa Mokonnin hoogganaa qajeelcha poolisii magaala sabbata waliin gaafa guyyaa 13/05/08 taasifame

<sup>137</sup> Labsii sirna too'annoo qulqullina fi daldala bunaa lakk.160/2002 naannoo oromiyaa kwt.21, labsii federaala lakk.602/2000 kwt.13(9) jalatti ibsamee ilaala.



damaqinaan akka bahatuuf yaadameti.seeruma kana bu'uura godhatee miseensota poolisii daldala seeraan alaa qabaniif kanfaltiin raawwatama akka turee dha.Kanaanis yakkooni daldala seeraan alaa hedduu too'annoo jala akka olaa turan.haa ta'uu malee erga kanfaltiin komishinii miseensa poolisii dhuunfaan akka hin ilaalle caqafame kanfaltiin dhoorkamee as too'annoon daldala seeraan alaa akka hir'atee namoonni af-gaaffiin waliin taasifame ni ibsu.<sup>138</sup>

Bar-gaaffii *yakka daldala seeraan ala qabuu irratti hanqinaaleen jiru* jedhamee poolisoota 80(saddeetama) dhiyaateefi namoota gaaffii deebisan 61(jahatamii tokkoo) keessaa 43(afurtamii sadii) **70.49% eeyyen** yammuu jedhan namoonni 18(kudha saddeet) **29.51%** gama isaaniitiin **Lakki** jedhanii namoonni 19(kudha sagal) deebii osoo hin kennin hafanii jiru.Hordoffiin daldala seeraan alaa irratti taasifamu dadhaba ta'uu,gochoota kanniin akka madda galiitti ilaaluu,oggeeyyiin namoota yakkoota kanniin raawwatan waliin waliitti dhufeenya addaa uumuu,miidhaa daldala seeraan alaa hubatee hawaasnis deeggarsa barbaachisa gochuu dhabuun waantoota daldala seeraan alaa qabuu keessattii akka rakkootti namoota bargaaffii guutaniin eeramee dha<sup>139</sup>.

Kanaan malees qaamonni daldala seeraan alaa irratti hirmaatan bifa gurma'eef loojistiiki gahaan kan deegaramanii yakkicha raawwatan yammuu ta'u gama poolisiitiin hojicha kana hojjachuuf dhiyeessii loojistiiki baay'ee laafaa ta'uun isaa namoota daldala seeraan alaa raawwatan hunda haala barbaadamuun akka hin too'anne hudhaa guddaa ta'ee jira.<sup>140</sup>kanumaan walqabatee *daldala seeraan alaa too'achuu irratti gama dhiyeessiin hanqinni jiraachuun bar-gaaffiin namoota 80(saddeetama) dhiyaate namoonni 66 (jahatamii jaha) 82.5% eeyyen yammuu jedhan namoonni 13(kudha sadii) 16.25% immoo **lakkii** jedhanii namni tokko immoo deebii hin kennine.*hanqinaale jiran akka ibsan gaafatamani dhiyeessii meesha gama kanaan jiru baay'ee gad aanaa akka ta'eef bifa milka'inna qabuun daldala seeraan alaa qabuuf hudhaa gudda akka ta'ee dha.yaada kanarra kan hubatamuu gama dhiyeessin hanqinaalee baldhinnaan akka jiranii dha.

<sup>138</sup> Af-gaaffii obbo Qaasim Galgaluu Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Biiroo haqaa Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 05/05/08 ,kom.Dastaa Mokonnin hoogganaa qajeelcha poolisii magaala sabbataa waliin gaafa guyyaa 13/05/08 taasifame

<sup>139</sup> Cuunfaa yaada bar-gaaffii irraa fudhatame

<sup>140</sup> Af-gaaffii kom.Dastaa Mokonnin I/Gaafatamaa qajeelcha poolisii magaala sabbataa waliin gaafa guyyaa 13/05/08 , Saj.ol Antanah Ingidaa Ab/ad/Qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira poolisii magaala Arsi nageellee, I/A/insp.Ballaxaa Isheetuu I/Gaafatama wajjira poolisii magaala Arsi nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 ,Insp.ol Salamoon Gammadaa Ab/Ad/Na/N/mirkaneessa waj.poo.aanaa Arsi nageellee waliin gaafa guyyaa 16/05/08 taasifame

Gama poolisootaatiin meeshaalee daldala seeraan alaa yammuu qaban namoota meeshaa waliin qabamuun irra jiraatu dhiisanii meesha qofa qabuun hedduminaan ni mul'ata<sup>141</sup>. Fknf

Aanaa kofalee keessatti bara 2008 sukkaara Isuzu guutuun qabamee konkolaachisaan yeroo sana geejibsiisa ture osoo hin qabamne hafee jira.haaluma wal-fakkaatuun aanaa Goobbaa keessatti baruma 2008 bunni kuntaala 55 konkolaata ummataa osoo geejjibu qabamee konkolaachisaan nu harkaa miliqee hala itti jedhametu jira.<sup>142</sup>

Iddoowwan birotti immoo daldala seeraan alaa yammuu qaban maallaqa fudhachuun meeshaaf namootas yeroo itti lakkisantu mul'ata. Ffkn,

Aanaa Najjoo keessatti konkolaata guutuu zayitii fe'ee deema ture erga qabaniin booda maallaqa irra fudhachuun gad-lakkisanii jiru.<sup>143</sup>Haala walfakkataa godina wallagga lixaa aana Ganjittis uumame kaasuun ni danda'ama.<sup>144</sup>

Inni biraa immoo daldala seeraan alaa keessatti abbootii taayitaa fi hooggantootni harka keessa kan qaban ta'uun isaa kutannoon itti deemuu keessatti hanqinni baldhaan ni mul'ata<sup>145</sup>. Akka fakkeeniyatti

---

<sup>141</sup> Af-gaaffii obbo Tafarraa Wondee I/G/waj.haqaa G/A/O/N/F.obbo Ijennaa Gizaw Ab/Ad/Qor/Yakka fi murtii haqaa kennisiisaa Waj.haqaa G/A/O/N/F waliin gaafa guyyaa 10/05/08,obbo Isheetuu Asaffaa I/Gaafatama wajjira haqaa magaalaa sabbataa waliin gaafa guyyaa 12/05/08 ,obbo Fu'ad Abba Tamaam Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira haqaa magaalaa sabbataa waliin gaafa guyyaa 12/05/08,obbo Girmaa Saffisaa A/Alangaa wajjira haqaa Aanaa Arsii nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08, obbo Amiin Adam I/Gaafatama waajjira haqaa godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08 ,obbo Hedatoo Fayyisaa I/Gaafatama Wajjira haqaa aanaa shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08,obbo Aschaalaw Xilaahun A/seeraa fi qindeessaa garee hariiroo hawaasa mana murtii ol'aanaa godina Baaleewaliin gaafa guyyaa 23/05/08, ,obbo Tafarii Mokonnin Ab/Ad/Galmeessaa fi kennaa Hayyamaa wajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee waliin gaafa guyyaa 24/05/08 ,Obbo Ahimadnajjash Hasan I/A/hoganaa wajjira qonnaa aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 25/05/08, obbo Magarsaa Kumsaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 25/05/08 , obbo Kabbadaa Yaa'ii I/Gaafatamaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 25/05/08 ,obbo Shaawul Katamaa I/Gaafatama wajjira haqaa magaalaa roobee waliin gaafa guyyaa 25/05/08, obbo Zawudee Taaddasaa B/B Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira haqaa aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 26/05/08, obbo Isheetuu Gizaw I/Gaafatama wajjira haqaa Aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 26/05/08 ,Aadde Mihirat Taaddasaa A/Alangaa Waajjira haqaa aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 26/05/08 taasifame

<sup>142</sup>Af-gaaffii obbo Amiin Adam I/Gaafatama waajjira haqaa godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08, Mihirat Taaddasaa A/Alangaa Waajjira haqaa aanaa Goobbaa, obbo Isheetuu Gizaw I/Gaafatama wajjira haqaa Aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 26/05/08 taasifame

<sup>143</sup> Af-gaaffii obbo Waqqaarii Sambataa, Abbaa Alangaa fi A/Adeemsa Adeemsa Murtii Haqaa Kennisiisaa, Waajjira Haqaa Godina Wallagga Lixaa, waliin gaafa 09-05-2008 taasifame

<sup>144</sup> Bara 2007 godina wallagaa lixaa aanaa Ganjiitti poolisoonni afurii konkolaata buna seeraan alaa fe'ee deema jiru halkan keessaa sa'aa 4:00 daandii cufanii erga qabaniin booda maallaqa fudhataani gad-lakkisanii eeruu dhiyaateen poolisoonni hidhamuu danda'anii jiru.

Godina Baalee magaalaa jaarraa keessatti koontroobaandii poolisootan qabamee gumruuka dame magaala Roobeetti galii erga ta'e hooggansi poolisii magaala roobee qabeenyi qabame kan hoogantoota godinaa akka ta'e ibsuun qabeenyi qabame akka gad-lakkifamu xalaya lakk.**W/P/M/R/375/21/04** gaafa guyyaa **14/05/04** barreefameen deegarsa baratame yeroo dhumaatiif akka nuuf taasifan jechuun barreesse kaasuun ni danda'ama

Daldala seeraan alaa qabuun wal-qabatee akka rakkotti dhimma ka'u danda'u keessaa inni bira hubannoon qaamooleen haqaa seeraa daldala seeraan alaa too'achuuf bahan irratti qaban gad-aanaa ta'uu isaati.hubannoon seeroota kanniin irratti gad-aanaa ta'uun isaa midhaan daldalaa seeraan alaa akka waliigalatti biyya irratti hordofsiisu danda'u irrattis hubannoon akka laafa ta'u taasisee jira.Sababa kanarraa kan ka'e xiyyeefannoo dhimmichi barbaadu akka itti hin kennine ta'e jira.<sup>146</sup>*Bargaaffi hubannoon poolisoonni gama seeroota daldala seeraan alaa too'achuuf bahan irratti qaban maal akka ta'e beekuuf poolisoota 80(saddeetama) dhiyaateen namoonni 18(kudha saddeeti) 22.5% ol'aanaa yammuu jedhan namoonni 45(afurtamii shan) 56.25% jiddu galeessa namoonnii 16(kudha jaha)20% immoo gad-aana jedhaniiru.Namoonni kunniin filannoo isaaniitiif sababa akka ibsan gafatamani yammuu ibsan namoonni jiddu galeessa fi gad-aana filatan rakkoon hubannoo jirachuu isaa,seeroota kanneen irratti leenjiin kan hin kenamne ta'uu fi seeroonni kunninis dhaqabama ta'uu dhabuu isaani kaasani hubannoo jiru laafa akka ta'e ibsaniiru.yaada bargaafti kanarratti deebii kennitoonni %56.25 ta'an jiddu galeessa jedhanii yaa filatanii malee yaada ibsaniin garuu rakkoolee hubannoo akka jiru waantoota agarsiisan ibsani barreesaniiru kanaaf namoota kanniin yaadoota barreefaman kaa'an yammuu ilaallu akka jiddu galeessatti ossoo hin taanee akka gad-aanaatti kan fudhatamuu qabuu dha.bu'uura kanaan namoonni **76.25 %** ta'an hubannoon gama kanaan jiru laafa akka ta'e ibsaniiru.*

---

<sup>145</sup> Af-gaaffii obbo Kabbadaa Yaa'ii I/Gaafatama waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 25/05/08, Ins.ol.Taariikuu Laggasaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa qajeelcha poolisii Magaala Shashamannee waliin gaafa guyyaa 20/05/08, obboo Hedatoo Fayyisaa I/Gaafatamaa wajjira haqaa aanaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08,I/A/Insp.Gaashaw Darajjee I/Gaafatamaa divinzinii tajaajila poolisii hawaasa qajeelcha poolisii magaala Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08, taasifame

<sup>146</sup> Af-gaaffii obbo Kabbadaa Yaa'ii I/Gaafatama waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 25/05/08 obboo Isheetuu Gizaw I/Gaafatama wajjira haqaa Aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 26/05/08,Aaddee Tsiyoon Admaasuu abba taayita galiwwan fi gumruuka Itoophiyaatti I/A dursaa Abbaa Alangaa waliin gaafa guyyaa 05/05/08,obbo Qaasim Galgaluu Ab/Ad/Qo/Yakka fi murtii haqaa kennisiisaa biiroo haqaa oromiya waliin gaafa guyyaa 05/05/08 taasifame

Gama biraatiin immoo keellawwan too'annoo daldala seeraan ala iddoowwan murteessa ta'an irratti hundeeffamuu dhabuun isaani daldala seeraan alaa hordofanii qabuuf hudhaa gudda uumee jira<sup>147</sup>.Kana malees daandiiwwan baadiyyaa babal'achuun mataan isaani daldaloota seeraan alaatiif carraa guddaa uumee jira.sababbiin isaas too'annoowwan daandiiwwan baadiyya kanniin irratti taasifaman baay'ee dadhaba dha. Akka fakkeenyaatti wallaga lixaatti daandiiwwan baadiyyaa kanneen fayyadamuun buna gara Asoosaa fi suudanii ni ceesisu gama biraatinis godina Booranaatti daandiiwwan baadiyya fayyadamuun meeshaalee koontroobandii gara biyyaa ni galchu<sup>148</sup>

Akka waliigalaatti daatawwan sassabaman kanniin irraa hubatamuu kan danda'u daldala seeraan alaa qabuu keessatti hubannoon seeroota daldala too'achuuf bahan irratti jiru laafa ta'uun isaa,qindoominni poolisiin seektaroota daldala too'achuuf seeraan angeeffaman waliin jiruu dadhabaa ta'uu,hojicha bifa milka'ina qabuun hojjachuuf rakkooleen loojistiikii baldhinaan jiraachuu isaa akkasumas kanfaltiiwwan namoota daldala seeraan alaa akka koontroobaandii , bunaa,saliixaa fi boloqqee qabaniif kanfalama ture akka miseensa poolisoota hin ilaalleetti ilaalame gama komishinii poolisii Oromiyaatiin dhoorkamuun isaa gocha daldala seeraan alaa kanniin qabuu irratti gama poolisootatiin kaka'umsi akka hin jiranne dhiibba guddaa uumee jira.Gama biraatiin immoo rakkooleen naamusa poolisoota biratti calaqqisuun gochoota kanniin yeroo argani osso hin too'atiin dhiisuu ,matta'a fudhachuun gad-lakkisu akka hudhaa guddaa ta'e dha.kun immoo daldalli seeraan alaa miidha akka waliigalatti biyya irratti hordofsiisa jedhanii yaaduu dhabuun gochicha akka madda galii ta'etti yaaduun gochoota kanaan araaramanii dabruun akka hudhaatti waantoota hubatamanii dha.

#### **4.2. Yakkaa Daldala Seeraan Alaa Qulqulleessuu**

Daldalli seeraan alaa dhimmaa sadarkaa biyyatti irratti miidhaa diinagdee,fayyaa akkasumas hawaasumaa dhaqabsisuu danda'uu dha.kanumarra kan ka'e dhimmoonni daldala seeraan alaa haala addaatiin akka keessumahuu qaban ni ibsama.kana jechuun dhimmoota daldala seeraan alaa wal-qabatee dhimmoonni yeroo qoratamanii of-eeggannoo ol'aanaa fi xiyyeeffannoo

---

<sup>147</sup>Af-gaaffii obboo Hundeessaa Likkaasaa, Hogganaa Waajjira Qonnaa Fi Ittaanaa Bulcha Bulchiinsa Godina Wallagga Lixaa, waliin gaafa09/05/ 2008 Kom.Tasfaayee Daggafaa Ab/Ad/Na/N/mirkaneessaa Qajeelcha poolisii godina Booranaa waliin gaafa guyyaa 08/06/08 taasifame

<sup>148</sup> Af-gaaffii obboo Hundeessaa Likkaasaa, Hogganaa Waajjira Qonnaa Fi Ittaanaa Bulcha Bulchiinsa Godina Wallagga Lixaa, waliin gaafa09/05/ 2008 Kom.Tasfaayee Daggafaa Ab/Ad/Na/N/mirkaneessaa Qajeelcha poolisii godina Booranaa waliin gaafa guyyaa 08/06/08 taasifame

guddaa kennuun qulqullinaa fi si'oominaan raawwachuun dhimma hedduu murteessa dha.Si'oominaaf fi qulqullina qorannoo daldala seeraan ala keessatti hanqinaalee jiran maal akka ta'e beekuuf gaafiin afanii taasifamee qorannoowwan namoota seeraan itti gaafatamu qaban hunda irratti qorannoo gaggeessuu osoo hin taane isuma harkatti qabamee qofa ilaalu.Jecha biraan qaamoolee raawwii yakkicha ol'aantummaan gaggeessan sababa iddoo yakkaatti argamuu dhabaniif qofa qorannoo irratti gaggeessuu dhabuun ni mul'ata.<sup>149</sup> Gama biraatiin immoo dhimmoota ragaalee barbaachiisa dhiyaatani fi seeraa wal-bira qabani ilaaluu dhabuu<sup>150</sup>.Fkn

Gogaa seeraan alaa lakk.750 (dhibba torbaa fi shantama) godina Booranaa Aanaa Yaabeelloo keessattii gaafa guyyaa 30/11/2006 osoo geejjibamu qabamee waajjirri daldalaa akka qulqulla'ee seeratti dhiyaatuuf eeruu dhiyeesanii jiru.Gama shakkamaatiin raga eeyyama darbinsaa gaafa guyyaa 11/10/2006 kennamee gaafa guyyaa 13/10/2006 booda hin fayyaduu jedhu dhiyeessee jira.poolisiin Aanaa Yaabeelloo xalayaa lakk.PAY/21/61/7/06 gaafa guyyaa 09/12/2006 barreefameen meeshaan qabame yoo ture baduu waan danda'uuf abbaa qabeenyaaf akka deebi'u jechuun ajaja kenne jira.

Dhimma armaan olii irraa akka hubatamuu danda'u poolisii gogaan qabame baduu waan danda'uuf abbaa qabeenyaatiif yaa deebi'uu jechuun ala kallatti seeraatiin waantoota jiran akkasumas ragaaleen jiran dhimmicha seeratti dhiyeessuuf gaha ta'uuf dhiisuu hin ilaalle.labsiin gogaa fi kalloo lakk.814/2006 daddarbiinsii goggaa fi kalloo eeyyama darbiinsa qaama aangoo qabu irraa kennamuun akka ta'uu qabu yoo kun ta'uu baate garuu goggaan akka dhaalamu labsicha kwt.14(6) irratti ifaan kaa'ee jira.Gama biraatiin immoo waraqaan darbiinsa shakkamaan harkaa qabu waraqaa guyyaa sadi booda tajaajiluu hin dandeenye akka ta'e raga barreefama dhiyaate irraa hubatama.shakkamaan erga guyyaan waraqaa darbiinsa kennamef torbaan lamaa darbeen booda kan qabamee dha.dabalataanis gogaan qabame yeroo gabaaba keessatti kan badu waan ta'eef gurguranni qarshii baankii akaawuntii cufamaan ka'uun akka barbaachisu labsicha kwt.12(5) ibsee jira.dhimmoonni kunniin bakka seeraan furmaata

---

<sup>149</sup> Af-gaaffii Gammachiis Geetahun, abbaa alangaa, aanaa gimbii, amajjii 9, 2008 , kom.Abbabaa Tashoomaa qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti Ab/Ad/qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa waliin gaafa guyyaa 06/05/08,Kamaal Sirboo Pireezidaantii Mana murtii ol'aanaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 20/05/08 taasifame

<sup>150</sup> Af-gaaffii Obbo Hirkisaa Dhinsaa Ogeessa kabachiisa mirga fayyadamtoota BDMGO, obbo Kadiir Hammuu ogeessa seeraa BDMGO, obbo Masaratuu Lammaa Ab/Ad/hojii too'annoo fi itti fayyadama calla guddistuu biiroo qonnaa Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 04/05/08 taasifame

argatanii jiranitti qorannoo itti fuufuun ossoo danda'amu sababa gahaa hin taaneen qorannoo addaan kutuun isaa sirri miti.

Gama biraatiin Yakki daldala seeraan alaa namoota qabeenya qabaniin akkasumas gareedhaan kan raawwatamu ta'uun isaa dabalataanis abbootii taayitaa waliin walitti hidhamiinsa kan qabu ta'uun isaa namoota kana haala salphaa ta'een too'achuun ergasiillee qorannoo gaggeessuu irratti dhiibbaan guddaan jiraachuun isaa yakkooni kunniin haala barbaadamuun akka hin qoratamne taasisee jira.<sup>151</sup> Fakkeenyaaf

Bara 2006 godina Baalee aanaa Dalloo irraa bunnii konkolaataan 17 fe'amee gabaa jiddu-galeessaa geessuuf fe'e ergasii gaba jiddu galeessaa ossoo hin gahin buna gabaa biyya keessatti akka deebi'u taasifamee galmeen qoratamuu eegallaan bulchaan Godinaa fi aanaa doorsisa adda addaa taasisuun akka himanni hin hundoofne taasisanii jiru<sup>152</sup>

Haaluma wal-fakkaatuun dhimma godina Booranaa fi aanaa madda walaabuu kaasuun ni danda'ama.

Bara 2004 Godina Booranaa keessattii Televiznirii konkolaataa guutuu qabamee dhiibbaan abbootii taayitaa irraa taasifameen ossoo qorannoon hin gaggeefamin gad-lakkifamee jira<sup>153</sup>. Kan biraa immoo bara 2006 Aanaa Madda walaabuu keessatti I/A/Hoogganaa waajjira faayyaa konkolaata guutuu qoricha seeraan alaa ossoo geejibsiisuu qabamee ergasii sababa tokko malee qorannoon ossoo hin gaggeefamne hafe<sup>154</sup>

Gama garee qorannootiinis gocha daldala seeraan alaa harkaa fi harkatti yammuu qaban ragaa jiru si'oominiin qoratanii dhiyeessuu irra yeroo beellama gaafachuun dhimmicha lafa irra harkisuun ni mul'ata.<sup>155</sup> Gama biraatiin immoo daldala seeraan alaatiin wal-qabatee meeshalee

---

<sup>151</sup> Af-gaaffii Insp Fayyisaa Hojisaa qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti qorataa yakkaa waliin gaafa guyyaa 06/05/08 ,obbo Ibsaa Camadaa A/Alangaa Wajjira haqaa G/A/O/N/F waliin gaafa guyyaa 10/05/08, obbo Jaldo Badhaasoo I/Gaafatama waajjira haqaa aanaa arsii nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 , obbo Hedatoo Fayyisaa I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08 taasifame

<sup>152</sup> Af-gaaffii obbo Kabbadaa Yaa'ii I/Gaafatamaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame

<sup>153</sup> Af-gaaffii Ins.ol.Taarikuu Laggasaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa qajeelcha poolisii Magaala Shashamannee waliin gaafa guyyaa 20/05/08 taasifame

<sup>154</sup> Af-gaaffii Addisuu Haayiluu A/seeraa fi qindeessaa garee hariiroo hawaasaa Mana murtii aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 23/05/08 taasifame

<sup>155</sup> Af-gaaffii obbo Alamayyoo Uumaa A/seeraa fi B/B pireezidaantii mana murtii aanaa sabbataa awwaas waliin gaafa guyyaa 12/05/08,obbo Abdiisaa Ganamoo A/seeraa fi qindeessaa garee yakkaa mana murtii Aanaa Arsii

qofa qabanii dhiyeessuun waan heddumaatuuf galmeewwaan qoratani hanga dhumatti geessu irratti hanqinni ni jira.<sup>156</sup> Dabalataanis hojii qorannaa daldala seeraan alaa irratti danqaa guddaa kan ta'e dhiyeessa ragaa sobaati. Erga qorannaan gaggeeffamee xumurameen booda qaamoolee aangoo qaban irraa ragaa barreessisanii dhiyeessu. fakkeenyaaf, xalayaa bunni qaama dhimmi ilaallatu gahuusaa ibsu (Goods Received Notice), waraqaa gaggeessituu fi waraqaa darbii dhiyeessu bal'inaan ni mul'ata.<sup>157</sup>

Inni biraa immoo dhimmoota daldala seeraan alaa qorannoo gaggeessuun wal-qabatee yammuu qorannoo teekniika barbaachisuu humna maallaqaa kan gaafatu waan ta'eef manni hojicha qorannoowwan akkanaatiif baajatni addatti baasee qabatu waan hin jirreef dhimmoota kanneen qoratani dhumaan geessu irratti rakkoo gudda uumee jira.<sup>158</sup> Fakkeenyaaf hanga gaafa ragaan kun sassabamutti

Magaala shashamannee keessatti barbureen waantoota alagaan walitti makamee qophaa'e jedhamee shakkame qabamee baajatni hin jiruu sababa jedhuun mana shakkama keessatti itti saamsamee taa'ee jira<sup>159</sup>

Kanaan maleelle yeroo qorannoo teekniika akka gaggeefamuuf seeraan barbaachisu maal fa'ii seeraan gochoonni itti gaafatamummaa hordofsiisan fi ragaan dhiyaatu qabu maalii jedhanii beekuu irrattis hanqinni ni jira.kanarraa kan ka'e qorannoo guutuu osoo hin taasisin hafuun ni mul'ata.fakkeenyaaf

Dhimma Wasanyella Silashii keessatti himatamaan magalaa sandaafa bakkee eeyyama daldalaa malee hojii baabbura daksisuu hojjatee akkasumas barbarea keessatti waantoota alagaa akka

---

nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 , obboo Ismaa'eel Muhaammad A/seeraa fi qindeessaa garee yakkaa mana murtii aanaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 20/05/08 taasifame

<sup>156</sup> Af-gaaffii obbo Amiin Adam I/Gaafatama waajjira haqaa godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08 , obboo Hedatoo Fayyisaa I/Gaafatamaa wajjira haqaa aanaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08 taasifame

<sup>157</sup> Af-gaaffii obboo Mulugeetaa Geetaachoo, A/Alangaa fi A/Adeemsa Murtii Haqaa Kennisiisaa, Waajjira Haqaa Aanaa Gommaa waliin gaafa 19-5-2008,obbo Barreessaa Baqqalaa, oogganaa wajjira haqaa godina wallagga lixaa waliin Amajjii 16, 2008 taasifame,Akka fakkeenyaatti dhimma mana murtii aanaa shashamannee A/Alangaa aanaa shashamannee fi zarihuun Abarraa jidduu tureen himatamaan waraqaa darbiinsaa osoo hin qabaatin bu'aa bosonaa gejjibiisee jedhame himatame erga ragaan dhagahame waabiin bahee badeen booda waraqaa darbiinsa naannoo kibbaa irraa barreesisee dhiyeesseen bilisa bahee jira.

<sup>158</sup> Af-gaaffii saj.ol Shimallis Mojoo B/B I/gaafatamaa fi Ab/ad/qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii aanaa mooyalee waliin gaafa guyyaa 09/06/08 taasifame

<sup>159</sup> Af-gaaffii obboo Dabalaa Seenxii ogeessa seera wajjira daldalaa fi misooma gabaa Magaala Shashamannee waliin gaafa guyyaa 18/05/08 Ins.ol.Taarikuu Laggasaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa qajeelcha poolisii Magaala Shashamannee waliin gaafa guyyaa 20/05/08 taasifame

boloqqee,boqqolloo fi firii goommana itti make waan argamee fi akkasumas make daassisee gabaaf dhiyeesse jedhamee shakkamee barabareen daakkamee gabaaf dhiyaate jedhame qorannoo labratorii Ministeera fayyaatti abbaa taayitaa too'annoo nyaata,qorichaa fi bulchiinsa eegumsa fayyaa itoophiyaatti dareektoreetii qulqullina oomishaa too'atu tii summuummaan akka qoratamuuf gaafatee lakk.xiinxala Tx-2323/14 ta'een gaafa guyyaa 25/02/07 barreefameen summayaa akka hin taaneef gosa qorannoo kanatiin meeshaan waantoota alagaan walitti makamuu waan hin agarsiisneef qorannoon biraa akka taasifamu kallattii kaa'ee barreesse deebise<sup>160</sup>.

Dhimma armaan olii irratti labsii 813/2006 kwt 22(10) irratti gochonni dhoorkaman summaayuu, yeroon irra darbuu fi waantoota alagaan walittii makamuu akkasumas waantoota miidha fayyaa hordofsiisan gabaaf dhiyeessuu akka ta'ee dha.Gareen qorannoo immoo waantootni barbaretii makamanii jiruu jedhu gosoota nyaata akka boloqqee,booqqolloo ta'ee osoo jiruu qorannoo sumummaa akka gaggeefamu gaafachuun isaa dogangoraa dha. Dhimma kanaaf qorannoon madaalli walta'iinsumma (conformity taste) gaggeessuun qofti gaha dha.Sababa kanaan qorannoo biro osoo hin gaggeesin raga teekniikaa malee A/alangaa himata akka bu'uureessuu ta'ee mana murtiin bilisa bahuu danda'ee jira.kun adeemsa qorannoo irratti dursanii ragaan barbaachisu kamii kan jedhuu beekuu dhabuun rakkoo uumamee dha.

Gama biraatiin immoo gama garee qorannaatiin dhimmootuma ragan barbaachisoo ta'an qinda'ee eeruun dhiyaateef irrattis qorannoo gaggeessuu irratti laaffinni ni jira.<sup>161</sup> Akka fakkeenyaatti

Galmee shakkamaa Amiin Saadiq Raabsaa sukkaara aanaa madda Walaabuu kan ta'e yammuu ta'u waraqaan qulqullina waajjira irraa osoo hin barrahiniif fakkeesse barreesisuun zayita nyaata litirii 46,905(kuma afurtamii jaha fi dhibba sagalii fi shan) gaafa guyyaa 08/08/07,09/08/07 fi 29/08/07 nagahee lakk.1284133,1284148 fi1347776 ta'een gara qarshii 1,017,020.36(miliyoon tokkoof kuma kudha torbaaf digdama fi saantima soddomi jahaa)jinaad

---

<sup>160</sup> Af-gaaffii obbo Ijennaa Gizaw Ab/Ad/Qor/Yakka fi murtii haqaa kennisiisaa Waj.haqaa G/A/O/N/F waliin gaafa guyyaa 10/05/08,waraqaa raga qorannoo lakk.xiinxala.Tx-2323/14 fi lakk.tajaajila labraatoorii 1099/07 ta'een Ministeera fayyaatti abbaa taayitaa too'annoo nyaata,qorichaa fi bulchiinsa eegumsa fayyaa itoophiyaatti dareektoreetii qulqullina oomishaa too'atu kennes jira.

<sup>161</sup> Af-gaaffii Obbo Hirkisaa Dhinsaa Ogeessa kabachiisa mirga fayyadamtoota BDMGO, obbo Kadiir Hammuu ogeessa seeraa BDMGO, waliin gaafa guyyaa 04/05/08 taasifame



Shashamannee irra baafatee dabalataanis jinaad Dodolaa irraa nagahee lakk. 1275401, 1275422, 1275454 fi 1275455tii qarshii 1,119,998.80(miliyoona tokkoof kuma dhibba tokkoof kudha sagaliif dhibba sagalii sagaltamii saddeetiif saantima saddetama)zayita nyata baasee seeraan ala daldalee waan jiruuf akka seeratti dhiyaatuuf ragaalee barbaachisaa waliin xalayaa lakk.DMG/HHD-3/98 gaafa guyyaa 30/08/07 fi xalayaa lakk.DMG/HHD-24/99 gaafa guyyaa 04/09/07 qajeelcha poolisii godina Baalee fi waajjira haqaa godina Baaleef barra'ee furmaatni aragamuu dhabee komishinii poolisii fi biro haqaatiifis xalaayaan barrahee hanga gaafa ragaan kun sassabamutti furmaata ossoo argatin hafera.

Dhimma armaan olii kanarra kan hubatamu Biroon daldalaa fi misooma gaba eeruu yammuu kennu raga sanadaa barbadaman wal-qabsiisee kan dhiyeesse yammu ta'u gama garee qorannoo immoo sababa gahaa tokkoo malee hojii ossoo hin raawwatamiin hafani jiru.dhimma kanaan wal-qabatee af-gaaffii Ab/Ad/Qo/yakka fi murtii haqaa kennisisaa Wajjira haqaa godina Baalee waliin taasifameen dadhabbiin gama garee qorannootiin akka jiruudha gama isaanitiinis kan mirkaneessan.

Bargaaffii yakka daldala seeraan alaa qorachuu irratti raga walitti qabuu fi madaaluu irratti hanqinni jira? jedhamee namoota 212 dhiyaateen namoonni 192 deebii kennanii jiru.namoota deebii kennan keessaa namoonni 136(dhibba tokkoo fi soddonii jaha) **70.83%** ta'an **eeyyen** hanqinni ni jira yammuu jedhan namoonni 56 (shantamii jaha) **29.17%** ta'an gama isaaniitiin **lakkii** jedhanii jiru.xiyyeeffannoo itti kennani dafanii qorachuu dhabuu,rakkoon hubannoon seeroota qaamoolee kanneen biratti mula'atu raga sassabuu irrattis dhiibbaa uumee jira.Gama biraatiin immoo gochi daldalaa seeraan alaa irratti namoonni hirmaatan namoota humna maallaqaa qaban ta'uun mataan isaa akka ragooni badan taasisuu,raga sobaa uumuu,namoonni gochoota kanniin qaban ragoota barbaachisoo hunda garee qorannoof kennuu dhabuu waantoota akka rakkootti ibsamani dha.

Daatawwan armaan olitti sassabaman irraa hubatamuu kan danda'u yakkoota daldala seeraan alaa qorachuun wal-qabatee haala ragaan itti funaanamu irratti hanqinaaleen baldhinnan mul'atuu,yammuu eeruwwan dhiyaatan hanga dhumaatti deemani qorachuu dhabuu,qorannoowwan teekniika gaggeessuuf baajatni kan hin jirre ta'uun,qaamooleen daldala seeraan alaa akka too'ataniif angeefaman mataan isaaniiii raga sobaa kennuu irratti hiramachuun isaanii,hubannoon waliigalaa daldala seeraan alaa irratti qaamoolee haqaa fi hawaasa bira jiru

laafa ta'uun isaa dhimmootaaf xiyyeefannoo barbaadamu akka hin kennamne sababa ta'ee jira. Gama biraatiinis ragooleen yammuu jiraatanis qindeessanii yeroon dhiyeessuu irra akka dhimmichi lafa irra harkifatu taasisuun garee qorannoo biratti rakkoolee calaqisanii dha. Dabalataanis namoonni gochoota kanniin qaban ragaa barbaachisaa ta'ee garee qorannoof kennuu dhabuun waantoota akka rakkoottii ka'anii dha

### 4.3. Yakka Daldala Seeraan Alaa Himachuu

A/Alangaa himata yammuu hundeesuu seeroota rogummaa qabaniif firiiwwan dubbii himata bu'uureessan hunda caqasee dhimmoota hundaa duguuge himachuun irra jiraata. A/Alangaa keenya Garuu yeroo himata hundeesan seera adabbii gad-aanaa qabu filachuu, himata keessattii waantoota guutamanii dhiyaachuu qaban guutanii dhiyeessuu dhabuu, ragaalee hundaa duguuganii fayyadamuu dhabuu ni mul'ata.<sup>162</sup> labsiiwwan dhimmoota daldalaa irratti bahan adabbiin isaan teechisan baay'ee ol'aana waan ta'eef yeroo hedduu seera yakkaa idilee fayyadamuu ni jira.<sup>163</sup> Fakkeenyaaf

A/Alangaa himatamtoota Kaasuu Biiramoo fa'a n-2 irratti himata hundeesseen himatamtootni seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 32(1) fi 527(1)b irra darbuun magaala shashamanneettii mana jireenya isaanii keessatti dhadhaa foorjiidii qulqullina hin qabne hojjatanii kuusuun qabamanii jedhu<sup>164</sup> haaluma wal-fakkaatuun dhimmoota biros ilaaluun ni danda'ama<sup>165</sup>

---

<sup>162</sup> Af-gaaffii obboo Hirphoo Irreesoo pirezidantii manamurtii aanaa shashamannee waliin gaafa guyyaa 18/05/08

<sup>163</sup> Af-gaaffii obbo Baddiluu Mattafariyaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa Magaalaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/08 ,obbo dabalaa seenxii Ogeessa seeraa waajjira daldalaa fi misooma gabaa magaalaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 18/05/08, obboo Ismaa'eel Muhaammad A/seeraa fi qindeessaa garee yakkaa mana murtii aanaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 20/05/08, Ins.ol.Taarikuu Laggasaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa qajeelcha poolisii Magaala Shashamannee waliin gaafa guyyaa 20/05/08 taasifame

<sup>164</sup> A/Alangaa waajjira haqaa magaala shashamannee fi Kaasuu Biiramoo fa'a N-2 lakk.galmee himata A/Alangaa 02204

<sup>165</sup> A/Alangaa waajjira haqaa magaalaa shashamanne lakk.galmee A/Alangaa 01764 ta'e irratti himatamtoota Eeliyaas Muhammad fa'a N-2 eeyyama daldalaa osoo hin qabaatiin waan gocha daldalaa raawwataniif jedhee seera yakkaa kwt 433 jalatti himata bu'uureesse, A/Alangaa waajjira haqaa magaala Shashamannee fi Samiira Sammaan Fa'a N-4 himatamtootni eeyyama daldalaa osoo hin qabaatin zayita nyaata osoo daldalan waan qabamaniif seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 433 irra darbuun eeyyama malee daldalanii jiruu jechuun himatee A/Alangaawaajjira haqaa magaala Shashamanne lakk.galmee mana murtii Aanaa Shashamannee 47208 ta'e irratti fi lakk.galmee MM 45429 himatamtootni eeyyama osoo hin qabaatiin xaa'oon waan geejjibaniif seera yakkaa idilee kwt 433 irra darbuun himatamanii jiru.

Aanaa Gimbichuutti A/Alangaa Aanaa Gimbichuu lakk.galmee mana murtii Aanaa Gimbichuu 18281 ta'e irratti himatamtootni eeyyama malee keemikaaloota adda addaa daldalanii jiruu jechuun bu'uura seera yakka kwt 433 himata hundeesse jira, A/Alangaa Aanaa Jimmaa Arjoo fi Ballaachoo Ayyanaa himatamaan eeyyama osoo hin

Dhimmaa armaan olii yoo ilaallee himatamtooni dhadha nyaataaf ooluu hin dandeenye hojjatanii jechuun seera yakkaa idileen himata hundeessuun isaa waanta akka dogongoraatti ilaalamuu danda'uu dha. Sababbiin isaa labsiin dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattoota lakk.813/2006 kwt.22(10) jalatti oomishaalee yeroon irra darbe, fayyaa namaa miidhaan, waantoota alagaan walitti makaman oomishuus ta'ee gabaa dhiyeessuun akka nama gaafachiisu tumee bakka jirutti a/alangaa seera kan dhiisee seera yakka idileen himachuun isaa sirri miti. Gama biraatiin immoo A/Alangaa himata isaa hundeessee wal-qabatee ciraan dhadhaan foorjiidiin jiraa yaa jedhuu malee hamma ciraa qabamee caqasee hin dhiyeessine kun mataan isaa sadarka raawwii yakkichaa beekuuf kan gargaaru ta'ee ossoo jiruu bira darbuun isaa akka hanqinattii waanta ka'uu danda'uu dha.

Dabalaatanis himata A/Alangaa magaala shashamanne hundeesse ilaaluun ni danda'ama

Falmii A/Alangaa Magaala Shashamannee fi Mulugeeta Mooshee fa'a N-2 jidduu taasifameen himatamtootni seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 32(1)a fi 527(1) irra darbuudhaan magaala shashamannee mana midhaan Daakuu maqaa himatamtuu 2ffaa tiin galmaa'ee beekamu keessatti barbarree madabaraa 78 kan waantoota alagaan walitti makamee yammuu hojjachisu ykn qopheessu himatamttuun 2ffaa immo hojiin seeraan alaa yammuu hojjatamu deegarsa gootee kan jedhu<sup>166</sup>

Dhimma kana irrattillee seerrii A/Alangaa caqasee himata bu'uureesse rogummaa kan hin qabne dha.<sup>167</sup> Gama biraatiin himatamttuu 2ffaa irratti eeyyama midhaan daakuu baafatteen hojiin seeraan alaa barbarreen waantoota alagaan walitti makamee akka daakamu haala mijeessitee jechun raga eeyyama daldalaa ishii caqasee himata dhiyeesse jira. ragaan dhiyaate eeyyama tajaajila midhaan daakuu dha. baabura keessatti yammuu daakamu kan qabame immoo barbarea dha. yeroo gochii kun raawwatamuu himatamttuun iddoo sana hin turre. himanni A/Alangaa himatamttuu irratti bu'uura raga dhiyeesseen hundeesuun irra ture himatamttuun eeyyama

---

qabaatin ija nuugii gurraacha kuntaala 16 fi ija raafuu kuntaala shan fe'ee ossoo geejjibu waan qabameef labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattoota kwt 43(1) irra darbuun himatame jira. Himata yakkaa A/Alangaa Daani'eel Gabree irratti dhiyeesseen himatamaan eeyyama seera qabeessa osso hin qabaatin buna qishira Kg.625 fe'ee ossoo deemu waan qabameef seera yakkaa kwt 433 irra darbee jira jedhamee himatamee jira.

<sup>166</sup> A/Alangaa wajjira haqaa magaala shashamannee fi Mulugeeta Mooshee fa'a N-2 lakk.galmeem himata A/Alangaa 02328

<sup>167</sup> Dhimmi kun waa'ee oomisha sadarkaa gad-buusuu fi waantoota alagaan walitti makanii qopheessuu waan ta'eef labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa fayyadamtootalabsii lakk.813/2006 kwt.22(10) jalatti kan caqafame waan ta'eef himanni kan dhiyaatuu qabus bu'uura kanaan ta'uu qaba.

midhaan daakuu baafatee eeyyama ishii kennameen ala tajaajila barbaree dakisisuu waan kenniteef daldala seeraan alaa raawwate dha.gochi kun immoo bu'uura labsii galmeessaa fi kannaa hayyamaa lakk. 686/2002 kwt.31(a) fi 60(1) jalatti kan dhiyaatu.Bakka ragaan himatamtuun gocha barbareen waantoota alagaan walitti makanii daassisuu irratti haala mijeessuu ishii agarsiisan hin jirretti himata haala kanaan hundeessuun rogummaa kan hin qabnee dha.

Dabalataanis A/Alangaa biratti dhimma tokkoo irratti seeraa garagaraa caqasanii himata hundeessuun ni mul'ata. Fakkeenyaaf,

Himata yakka A/Alangaa aanaa Sayyoo fi Tamiimaa Yaadataa mana murtii aanaa Sayyoo dhiyaatee himatamtuun seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 433 irra darbuun daldala zayita waan gaggeesitef seeraan ala daldaltee jirtii<sup>168</sup>

Haaluma wal-fakkaatuun dhimuma daldala seeraan alaa zayita irratti dhiyaate labsii galmeessaa fi kennaa hayyamaa bu'uura godhatee dha. Fknf,

Himata yakkaa A/Alangaa aanaa Sayyoo fi Asnaaqach Ballaxaa jiddutti mana murtii aanaa Sayyoo keessatti dhiyaateen himatamtuun eeyyama daldalaa osoo hin qabaatiin zayita nyaata waan daldalteef labsii galmeessaa fi kennaa eeyyama lakk.686/2002 kwt 31(1) fi 60(1)irra darbitee yakka raawwatteen himatamtee<sup>169</sup>

Dhimmoota armaan olitti caqafaman laman keessattii ijoo seeraa fi firiin dubbii wal-fakkaataa dha.himatamtoonni eeyyama daldalaa seera qabeessa ta'e osoo hin qabatiin daldalanii kan jedhuu yammuu ta'u himannii A/Alangaa himatamtoota irratti dhiyeesse seera adda adda lamaa bu'uura godhateetti.dhimma ijoo seera tokko fi firii dubbii tokko ta'e irratti himanni hunda'uu qabu himata gosa tokko ta'ee osoo jiru himata seera adda addaa jalatti dhiyeessuun dogongora dha.Himanni sirriin himata bu'uura labsii 686/2002 dhiyaate dha.

Dhimma biro irratti tarreen himannaa keessatti caqasaman garaagarumma ijoo dubbii fi seeraa osoo hin qabaatin keewwata seeraa garagaraa lama caqasuudhaan himata hundeessuun ni mul'ata.

---

<sup>168</sup> A/Alangaa aanaa Sayyoo vs Tamiimaa Yaadataa Dhimmaa mana murtii Aanaa Sayyoo lakk.galme 20517

<sup>169</sup> A/Alangaa aanaa Sayyoo vs Asnaaqach Ballaxaa Dhimmaa mana murtii Aanaa Sayyoo lakk.galme 20674

Dhimma A/Alangaa fi Rattaa Fiqaaduu irratti himatamaan labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtoota lakk.813/2006 kwt.43(5)irra darbuudhaan zayita nyaata jaarkaani 2000 ossoo geejjibsiisu qabamee jedhamee dhiyaate himata 2ffaa jalatti tarreen himannaa keessatti caqqsamee haala tokkoon ossoo hin jijjiramin labsicha kwt 43(4)irra darbuun seeraan ala geejjibee jedhamee himatamee jira.<sup>170</sup>

Dhimma armaan olitti dhiyaate irra akka hubatamuu danda’u konkolaachisaan zayita nyaataa seeraan ala ossoo geejjibu qabamuu isaati.kun immoo labsii lakk.813/2006 kwt.43(5) jalatti konkolaachisaan meeshaalee daldalaa bu’uuraa eeyyama ossoo hin qabaatin seeraan ala geejjibsiisuun dhoorkaa akka ta’e ifaan taa’ee jira.Himata 2ffaa keessatti kwt.seeraa 43(4) kan ilaallatu daldalaa akka ta’es labsichuma irratti taa’ee jira. Himatamaan konkolaachisaa akka ta’e ibsuun himata 1ffaa keessatti seeraan alaa meeshaa bu’uura geejjibsiise jedhe dhiyeesse raga himatamaan daldala ta’uu agarsiisu ossoo hin dhiyeessini kwt 43(4) labsichaa daladala ilaallatu caqasuun himata 2ffaa hundeessuun deegarsa seeraa kan qabuu miti.

Gama biraatiin immoo seerri A/Alangaa caqasee himatuuf ijoon tarree himanna A/Alangaa keessatti ibsaman kan wal-hin simanne ta’uunis akka rakkootti dhimmoota eeramuu danda’amanii dha.

Dhimma himata A/Alangaa Aanaa Gimpii Kariim Seefuu irratti dhiyeesseen himatamaan buna qishira kuntaaala 110(dhibbaa tokkoo fi kudhan) eeyyama darbiinsaa ossoo hin qabaatinii fi haala qulqullina isaa midhuu danda’uun keeshaa xaa’oottii fe’ee ossoo socho’uu waan qabameef buna seeraan alaa fi qulqullina bunaa haala midhuu danda’uun iddoo iddootti geejjibuun labsii sirna too’annoo qulqullina bunaa fi daldala buna lakk.160/2002 kwt.23(6)irra darbuun himatamee kan jedhuu dha.<sup>171</sup>

Dhimma armaan olii irratti himanni kwt.23(6)bu’uura godhatee dhiyaachuun isaa kan rogumma qabuu miti.Sababbiin isaa keewanni caqafame kan jedhu “*Abbaan konkoolata ykn konkolaachisan kamiyyuu buna seeraan alaa fe’ee yoo socho’e...*”kan jedhu dha.himatni dhiyaate immoo ijoon isaa buna seeraan alaa haala qulqullina bunaa midhuu danda’uun geejjibsiisuu kan jedhuu dha.kun immoo kan dhiyaatuun irra ture kwt.22(3) fi 23(4) jalatti dha.Kunis kwt.22(3) *buna haala qulqullina isaa miidhuun geejjibsiisun dhoorkaa* kan jedhu

<sup>170</sup> A/Alangaa Aanaa Gimpii vs Ratta Fiqaaduu mana murtii Aanaa Gimpii lakk.galme 17278

<sup>171</sup> A/Alangaa vs Kariim Seefuu waajjira haqaa aanaa Gimpii,lakk.galme 11577

yammuu ta’u kwt.23(4)gama isaatiin *buna seeraan alaa ykn haala hin eeyyamamneen iddoo iddotti geejjibuu* kan jedhu dha.

Dhimma armaan olitti ibsameen wal-qabatee rakkoon gama himannan jiru akkuma jirutti ta’ee gama seerichaatinis garaagarummaa jechaa yoo ta’e malee bu’uuratti keewwatoota armaan olitti caqafaman jidduu garaagarumma kan hin qabne dha.Hima biraatiin labsii sirna too’annoo qulqullina fi daldala bunaa Oromiyaa lakk.160/2002 irratti dhimmoonni kwt 23(4) jalatti hala bifa waliigalaan ibsamani fi kwt.23(6) jalatti haala addaan konkolaachisaa fi abbaa konkolaata ilaalattuun ibsaman jidduu garaagarumman hin jiru.Dhimmoonni kwt.23(6) jalatti ibsamani abban konkolaata fi konkolaachisan yammuu buna seeraan alaa geejjibsiisan itti gaafatamumma kan qaban ta’u isaaniti kun immoo haala namoota hunda hammatuun namni kamiyyu buna kara seeraan ala ta’een geejjibuun akka dhoorkaa ta’e labsicha kwt 23(4) jalatti ibsame jira.Gama kanaan seericha keessatti irra deddebiin kan mul’atuu dha. Rakkoon biro himannaa A/Alangatiin wal-qabatee ka’u dhimmoota dhiyaatan gad-fageenyaan xiinxalanii duguuganii himachuu dhabuun ni mul’ata.

Dhimma A/Alangaa fi sheek Abdallaa Ismaa’eel himatamaan seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 535(1)irra darbuun eeyyama ossoo hin qabaatiin tajaajila fayyaa waan kenneef himatamee jira jedhu.dhimma kana irratti ajaja mana murtiitiin mana himatama qorichoonni aadaa fi ammayaa qabamanii dhiyaatanii jiru<sup>172</sup>.

Dhimma armaan olii keessattii dhimmoonni akka rakkootti xiinxalamuu danda’an A/Alangaa himata yeroo hundeessu seera rogummaa qabu caqasee himachuu dhabuu. Inni biraa immoo dhimmoota himata adda addaa nama gaafachiisuu danda’an bakka tokkottii dhiyeessuu dha.labsiin nyaata,qorichaa fi bulchiinsa fi too’annoo eegumsa fayyaa lakk.661/2002 kwt.33(1) jalatti ***namni akka ogeessa yaalaatti hojjachuu barbaadu eeyyama ogummaa qabaachuu qaba***.jechuun ifaan kaa’ee jira.dhimmaa yaalaa adaatiin wal-qabatee labsima 661/2002 kwt.46(1) jalattii immoo ***namni kamiyyuu qaama rogummaa qabu irraa eeyyama ogummaa ossoo hin argatin yaalumsa aadaa ykn ....irratti hirmaachuu hin danda’uu*** jedha.Himannan A/Alangaa dhiyeesseef ragaan dhiyaate kan agarsiisu himatamaan tajaajila yaala aadaa fi ammayaa waluma irratti eeyyama ogummaa ossoo hin qabaatin kennna jiraachuu isaa yammuu ta’u himanni dhiyaate immoo seera yakkaa idilee jalatti dhimmoota lachuu bakka tokkotti

---

<sup>172</sup> A/Alangaa Aanaa Seeruu vs sh.Abdallaa Ismaaeel,lakk.galmees Mana Murtii Aanaa Seeruu 07978

ilaaludhaan.labsii jalatti immoo dhimmoota kophaatti itti gaafatamummaa hordofsiisanii fi adabbiin garaagaraa teechifamee dha.kanaafuu Dhimmichi dhiyaatuun kan irra ture labsii lakk.661/2002 kwt.33(1)fi 53(1) m fi Kwt 46(1) fi 53(1) o jalatti himata of-danda'e lama ta' uun ture.

Bargaaffii poolisoota fi A/Alangaa namoota 151(dhibba tokkoo fi shantamii tokkoo) *ragaalee fi seeraan wal-simsiisanii himannaa sirrii hundeessuu irratti hanqinni jira?* jedhamanii gaafatamanii namoonni **130**(dhibba tokkoo fi soddoma) deebii kennaniin namoonnii **63**(jahatamii sadii) **48.77%** eeyyen yammuu jedhan namoonni **67**(jahatamii torba) **51.33%** gama isaaniitiin **lakkii** jedhanii jiru.Namoonni eeyyen jedhan A/Alangaa seera fi raga dhiyaate irratti hunda'aanii himata dhiyeessuu irra dhiibbaa adda addaatiin himata qulqullina hin qabne hundeessuu,namoota himatamuu qaban hunda himachuu dhiisuu,ragaalee hunda duguuganii fayyadamuu dhabuu fi dhimmoota hundaa duguuganii himachuu dhiisuu akka rakkootti kaasani jiru.

A/seera 61 ragaalee fi seera wal-simsiisanii himata gahumsa qabu qabu dhiyeessuu irratti gahumsii A/Alangaa maal fakkaata jedhamee dhiyaateef namoonni 58 deebii kennan keessaa namoonni 8(saddeet) **13.79%** **ol'aanaa** yammuu jedhan namoonnii 38(soddonii saddeet) **65.51%** **jiddu galeessa** namoonni 12(kudha lamaa) **20.69%** immoo **gad-aanaa** jedhanii jiru.namoonni jiddu-galeessa fi gad-aanaa jedhan hanqinaalee yammuu ibsan seera dhimmicha ilaaluu waliin ragaa qindeessanii himata hundeessuu dhabuu,ragaalee guutanii dhiyeessuu dhabuu akka rakkootti kaasani jiru.

Data armaan olitti bifa bargaaffiin poolisootaaf A/Alangaa irraa sassabameerraa namoonni walakka ta'an qulqullina himana irratti rakkoon ni jiraa jedhanii jiruu.bifa barreefaniis yaadoonni ibsan rakkoolee jira jedhaman kan haala cimsuun ka'ee dha .duub-deebii gama A/seeraa irra funaanameen harki caaluu jiddu galeessa yaa jedhuu malee yaadoota ibsaniin akka hanqinaaleen jirani dha. Yaadoota af-gaafiin sassabaman irralle waanti hubatamuu A/Alangaa himannaa yammuu hundeessan seera fi keewwata rogumma hin qabne caqasa himachuu,raga hundaa duguuganii fayyadamuu dhabuu,seera adabbii gad-aanaa qabu filachuu,dhimmoota himachuu qaban hunda duguuganii adda baasani himachuu dhabuu, dhimma ijoo tokkoo irratti himataa adda addaa lama hundeessuu waantoota akka rakkootti ka'anii dha.dabalataanis dhimmoota xiinxalaman irraas kan hubatamuus rakkoon qulqullina himanna A/Alangaa

keessatti akka mul'atuu dha. Kanaafu yaadoota kanniin hunda walitti fidnee yammuu ilaallu himati A/Alangaa daldala seeraan alaa irratti bu'uureessu keessatti hanqinni qulqullina akka calanqisuu dha.



## BOQONNAA SHAN

### Kenniinsaa fi Raawwii Murtii Dhimma Daldala Seeraan Alaa

#### Seensa

Daldalli seeraa alaa sochii daldala seera qabeessa, nageenya uummataa fi galii mootummaarratti miidhaa guddaa kan geessisu waan ta'eef<sup>173</sup> mootummaan labiilee sirna to'annoo qulqullinaa fi daldalaa kabachiisan adda addaa tumee hojiirra oolcheera. Seerotni sunniin kallattii gochi daldala seeraan alaa ittiin to'atamu danda'u tumanii jiru.<sup>174</sup> Fakkeenyaaf, galmee daldalaarratti galmaa'uu, hayyama hojii baafachuu, hayyama gahumsa hojii qabachuu, waraqaa darbiinsaa qabataniis meeshaalee daldalaa geejjibuu, daangaa seerri ajaju keessatti meeshaalee daldalaa geejjibuu, gibiraa fi kaffaltii daldalaarraa barbaadamu raawwachuu fi kkf akka barbaachisummaa isaatti ibsanii jiru. Labiilee, dambiilee fi qajeelfamootni gama kanaan bahanii jiran bu'aa barbaadamu argamsiisuu kan danda'an kallattii sirrii ta'een hiikamanii hojiirra kan oolan yoo ta'e qofaa dha.<sup>175</sup> Haa ta'u malee, seerota gocha daldala seeraan alaa to'achuuf bahanii jiran haala kaayyoo waliigala seerichaa galmaan gahuu danda'uun hiikanii dhimmootarratti raawwachiisuu fi murtii kennaman raawwachiisurratti hanqinaaleen gama manneen murtii Oromiyaatiin mul'atan hedduu dha. Haaluma kanaan, boqonnaan kun seerota hiikanii murtii gahumsa qabu kennuurratti akkasumas murtiilee kennaman raawwachiisu irratti hanqinaalee jiraniis fi ka'umsa isaanii gabaabinaan kan ilaalu ta'a.

#### 5.1. Dhimmoota Daldala Seeraan Alaa Irratti Murtii Kennuu

Dhimmoota gocha daldala seeraan alaan wal-qabataniis mana murtiitti dhiyaatan irratti murtii gahumsa qabu kennuu fi seerota dhimmoota kanneen bitan irratti hubannoo gahaa qabachuu, fi amanamummaa fi yaada gaariin seerota kanneen hiikanii hojiirra oolchuu gaafata. Gama seerota fi ragaa dhiyaate kallattii sirrii ta'een hiikanii hojiirra oolchuurratti hanqinaaleen manneen murtii Oromiyaa keessatti mul'atan kutaa kana jalatti xiinxalamaniiru.

---

<sup>173</sup> Labsii Galiwwanii fi Gumuruukaa, lakk 622/2001, seensa; Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Fayyadamtootaa, lakk 813/2006, seensa

<sup>174</sup> Labsii galmee daldalaa fi hayyamaa lak 686/2002, kwt 3(1-2); Labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa naannoo oromiyaa, labsii lakk 160/2002, seensa

<sup>175</sup> Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe, lakk 141/2000, kwt 3(c); Qajeelfama Koree Deeggarsa Misooma Oomishaalee Eksipoortii Naannoo Oromiyaa, waxabajjii 2006, lakk 6.1.4, fuula 12

### **5.1.1. Hubannoo Abbootiin Seeraa Seerota Daldalarratti Qaban**

Sirna to'annoo daldala seeraan alaa keessatti labiilee, dambiilee fi qajeelfamoota adda addaa bahanii jiran ilaalchisee hubannoo gahaa qabaachuun barbaachisaa dha. Dhimma kanarratti hubannoo gahaa qabaachuu abbootii seeraa adda baasuuf bar-gaaffii abbootii seeraaf dhiyaaterratti deebiin kenname yoo ilaalamu abbootii seeraa 61 bar-gaafficha guutan keessa abbootiin seeraa 13.12% hubannoo olaanaa, abbootiin seeraa 36 59.01% hubannoo giddu-galeessa, fi abbootiin seeraa 27.87% hubannoo gadaanaa akka qaban ibsaniiru. Lakkoofsi kun akka garsiisutti, abbootiin seeraa dhimma daldala seeraan alarratti hubannoo gahaa qabna jedhanii ofitti amanamummaa guutuun dubbatan 13.12% qofa. Abbootiin seeraa 59.01% ta'an hubannoo kan qaban yoo ta'ellee dhimma daldala seeraan alaa haala barbaadamuun keessummeessuuf hubannoo isaan dandeessisu akka hin qabne dhugaa bahu. Kanneen 27.87% ta'an ammoo hubannoo hojichaa isaan hojjechiisuu danda'u kan hin qabnee fi hubannoon gahaan yeroo muraasa keessatti kennamuufii akka qabu ibsu. Walumaagala, abbootiin seeraa 86.88% ta'an gocha daldala seeraan alarratti murtii gahumsa qabu kennuuf hubannoo isaan seerota to'annoo hojii daldalarratti bahani jiran hiikani hojiirra oolchuu ilaalchisee qaban gahaa kan hin taane akka ta'e deebiin bar-gaaffiirraa argame ni akeeka.

Abbootiin seeraa bar-gaaffii guutan tokko tokko hanqina gama kanaan qaban waraqaa irratti adda baasanii haala ittaanuun kaa'uu yaalaniiru. Akka ibsa isaanii sanatti, to'annoo daldala seeraan alaa keessatti akka naannoo Oromiyaa fi Federaalaatti labiilee, dambiilee fi qajeelfamoota hedduutu bahanii hojiirra jiru. Seerotni sadarkaa adda addaatti bahanii jiran kanneen dhaqqabamoo miti, keessattuu sadarkaa aanaatti. Seerota kanneen irratti hubannoo waliigalaa kennuunis haa ta'u keewwattoota seerota kanneenii kan hanqinaalee adda addaa qaban irratti leenjiiin abbootii seeraaf qaama dhimmi ilaallatuun kennamaa hin jiru. Dhaqqabamoo ta'uu dhabuun seerota, leenjii hubannoo uumu kennuu dhabuun qaama dhimmi ilaaluu, xiyyeeffannoo kennuu dhabuun abbootii seeraa fi seerotni gama kanaan bahanii jiran hedduu ta'uun isaanii madda hanqina hubannoo akka ta'an abbootiin seeraa kanneen ibsaniiru.

Abbootiin seeraa dhimma kanarratti hubannoo barbaachisu qabaachuu dhabuu isaanii abbootiin seeraa ofii isaaniitiin kan ibsan ta'uun akkuma eegametti ta'ee, dhimmootni isaan keessummeessan tokko tokko hanqina hubannoo akka qaban ni akeeku. Dhimmoota seerota to'annoo fi qulqullina daldalaa bu'uureffatanii mana murtiitti dhiyaatan abbootiin seeraa

duubatti dhiisanii yookaan ro gummaa isaa adda baasuu dagatanii himata abbaa alangaa seerota ro gummaa gahaa hin qabne jalatti jijjiiruun murtii yoo kennan ni mul'ata:

Abbaan alangaa aanaa Sayyoo himatamtuun hayyama daldalaa osoo hin qabaatiin hojii daldalaa gaggeesitee jirtii jechuun bu'ura labsii 686/2002 kwt 60/1 himata bu'uureesse. Himatamtuun mana murtiitti dhiyaatee gochicha raawwachuu ishee amante. Manni murtii garuu himaticha bu'ura s/d/f/y kwt 113 tiin gara seera yakkaa idileetti jijjiruun adabee jira.<sup>176</sup>

Haaluma wal-fakkaatuun, Godina Baalee Aanaa Gooroo keessatti himatamaan buna seeraan ala kuusee jira jedhamee himatame. Himatamaan dhiyaatee bunnichi kan isaa akka hin taane dubbate. Yaada himatamaa kanarratti hundaa'uun manni murtii himaticha gara dhoksaatti jijjiiree adabe.<sup>177</sup>

Daldalli dinagdee biyyaa wajjiin hidhata guddaa qaba. Gochi sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaarratti raawwatu kallattiin gocha dinagdee biyyaarratti raawwatu waan ta'eef, xiyyeeffannoo guddaan keessummeeffamuu qaba. Yaada bu'uura kanarraa ka'uun mootummaan meeshaalee daldalaa sharafa biyya alaa guddisan jedhaman ilaalchisee labsii qofa qofaatti baasuun akka dhimmootni achi jalatti kufuu danda'an labsii sanaan akka oogganaman taasisee jira.<sup>178</sup> Osoo labiin sun gocha tokko dhorkee jiruu gocha dhorkame sana labsii biraa keessatti tumaa seeraa tumamee jiru jalatti adabuun xiyyeeffannoo kannamuufii qabu kennuu dhabuu ta'a. Itti dabalees, xiyyeeffannoo kennuu dhabuun kun ammoo barbaachisummaa labsichaa sirriitti hubachuu dhabuurraa madda jechuun ni danda'ama. Dhimmootni lamaan armaan olitti ibsaman labiilee of-danda'an adda addaa lamaan oogganamu. Hima biraan, osoo labiin sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa jiruu gocha qulqullinaa fi gabaa bunaarratti raawwate kana gara seera yakkaa idileetti deebisuun rakkoo hanqina hubannoo of-keessaa akka qabu ni hubatamma.

---

<sup>176</sup> Af-gaaffii obbo Kadiir Hammuu, ogeessa seeraa BDMGO, waliin gaafa 04/05/08 taasifame

<sup>177</sup> Af-gaaffii obboo Abdulwaahid Abdurrahman i/gaafatama waajjira haqaa aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame

<sup>178</sup> Fakkeenya sharafa alaa daldala bunarraa argamu guddisuuf, hojii daldalaa fi qulqullina bunaa saffisaa taasisuuf akkasumas gocha daldala seeraan alaa bunarratti gaggeeffamu to'achuuf mootummaan Oromiyaa labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa lak 160/2002 akka baase seensa labsichaarratti ni ibsa. Kanaafuu, dhimmootni daldala bunaa fi qulqullina bunaa wajjiin wal-qabatan labsii kanaan oogganamuu qabu jechuu dha.

### 5.1.2. Aangoo Mana Murtii Idilee fi Qaamolee Biroo Adda Baasuu

Gochoota daldala seeraan alaa keessummeessuu keessatti rakkoon akka ijootti ka’u tokko rakkoo aangoo wajjiin wal-qabatuu dha. Daldala seeraa alaan walqabatee labsiileen jiran aangoo ifaan tumuu irratti rakkina iftoominaa hedduu akka qabanii fi hojiirra oolmaan isaanii rakkisaa akka ta’e ogeessotni af-gaaffii deebisan ni ibsu.<sup>179</sup> Gama kanaan labsiileen rakkoo qabaachuun beekamoo ta’an lama adda durumaan ni eeramu. Isaanis, tumaalee labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa hojiirra oolchuu ilaalchisee manni murtii idilee aangoo qabaachuu isaarratti shakkii jiruu dha. Itti dabalees, labsiilee Federaalaa fi Oromiyaa sirna to’annoo qulqullinaa fi daldala bunaarratti bahani jiran wal-qixa raawwatiinsa kan qaban waan ta’eef dhimmoota isaan garaagarummaa irratti qabanirratti isa kamtu olaantummaa akka qabu ilaalchisee hubannoon gahaa dhabamuu dha. Akkasumas, aangoo mana murtii idilee fi aangoo koreewwan garagaraa adda baasuurratti hanqinni darbee darbee ni mul’ata. Dhimmootni ijoo ta’a sadan kanneen akka armaan gadiitti dabaree dabareen keessummeeffamaniiru:

#### I. Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Fayyadamtootaa

Dhimmi eegumsa mirga fayyadamtootaa fi dorgommii daldalaa labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006 bitamaa jira. Labsiin kun kwt 32 jalatti dhaddacha A/Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Fayyadamtootaa sadarkaa Federaalaatti hundesseera. Dhaddachi kun falmii dorgommii daldalaa, dhimma eegumsa mirga fayyadamtootaa, sababa dorgommii daldala seeraan alaatiin miidhaa daldalootarra gahuu fi sababa sarbamu mirga fayyadamtootaan miidhaa fayyadamaarra gama maallaqaa fi hamileen Magaalaa Finfinnee fi Dirre Dawwaa keessatti gahu ilaalchisee falmii beenyaarratti murtii kenna. Hima biraatiin, dhaddachi dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa Federaalaa eegumsa mirga fayyadamtootaa ilaalchisee murtii akka kennuuf kan aangeffame falmii beenyaa fayyadamtootni daldalootarratti dhiyeessan keessummeessuu malee tarkaanfii bulchiinsaas ta’e adabbii bulchiinsaa daldaloota tumaalee eegumsa mirga fayyadamtootaa

---

<sup>179</sup> Af-gaaffii obboo Alamaayyoo Uumaa, A/seeraa fi B/B pirezidaantii Mana murtii aanaa sabbataa Awwaas, waliin gaafa guyyaa 12/05/08 taasifame, Oobbo Baqqalaa Ittichaa, A/Alangaa Waajjira haqaa magaalaa sabbataa, waliin gaafa guyyaa 13/05/08, Obbo Jaldoo Badhaasoo, I/Gaafatama waajjira haqaa aanaa arsii nageellee, waliin gaafa guyyaa 15/05/08, Oobbo Hedatoo Fayyisaa, I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa Shashamannee, waliin gaafa guyyaa 19/05/08, Obbo Kamaal Sirboo, Pirezidaantii Mana murtii ol’aanaa godina Arsii lixaa, waliin gaafa guyyaa 20/05/08, Obbo Kabbadaa Yaa’ii, I/Gaafatamaa waajjira haqaa godina Baalee, waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame

cabsanirratti hin fudhatu.<sup>180</sup> Itti dabalees, yakka eegumsa mirga fayyadamtootaa irratti raawwatu ilaalchisee murtii kennuuf daddachichi guutummaatti hin aangeffamne.<sup>181</sup>

Labsichi kwt 34 jalatti tokkoo tokkoon naannolee akka barbaachisummaa isaatti qaama abbaa seerummaa fi mana murtii ol'iyyata dhagahaa bulchiinsaa eegumsa mirga fayyadamtootaa hundeessuu akka danda'an aangessee jira. Naannoleen abbaa taayitaa eegumsa mirga fayyadamtootaa osoo hin taane dhaddacha eegumsa mirga fayyadamtootaa qofa huneessuu danda'u. Dhaddachi hundeeffamu kun aangoo dhaddachi dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa federaalaa dhimma eegumsa mirga fayyadamtootaa irratti qabu wajjiin wal-qixa jedhamee waan fudhatamuuf, dhaddachi Oromiyaa keessatti hundeeffamu kun miidhaa daldaltootaan fayyadamtootarra gahuu danda'u ilaaluu malee murtii tarkaanfii bulchiinsaa, adabbii bulchiinsaa fi yakkaa murteessuuf aangoo hin qabu.

Tumalee labsii kanaa sirriitti hubachuu dhabuun qaamoleen haqaa Naannoo Oromiyaa dhimma dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa ilaalchisee qorachuu, himachuu fi murtii kennuuf aangoo hin qabnu jechuun dhimma kana keessummeessuu yoo didan ni mul'atu.<sup>182</sup> Keessumattuu manneen murtii baay'een himannaa dhiyaatu yeroo baay'ee galmee osoo cufanii mul'atu. Fakkeenyaaf, bara 2006 keessa Magaala Burrayyuu keessatti galmee sadii dhimma meeshaalee bu'uuraatiin wal-qabatu mana murtiitti yoo dhiyaatu m/murtii aangoo hin qabuu jedhe galmee cufeera.<sup>183</sup>

Gama biraan, ammoo manneen murtii ofitti fudhanii keessummeessan baay'een jiru.<sup>184</sup> Yeroo ammaa kana gocha yakkaa mirga fayyadamtootaa irratti raawwatu manneen murtii aanolee bal'inaan keessummeessaa jiru. Haaluma kanaan, Abbaan Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Fayyadamtootaa Federaalaa manneen murtii aanolee dhimma kana ilaaluuf aangoo akka qaban ibsuun ejjennoo yeroo itti qabatu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma

---

<sup>180</sup> Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006, kwt 32(1 a&b, fi c) wal-bira qabaa ilaalaa

<sup>181</sup> Miiljalee olii

<sup>182</sup> Af-gaaffii obbo Iijaalam Ofgahaa, ogeessa galmeessaa fi eeyyama hojii daldalaa BDMGO, waliin gaafa guyyaa 04/05/08, Obbo Dabalaa Seenxii, ogeessa seeraa wajjira daldala fi misooma gabaa magaalaa Shashamannee, waliin gaafa guyyaa 18/05/08, I/A/Kom Mulugeetaa Laggasaa, I/Gaafatama wajjira poolisii aanaa 3ffaa magaalaa burraayyuu, waliin gaafa guyyaa 15/06/08 taasifame

<sup>183</sup> Af-gaaffii I/A/Kom.Mulugeetaa Laggasaa I/Gaafatama wajjira poolisii aanaa 3ffaa magaalaa burraayyuu, waliin gaafa guyyaa 15/06/08 taasifame

<sup>184</sup> Af-gaaffii Obbo Ijennaa Gizaw, Ab/Ad/qor/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira haqaa G/A/O/N/F, waliin gaafa guyyaa 10/05/08

tokkorratti sukkaara FSR guutuun godina Arsii Lixaa keessatti qabamee jennaan A/Taayitichaa dhimma kana mana murtii aanaatti dhiyeessuun akka ilaalamu gochuu akka danda'an kallattii qabsiisee jira.<sup>185</sup> Haaluma kanaan dhimmichi mana murtii aanaa Nagallee Booranaatti keessummeeffameera.<sup>186</sup>

Gara tumaa labsii 813/2006tti yoo deebinu, dhaddachi A/taayitaa dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa dhimmoota lama qofa keessummeessa: dhimma tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii bulchiinsaa dhimma dorgommii daldalaa wajjiin wal-qabatan, fi dhimma siiivilii gaaffii kaffaltii beenyaa daldalootni gocha dorgommii daldalaan miidhamanii fi fayyadamtoota gocha tumaalee eegumsa mirga fayyadamtootaa cabseen miidhamaniin wal-qabatee falmiiwwan dhiyaatan qofa ilaala.<sup>187</sup> Itti dabalees, qaamni abbaa seerummaa eegumsa mirga fayyadamtootaa naanoleetti hundeeffamu dhimma eegumsa mirga fayyadamtootaa ilaalchisee falmii beenyaa irratti murtii kennuu danda'a. Dhaddachi hundeeffamuu malu sun falmii tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii bulchiinsaa keessummeessuu fi murtii akka danda'u labsichi waan akeeku hin qabu. Dhimma falmii yakkaa ammoo dhaddachi A/Taayitaa Federaalaas ta'e dhaddachi eegumsa mirga fayyadamtootaa naannolee keessummeessuuf guutummaatti aangoo hin qabani. Haala addaan ibsuuf, manneen murtii idilee naannolee eegumsa mirga fayyadamtootaan wal-qabatee gocha yakkaa raawwatamu ilaaluu, fi tarkaanfii fi adabbii bulchiinsaa fudhatamurratti ol'iyyannoo dhiyaatu manni murtii olaanaa keessummeessuuf aangoo qabu jechuu dha.<sup>188</sup> Itti dabalees, hanga dhaddachi eegumsa mirga fayyadamtootaa hundaa'utti ammo dhimma miidhaa sivilii fayyadamtootarra gahu ilaalchisee murtii beenyaa kennuuf aangoo guutuu qabu jechuun ni danda'ama.

Falmii seera qabeessummaa meeshaale daldala bu'uuraarratti dhiyaatan ilaalee murteessuun labsii lak 813/2006 raawwachiisutti dabalee dambii kabchiisa mirga fayyadamtootaa dambii 1/2004 waajjirri Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa baase hojiirra oolchuu kan dabalatuu dha. Labsiin kun kwt 25 fi 26 jalatti haalli raabsa, gatii fi bakkaa gara bakkaatti socho'uu meeshaalee daldala bu'uuraa beeksisa uummataa, fi dambii ykn qajeelfama ministeerri daldalaa

---

<sup>185</sup> Af-gaaffii I/A/insp Ballaxaa Isheetuu I/Gaafatama, wajjira poolisii magaala Arsii nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 taasifame, Obbo Magarsaa Kumsaa, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisisa wajjira haqaa godina Baalee, waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame

<sup>186</sup>

<sup>187</sup> Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa, labsii lakk 813/2006, kwt 32

<sup>188</sup> Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa, labsii lak 813/2006, kwt 32(1C)

qaama dhimmi ilaalu wajjiin ta'uun baasuun kan bulan ta'u tuma. Labsichi kwt 48(1) jalatti beeksisnii fi qajeelfamni labsii sirna dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 685/2002tiin bahanii jiran hanga bu'uura labsii lak 813/2006n bahanitti hojiirra kan turan ta'uu ibseera.<sup>189</sup> Haaluma kanaan, qajeelfamni meeshaalee bu'uura daldalaa kwt 1/2004 dhimma kanarratti raawwatiinsiin kan qabaatu ta'a jechuu dha. Namni daldalaa hin taane tumaalee qajeelfama sanaa kanneen dhimmoota labsicha keessatti ifatti hin teenye aguugee jirurra darbuun meeshaalee daldalaa bu'uuraa kan akka sukkaaraa, zayitaa fi daakuu kallattiisaa malee geejjibe, hanga nama tokkotti gurguramuu qabuu olitti kan gurgure fi tumaalee qajeelfamichaa kan biroo cabse labsicha kwt 43(2-5) adabamuu kan hin dandeenye taanaan labsicha kwt 43(6) jalatti kan adabamu ta'a. Kanaafuu, manneen murtii Oromiyaa dhimmoota meeshaalee daldala bu'uuraa wajjiin wal-qabatanii dhiyaatan keessummeessuuf aangoo guutuu qaba jechuun ni danda'ama.

## **II. Labsiilee Sirna To'annoo Qulqullinaa fi Daldala Bunaa**

Eegumsi qulqullina bunaa fi daldalli bunaa haala dinagdee biyyaa deegaruu danda'uun akka gaggeeffamutti mootummaan Federaalaa labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa lak 602/2000 baasuun hojiirra oolchee jira. Labsiin kun kwt 16 jalatti yakkooni qulqullinaa fi daldala bunarratti raawwataman mana murtii Federaalaa Sadarkaa Tokkooffaa irratti akka ilaalaman tumee jira. Heerri mootummaa RDFI kwt 80(4) manni murtii olaanaa naannoo aangoo dhimmoota naannoorratti qabutti ida'ee aangoo manni murtii Federaalaa sadarkaa tokkooffaa qabu akka qabaatu ni ibsa. Bu'uura kanaatiin dhimmootni yakkaa labsii bunaa lak 602/2000 irratti hundaa'anii dhiyaatan mana murtii olaanaa Oromiyaatti malee mana murtii aanaatti keessummeeffamuu hin qabu jechuun ogeessotni amanu.<sup>190</sup>

Gama biraatiin, Heerri mootummaa FDRI aangoo manneen murtii Federaalaa tarreessee hin jiru. Aangoon mana murtii Federaalaa labsii manneen murtii Federaalaa lak 25/88 kwt 3, 4, 5, 6, fi 7 adda bahee seeraan tumamee jira. Labsichi kwt 4 jalatti dhimmoota yakkaa aangoo

---

<sup>189</sup> Manni Marii ministeerota meeshaaleebu'uura kan akka sukkaaraa fi zayitaa irratti to'annoo gatii fi dhiyeessa isaanii Mudde 28 bara 2003 murteessuun uummataaf ifa taasiseera. Guyyaa caqasame kanaa asi daldalli meeshaalee kanneeni seerota daldalaa cinatti bu'uura beeksisa kanaan gaggeeffamaa jiru. Yaada kana irratti hubannoo gahaa argachuuf qajeelfama sirna raabsaa meeshaaleebu'uura Biiron Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa baase ilaalaa

<sup>190</sup> Waqqaarii Sambataa, Abbaa Alangaa fi A/Adeemsa Adeemsa Murtii Haqaa Kennisiisaa, Waajjira Haqaa Godina Wallagga Lixaa, af-gaaffii gaafa 9-5-2008 waliin taasifame; Komaandar Dastaa Mokonnin, oogganaa qajeelcha poolisii magaalaa sabbataa, af-gaaffii 13-5-2008, waliin gaggeeffame

manneen murtii federaalaa ta'an adda baasee tarreessee kan jiru yoo ta'u yakkoota qulqullinaa fi daldala meeshaalee daldalaa irratti raawwataman garuu tarree sana keessatti hin hammachiifne. Kanaafuu gochi yakkaa qulqullinaa fi daldala bunaarratti raawwatamu aangoo mana murtii federaalaa miti jechuun ni danda'ama. Gochi yakkaa kun aangoo mana murtii federaalaa waan hin taaneef, mana murtii sadarkaa tokkoffaa federaalaatti dhimmichi ilaalama waan jedhame qofaaf bu'uura Heera Mootummaa kwt 80 (4) Oromiyaa keessatti mana murtii olaanaatti kan ilaalamu hin ta'u. Bu'uura hiikkoo seeraa kanaatiin labsiin sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Oromiyaa lak 160/2002 osoo hin ba'inillee manneen murtii aanolee tokko tokko gocha yakkaa qulqullinaa fi daldala bunaarratti raawwate simatanii bu'uura labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Federaalaa lak 602/2000 keessummeessaa turaniiru.

Oromiyaarratti raawwatiinsa qabaachuun labsii kanaa ragga'ee osoo jiruu Caffeen Oromiyaa labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa lakk 160/2002 baasuun labsiileen lama dhimma tokkorratti wal-faana raawwatiinsa akka qabaatan taasiseera. Labsiin boodarra bahe kun aangoo dhimma yakkaa daldalaa fi qulqullinaa bunaa wajjiin wal-qabatu ilaalchisee manneen murtii Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran keessummeessuuf aangoo akka qaban kwt 24 jalatti tumee jira. Tumaan keewwata kanaa iftoomina gahaa waan hin qabneef kallattii adda addaatiin yerootti hiikamu ni mul'ata. Hiikkoon tokko keewwatni kun haala tumaa labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Federaalaa kwt 16tti (haala ibsa tokkoffaa armaan olii) manni murtii sadarkaa godinaa fi waliigala irra jiran dhimmicha ilaaluuf aangoo qabu kan jedhuu fi manni murtii aanaa aangoo hin qabu kan jedhuu dha. Hiikkoon biroon ammoo bu'uura labsii manneen murtii Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe lakk 141/2000 irratti hundaa'uun manni murtii aanaa, manni murtii godinaa fi manni murtii waliigala oromiyaa aangoo kan qabaatan ta'uu akeeka. Labsiin sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Oromiyaa erga labsamee boodallee gochi to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaarratti raawwatu bakka tokko tokkootti mana murtii aanaatti yoo dhiyaatu bakka birootti ammoo mana murtii olaanaatti dhiyaachaa tureera.

Gama biraan, labsiileen lamaan kanneen dhimma aangoo mana murtiiratti ejjennoo garagaraa qabu jechuun falmiiwwan labsii bunaa federaalaarratti hundaa'anii dhiyaatan mana murtii olaanaa eegaluu qabu, kanneen labsii bunaa oromiyaarratti hundaa'anii dhiyaatan ammoo mana murtii aanaatii eegaluu qabu yaadni jedhu ogeessota seeraa biratti bal'inaan calaqqisa.



Dhimmootni manneen murtiin keessummeeffamanii jiran tokko tokkos yaadni kun qabatamaan hojiitti kan jijjiirame ta'uu agarsiisu:

Falmii A/Alangaa fi Meerii W/Yohaanis gidduu ture irratti<sup>191</sup>, himatamaan 2ffaa abbaa konkolaataa buna kuntaala 58 seeraan ala fe'ee utuu deemuu qabamee waan ta'eef labsii bunaa kwt 15(6) jalatti mana murtii olaanaatti himatni dhiyaate. Manni murtichaas dhimma kana sadarkaa tokkoffaan ilaalee murtii itti kenneera. Manni murtii godina Arsii falmii A/Alangaa fi Muhammad Sule<sup>192</sup> faa, gidduutti gaggeeffamaa ture haaluma kanaan ilaalee murtii itti kenneera.

Gama biraan, abbaan alangaa himata Kariim Seefuu irratti dhiyeessarratti<sup>193</sup> himatamaan buna qishira kuntaala 110 konkolaataa abbaasaa fi inni bakka bu'ummaa guutuu fudhatee jiruun haayyama darbiinsaa osoo hin qabaatinii fi haala qulqullina isaa miidhuu danda'uun buna keeshaa xaa'ootti fe'ee osoo socho'aa jiruu waan qabameef labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa lakk 160/2002 kwt 23(6) mana murtii aanaa Gimbiitti himatameera; manni murtichaas dhimmicha ilaalee keessummeesseera. Falmiin abbaa alangaa fi himatamaa Yirgaalam Kidaanee gidduu ture haaluma wal-fakkaatuun mana murtii aanatti keessummeeffamee murtii argateera.<sup>194</sup>

Armaan olitti akka ibsame, dhimmootni mana murtii sadarkaa tokkoffaa Federaalaatti ilaalaman hundi naannoleetti mana murtii olaanaatti ilaalamu jechuu miti. Fakkeenyaaf, dhimmi aangoo mana murtii sadarkaa tokkoffaa Federaalaa qofatu naannootti yeroo gadi bu'u mana murtii olaanaa naannootiin keessummaa'a. Hima biraan, dhimmootni aangoo mana murtii sadarkaa tokkoffaa Federaalaa hin taane dirqama mana murtii olaanaa naannoleettiin ilaalamuu qabu jechuu miti. Dhimmoota aangoo manneen murtii Federaalaa kan hin taane, naannoleen seera mataa isaanii baafachuun mana murtii kamitti dhiyaachuu akka qabu adda baasuu danda'u. Haaluma kanaan, yakki to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaarratti Naannoo Oromiyaa keessatti raawwatu bu'uura labsii manneen murtii irra deebi'iin hundeessuuf bahe lak 141tiin ilaalamee manni murtii itti dhiyaatu adda kan bahu ta'a jechuu dha. Bu'uuruma kanaan, yakkooni sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaarratti raawwatan hundi isaanii waggaa kudhanii gadi

---

<sup>191</sup> A/Alangaa Vs Meerii W/Yohaanis No 3, M/Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Lixaa, lakkoofsa galmee 16360

<sup>192</sup> A/Alangaa vs. Muhammad Sule faa, Mana Murtii O'aanaa Godina Arsii, gamee lakk 40087

<sup>193</sup> Abbaa alangaa vs. Kariim Seefuu, waajjira haqaa aanaa gimbii galmee lakk 11577, galmee lakk poolisii 09/2008

<sup>194</sup> Abbaa alangaa vs. Yirgaalam kidaanee, Mana Murtii Aanaa Maannaa, galmee lak 10688

adabsiisu.<sup>195</sup> Dhimmootni kanneen bu'uuraa labsii 141/2000 kwt 27(2) fi 28(1a) mana murtii aanaa Oromiyaatti kan keessuma'anii dha.

### **III. Aangoo Qaamolee Raawwachiiftuu fi Mana Murtii Idilee**

Gocha daldala seeraan alaa raawwataman irratti qaamoleen murtii akka kennaniif aangeffaman hedduun jiru. Seera qabeessummaa meeshaalee daldalaa qabaman irratti murtii akka kennaniif kan aangeffaman qaamolee raawwachiiftuu sadarkaa waajjiraa fi koreetti hundeeffananii jiraanii dha. Fakkeenyaaf, Biiroo Qonna Oromiyaa seera qabeessummaa salixaa fi boloqqee qabamee akkasumas seera qabeessummaa buna qabameerratti murtii akka kennuuf Dambii 178/2002 kwt 2(9) fi 23(1) akkasumas seera qabeessummaa buna qabameerratti murtii akka kennu labsii bunaa Oromiyaa kwt 2(1) fi Dambii bunaa Federaalaa kwt 22(2) aangeffamee jira. Biiroo Dalalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa seera qabeessummaa meeshaalee daldalaa bu'uuraa qabaman irratti murtii akka kennuuf labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006 kwt 2(15) fi kwt 23 jalatti aangeffameera.

Aangoon waajjiraalee olitti eeramaniif kenname akkuma jirutti ta'ee qaamoleen adda addaa walitti dhufanii bakka tokkotti dhimmoota olitti eeramaniiratti murtii akka kennan ta'ee jira. Haaluma kanaan, meeshaalee daldalaa bu'uuraa ta'an ilaalchise hordoffii fi to'annoo akka taasisuu fi gochoota eegumsa mirga fayyadamtootaa sarban irratti murtii akka kennuuf Koreen Gabaa Tasgabbeessituu sadarkaa biiroo, godinaa fi aanaatti hundeeffameera.<sup>196</sup> Bifuma wal-fakkaatuun waajjiraaleen mootummaa qaama raawaachiiftuu ta'an 15 bakka tokkotti walitti qabamanii koree deeggarsa misooma oomishaalee eksipoortii ta'anii hundeeffamuun oomishaalee madda sharafa biyya alaa ta'an yeroo qabaman seera qabeessummaa isaanii waliin akka murteessaniif ijaaramaniiru.<sup>197</sup>

Manneen murtii idilee ammoo seera qabeessummaa meeshaalee daldalaa qabaman irratti murtaa'an ol'iyyannoon ilaaluuf aangeffamaniiru.<sup>198</sup> Hima biraan, akka himannaa jalqabaatti meeshaaleen daldalaa qabaman seera qabeessa moo seera qabeessa miti jedhee murteessuun

---

<sup>195</sup> Labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa Oromiyaa lak 160/2002 kwt 23 (1-8) fi labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa Federaalaa lak 602/2000 kwt 15 (1-8) ilaalaa

<sup>196</sup> Qajeelfama sirna raabsaa meeshaalee bu'uuraa lak 1/2004 kwt 11(1g)

<sup>197</sup> Qajeelfama koree deeggarsa misooma oomishaalee eksipoortii naannoo oromiyaa, waxabajjii 2006, lak 2 fi 3 wal-bira qabuun dubbisaa

<sup>198</sup> Fakkeenyaaf, dambii gabaa salixii fi boloqqee adii lak 178/2002 kwt 23(3), dambii to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa lak 159/2001, kwt 22(3)

meeshichi abbaaf haa deebi'u ykn haa dhaalamu jechuuf manni murtii idilee aangoo seeran kennameef hin qabu jechuu dha. Gocha daldala seeraan alaan wal-qabatee murtii sivilii murteeffamurratti manni murtii idilee murticha ol'iyyannoon ilaaluu malee dhimmicha jalqabaa kaasee ilaaluuf aangoo hin qabu; mana murtii idileetiif aangoon kenname gochi raawwatame yakka moo miti jedhee murteessuu fi adabbii kennuu dha.<sup>199</sup>

Irra deebiin ibsuuf, manni murtii idilee seera qabeessummaa meeshaa daldalaa qabaman himannaa sadarkaa duraatiin qulqulleessuuf aangoo hin qabu. Dhimma kanarratti murtii qaama raawwachiiftuurratti ol'iyyannoo dhiyaate qofa ilaaluuf aangoo qaba. Ol'iyyannoo kana yeroo baay'ee kan ilaalu mana murtii olaanaa waan ta'eef manni murtii aanaa ammoo aangoo hin qabu jechuu dha.<sup>200</sup> Haa ta'u malee, manneen murtii Oromiyaa tumaalee seera daldalaa kana yoo cabsan mul'atu:

Falmii hariiroo Isheetuu Kabbadaa fi Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Aanaa Gimbichuu N-2 gidduutti Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaaamaatti taasifameen,<sup>201</sup> himataan boloqqee kuntaala 100 osoo geejjibsiisaa jiruu himatamtootni seeraan alaa na jaala qabaniin gurguran waan ta'eef gatiisaa akka naaf kaffalan jedhee himate. Himatamtootni akka deebii kennanitti himataan waraqaa darbiinsaa fi hayyama hojii daldalaa osoo hin qabaatiin boloqqee seeraa ala geejjibsiisaa osoo jiruu waan qabameef daldala seeraan alaa raawwateera jedhan. Manni murtii akka xinxaletti, bu'uura dambii gabaa saliixii fi boloqqee adii lakk 178/2002 kwt 23(1) namni boloqqeen isaa jalaa qabame guyyoota hojii shan keessatti komii isaa qaama dhimmi ilaallatutti dhiyeeffachuu akka qabu tuma; himatamtootni ammoo guyyoota hojii lama qofa eeguun boloqqicha gurguruun isaanii seeraa ala waan ta'eef boloqqeen qabame akka deebi'uu

---

<sup>199</sup> Akka fakkeenyaatti agarsiisuuf, labsiin sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa buna oromiyaa kwt 24 gocha yakkaa daldalaa fi qulqullina bunaarratti raawwatu himata sadarkaa jalqabaarraa kaasee ilaaluu kan danda'u mana murtii idlee akka ta'etti akeekke jira.

<sup>200</sup> Dambii saliixaa fi boloqqee fi kwt 23(3), dambii bunaa, kwt 22(3) ilaalaa. Labasii fi dambiin beeyiladaa lak 819/2006 kwt 16(8) fi 17 akka akeekanitti namni meeshaan daldalaa isaa jalaa qabame murtii biiroo daldalaa fi misooma gabaa ykn koree deeggarsa misoomaa oomishaalee eksipoortii irratti ol'iyyaanoo mana murtiitti fudhachuura hanga dhimmichi yakkaan himatamee murtii argatutti eegachuutu irraa eegama.

<sup>201</sup> Isheetuu Kabbadaa vs. Waajjira daldalaa misooma gabaa aanaa gimbichuu faa N 2, mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha bahaa, galmees 151226

ykn tilmaamni isaa akka kanfalamu murteesse. Manni murtii waliigala Oromiyaa dhadachi bahaas murtii kana cimsee murteesse jira.<sup>202</sup>

Tumaalee dambii gabaa salixaa fi boloqqee adii, armaan olitti akka xiinxalle, qaamni to'annoo gocha daldala seeraan alaa raawwatu meeshaa daldalaa kana seeraa ala jedhee yoo qabe, abbaan qabeenyichaa ammoo seera qabeessa jedhee kan amanu taanaan komii isaa koree deeggarsa misooma oomishaalee eksipoortii godinaa ykn aanaatti dhiyeeffata. Koreen ejjennoo to'ataa kan cimse yoo ta'e murticharratti ol'iyannoo fudhata malee himata siviilii hundeessuu hin qabu. Hima biraan, manni murtii dhimma kana fuudhee keessummeessuuf aangoo hin qabu jechuu dha. Kanaafuu, manni murtii olaanaa godina adda adaamaa dhima olitti ibsame kana fuudhee keessummeessuun dogoggora jechaa dha.

Tumaalee seeraa kana hubachuun manneen murtii dogoggora gama kanaan qaban sirreeffachaa kan deemanillee ni jiru. Fakkeenyaaf, murtii armaan gadii haa ilaallu:

Jal-murtii Manni Murtii Olaanaa Godian Wallagga Bahaa kenne tokkorratti<sup>203</sup> himataan buna kuntaala 50 fe'ee osoon deema jiru poolisootni waajjira himatamaa qabani waan naaf deebisuu didaniif bunicha yookaan tilmaama gatii isaatii akka naaf deebisan jechuun himateera. Himatamaan manni murtii dhimma kana dhagahuuf aangoo hin qabu jedhee mormii yoo dhiyeessu manni murtii mormicha kufaa taasise. Taaksi foorsiin Aanaa Guutoo Giddaa falmicha gidduu seenuun manni murtii idilee dhimma kana sandarkaa oliyyannootti malee jal-qabumaa kaasee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun irra deebi'ee falmeera. Haaluma kanan manni murtii jal-murtii duraan kenne haquun bu'uura dambii 159/2001 kwt 22 (3)tti manni murtii idilee dhimma kana sadarkaa duratti ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun falmii dhiyaate kufaa godhee jira.

Bu'uura qajeelfama deeggarsa misoomaa oomishaalee eksipoortii waxabajjii 2006tti akkasumas labsiilee bunaa, salixaa fi boloqqee, beeyiladaa, fi oomishaalee filatamoo biroo ilaalchisee seera qabeessummaa meeshaalee daldalaa, seeraa ala jedhamanii qabani kan murteessu koree deeggarsa misooma oomishaalee eksipoortii sadarkaa adda addaatti jirani dha. Manni murtii ammoo seera qabeessummaa dhimmichaa gama falmii yakkaa gaggeeffamuun mirkaneessuun gochaan raawwatame seeraa ala yoo ta'e meeshaan qabames haa dhaalamu jedhee murteessuu

---

<sup>203</sup> Mahaammad musaa vs. waajjira poolisii aanaa guutoo giddaa, mana murtii olaanaa godina wallagga bahaa, galmeelakk 35957

danda'a. Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko dhimma tokkorratti murtii koreen kennuu fi manni murtii kennu kan wal-faallessan ta'anii argamu:

Falmii Abbaa Alangaa Aanaa Gimbii vs. Tufaa Ayyalaa gidduu turerratti himatamaan zayitii nyaataa Magaalaa Naqamtee seeraa ala fe'ee Gimbii gara Calliyatti osoo socho'aa jiru waan qabameef labsii lakk 813/2006 kwt 43(4) jalatti himatameera. Himatamaan jecha amantaa fi waakkii isaa bu'uura s/d/f/y kwt 35 kan kennee fi ragaan abbaa alangaa irratti waan mirkaneesseef manni murtii aanaa hidhaa waggaa sadii fi qarshii 1000 adabeera.<sup>204</sup> Koreen gabaa tasgabbeessituu magaalaa Gimbii ammoo gocha himatamaan raawwate seeraa ala miti jedhe murteesse. Manni murtii Olaanaa Godinichaa gama isaatiin manni murtii idilee aangoo hin qabu jechuun murtii jalaa diigee himatamaa bilisa gaggeesseera.<sup>205</sup>

Armaan olitti mata-duree eegumsa mirga fayyadamtootaa jedhu jalatti akka ilaalle manni murtii idilee dhima sukkaaraa fi zayitaa seeraa ala geejjibamaa jiru simatee ilaaluun murtii kennuu danda'a. Dhimma yakkaa qulqulleessee murtii kennuu kan danda'u ammo mana murtii idilee qofa. Kanaafuu, meeshaalee daldalaa bu'uura ykn meeshaalee daldalaa al-ergii ta'an koreen gabaa tasgabbeessituu yookaan koreen deeggarsa misooma gabaa meeshaan qabame seeraa ala miti jedhee kan murteesse yoo ta'ellee manni murtii himata yakkaa isaaf dhiyaate seera jirurratti hundaa'uun gochichi yakka ta'uu yookaan yakka ta'uu dhabuu isaarratti murtii kennuu ni danda'a. Gochi raawwatame jedhame yakka miti jedhe manni murtii kan murteessu yoo ta'e murtiileen qaama raawwachiiftuu fi mana murtii wal-simaniiru waan ta'eef rakkoo hin jiru. Gochi raawwatame rakka jedhamee kan murtaa'u yoo ta'e meeshaan daldalaa gochi seeraa alaa irratti raawwatame yeroo baay'ee murtiima sanaan akka dhaalamu ta'a.<sup>206</sup> Hima biraan, gochi raawwatame yakka ta'ee yoo argame meeshaa daldalaa gochi seeraa alaa irratti raawwatame (ciraan qabame) waan dhaalamuuf murtii manni murtii kenne al-kallattiin murtii koree gabaa tasgabbeessituu yookaan koree misooma deeggarsa eksipoortii ni diiga jechuu dha. Haa ta'u malee, wal-simuu dhabuun murtiilee qaamolee kanneenii hojiirra oolmaa guutummaa seerota sanaatii irratti dhiibbaa mataa isaatii ni qabaata jechuun ni danda'ama.

---

<sup>204</sup> Abbaa alangaa vs. Tufaa Ayyalaa, mana murtii aanaa gimbii, galmee lakkofsa 11670

<sup>205</sup> Afgaaffii obbo Waaqgaarii Sanbataa Gammadaa, abbaa adeemsa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu, af-gaaffii gaafa 9, 2008

<sup>206</sup> Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006 kwt 43(4), labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Oromiyaa lak 160/2002 kwt 23 (4), fi kkf

Qaamoleen gocha daldala seeraan alaarratti murtii akka kennaniif aangeffaman kanneen daangaa aangoo isaanii keessaa bahanii murtii kennuu fi qaamolee haqaarratti dhiibbaa geessisuu yoo yaalan ni mul'atu.<sup>207</sup> Dhimmi kun haalota adda addaatiin calaqqisuu kan danda'u yoo ta'u isaan keessaa tokko haa ilaallu. Gocha yakkaa raawwatame tokko (dhimma daldalaa wajjiin kan wal-qabatus yoo ta'e) qulqulleessee seeratti dhiyeessuuf aangoon waajjira poolisii fi waajjira haqaatiif akka kennamee jiru beekamaa dha. Haa ta'u malee, gocha daldala bunaa, meeshaalee daldala bu'uuraa, bu'aa bosonaa fi kkf irratti raawwataman adeemsa qoratani seeratti dhiyeessuu keessarratti waajjiraaleen mootummaa tokko tokko kan akka waajjira daldalaa fi misooma gabaa gidduu yeroo seenan ni mul'atu. Gochi kun ammoo adeemsa kenna murtii haqaarratti dhiibbaa geessisa. Fakkeenyaaf, hojiin qorannoo eegalame tokko adda akka citu ajaja kennuun osoo waajjirri haqaa itti hin amaniin namni yakka raawwatu itti gaafatamummaa jalaa akka bahu haalli itti ta'u ni jira. Fakkeenyaaf, Waajjirri Haqaa Aanaan Najjoo daldalaa simintoo fi soogidda walirra tuulee gurguru tokkoratti galmee qulqulleessuun himata mana murtiitti dhiyeesse. Falmiin gaggeeffamaa osoo jiruu waajjirri daldalaa fi misooma gabaa aanichaa xalayaa barreessuun waajjirri haqaa falmichatti akka hin fufne beeksise. Xalayaa barreeffama sanarratti hundaa'uun Waajjirri Haqaa sun galmeen rarra'ee akka turu godhee jira.<sup>208</sup>

### 5.1.3. Murtii Atattamaa Kennuu

Dhimmoota daldala wajjiin wal-qabaanii gara mana murtii dhufan akkuma dhimmoota biroo haqa kan barbaadan waan ta'eef, yerootti murtii argachuu qabu. Haala addaan dhimmootni daldala seeraa alaan wal-qabatanii mana murtiitti dhiyaatan dhimmoota atattamaan murtii argachuu qaban keessaa isaa tokkoo dha.<sup>209</sup> Itti dabalees, dhimmootni kanneen dhimma sharafa alaa argamsiisuu,<sup>210</sup> qabeenya jiru qixa bu'a-qabeessa ta'een hojiirra oolchuu, misooma

<sup>207</sup> Af-gaaffii Geetuu Margaa, abbaa alangaa, aanaa najjoo, amajjii 12, 2008; Gammachiis Geetahun, abbaa alangaa, aanaa gimbii, amajjii 9, 2008; Abbabaa Tarrafee, Itti Gaafatamaa Wajjira Haqaa Aanaa Najjoo, Fi Geetuu Margaa, Abbaa Langaa, Aanaa Najjoo, Amajjii 12, 2008

<sup>208</sup> Af-gaaffii Abbabaa Tarrafee, Itti Gaafatamaa Wajjira Haqaa Aanaa Najjoo, Fi Geetuu Margaa, Abbaa Langaa, Aanaa Najjoo, Amajjii 12, 2008

<sup>209</sup> Qajeelfama koree deeggarsa misooma oomishaalee ekspooritii naannoo ormiyaa, waxabajjii 2006, lakk 6.1.4

<sup>210</sup> Mootummaan dhimmoota GTP II keessatti xiyyeeffannoo guddaa kenneef keessaa tokkoo qulqullinaa fi baay'ina meeshaalee al-ergii dabaluu galii sharafa alarraa argamu waggaa gara doolaara biliyoona 16tti ol guddisuu dha. Haalotni qulqullinaa fi baay'ina meeshaalee al-ergii miidhan baay'een isaanii gochoota seerota sirna to'annoo daldala cabsanii cabsanii wajjiin kan wal-qabatanii dha. (Muluken Yewondwossen, high expectations set for GTP II, Capital Gazette, Monday, 06 July 2015)

industirii babal'isuu, meeshaalee fi tajaajiloota fayyaa uummataa miidhuu danda'an irraa baraaruu, fi galii mootummaa guddisuu wajjiin kallattiin walitti hidhata guddaa kan qaban sababa ta'aniif xiyyeeffannoo addaan yeroo gabaabaa keessatti furmaata argachuu qabu.<sup>211</sup> Keessumaa gufuuwwan sharafa ala xiqqeessan kamiyyuu (gochi daldala seeraan alaa) irratti haala qulqullinaa fi saffina qabuun hojjechuun baay'ee barbaachisaa dha.<sup>212</sup>

Manneen murtii naannoo Oromiyaa dhimmoota gocha daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatani dhiyaatan hangam haala si'oomina qabuun akka keessummeessaa jiran adda baasuuf gaaffii dhiyaaterratti abbootiin seeraa gama kanaan hoj-maata isaanii ibsanii jiru. Abbootiin seeraa 24.59 % saffina olaanaa, 62.3% saffina giddu-galeessa, fi 6.56% saffina gadaanaan dhimmoota daldala seeraan alaa isaanitti dhiyaatu keessummeessaa akka jiran bar-gaaffii isaaniiif dhiyaaterratti guutaniiru. Haala abbootiin seeraa saffina hojii isaanii gamaggaman kanatti si'oominni isaan dhimmoota gocha daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatee dhiyaatu keessummeessan keessaa kanneen ¼ ta'an sadarkaa barbaadamuun yerootti raawwachaa akka jiran kan ibsan yoo ta'u, kanneen 1/8 ta'an ammoo boodatti harkifataa fi haalaan gita barbaadamuu gadi akka ta'e ibsaniru. Abbootii seeraa harki caalaan (5/8) daldala seeraan alaa waliin wal-qabate dhimmoota isaanitti dhiyaatan atattama barbaadamuun keessummeessaa akka hin jirre fi saffina hojii isaanii ilaalchisee hanqina akka qaban amananiiru.

Abbootiin alangaa si'oomina hojii mana murtii akka gamaggamanitti namoota bar-gaaffii deebisan keessaa 15.49% olaanaa, 54.93% giddu-galeessa, 19.72% gadaanaa akka ta'e ibsaniiiru. Akka lakkoofsi kun agarsiisutti abbootiin alangaa manni murtii sadarkaa si'oomina olaanaan dhimmoota gocha daldala seeraan alaa keessummeessaa jira jedhan namoota gaafficha guutan keessaa 15.5% qofa ta'u. Sadarkaa saffina giddu-galeessaa fi gadaanaan manni murtii dhimmoota daldala seeraa alaa keessummeessaa jiran abbootiin alangaa jedhan 74.51% dha. Hima biraan, akka deebii abbootii alangaa kanaatti manni murtii Oromiyaa dhimmoota daldala seeraan alaa saffina barbaadamuun gaggeessaa akka hin jirre kaa'u jechuu dha.

Dhimma kana poolisootni akka madaalanitti saffinni keessummeessa dhimmoota mana murtii sadarkaa gaariirra jira poolisootni jedhan 11.25%, sadarkaa giddu-galeessarra jiran kan jedhan 57.5% yoo ta'an kanneen sadarkaa gadaanaarra jira jedhan ammoo 27.5% turan. Maalliin kun

---

<sup>211</sup> Qajeelfama koree deeggarsa misooma oomishaalee ekspooritii naannoo ormiyaa, waxabajjii 2006, seensa

<sup>212</sup> Ethiopia: curbing the foreign trade barriers, the Ethiopian herald, 20 March 2016

akka agarsiisutti poolisoota 11.25% ta'an qofatu saffina murtii mana murtiitti amana; gama biraan poolisootni 88.75% ta'an keessummeessi dhimmoota mana murtiitti dhiyaatanii sadarkaa barbaadamurra akka hin jirree fi irratti hojjetamuu kan qabu ta'uu ibsu.

Haalli saffina keessummeessa dhimmoota gocha daldala seeraa alaa mana murtii, sadarkaa barbaadamuu gadi akka ta'u sababoota taasisan ogeessotni qaamolee haqaa fi dhimmootni mana murtii keessatti keessummeeffaman ni eeru. Isaanis, murtii atattamaa kennuun rakkoo jiru dhabamsiisuurra sababa mirga wabiin shakkamaa gad-lakkisuun adeemsi falmii dafee furmaata akka hin arganne gochuu, sababoota adda addaa uumanii galmee beellamuu fi ragaa deddeebisuun sababoota gurguddoo eeramanii dha. Sababoota kanneen keessaa himatamaa mirga wabiitiin baasuun rakkoo guddaa galmeen gocha daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatanii mana murtiitti dhiyaatan atattamaan murtii akka hin arganne akkasumas rarra'anii akka hafan ta'aa jira. Haaluma kanaan ijoo kana akka armaan gadiitti adda baafnee ilaalla:

#### **5.1.4. Mirga Wabii Eeguu**

Dhimmootni daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatanii mana murtiitti dhiyaatan baay'een sababa mirga wabii shakkamtootaa eeguutiin lafarra akka harkifatan yookaan akka cufaman ta'aa jiru. Sababa mirgi wabii eegameef adeemsi kenniinsa murtii yeroo baay'ee adda citaa jira; shakkamaan wabiin bahe guyyaa beellamaatti dhiyaachaa waan hin jirreef galmeen beellama sadii yookaan afuriif dhaddachatti dhiyaachuun cufamaa.<sup>213</sup> Ijoo kanaan wal-qabatee abbootiin alangaa fi abbootiin seeraa komii guddaa mana murtii irratti kaasu: manni murtii kallattiin (yeroo dheeraa osoo hin fudhatiin) dhimmoota dhiyaatanitti murtii kennuu osoo danda'uu sababa mirga wabiitiin himatamtootni akka seera jalaa miliqan taasisaa jira jedhu.<sup>214</sup> Dhimma beellama yeroo kennuufiin barbaachisaa hin tokko tokko irratti yeroo beellamaa kennuun mirga

---

<sup>213</sup> Falmii abbaa langaa vs Tasfaalam G/Amilaak, mana murtii aanaa arsii nagallee, galmee lak 26784 ta'eerratti himatamaan wabiin waan baheef galmeen beeyilama afur jaja qofaaf mana murtiitti dhiyaachaa erga turee booda sababa himatamaan hin dhiyaanneef cufameera.

<sup>214</sup> Af-gaaffii Adde Tsiyoon Admaasuu Abbaa taayitaa galiwwaniif gumruukatti I/A/abba alangaa muummee, obbo Tashoomaa Waldaa Abbaa taayitaa galiwwanii fi gumruukaatti garagaara I/A A/alangaa waliin gaafa guyyaa 05/05/08, Obbo Amiin Aadam I/Gaafatama waajjira haqaa godina Arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08, Kom Tasfaayee Daggafaa, Ab/Ad/Na/N/mirkaneessaa Qajeelcha poolisii godina Booranaa waliin gaafa guyyaa 08/06/08, Obboo Abdiisaa Hussein A/Alangaa Galiwwaniif Gumruukaa itoopiyaa dame Mooyyaalee waliin gaafa guyyaa 09/06/08 taasifamee



wabii eeganii shakkamaa gadi lakkisuun akka miliquu haalli itti taasifamu ni mul'ata jedhu.<sup>215</sup>  
Fakkeenyaaf, falmii armaan gadii haa ilaallu:

Aanaa Kofalee keessatti namni tokko zayita nyaataa seeraa ala fe'ee osoo socho'uu qabamee himatame. Namni sun dhiyaatee mana murtiitti yakkicha raawwachuusaa amane. Yaada amantaa kanarraa ka'uun abbaan alangaa murtiin balleessummaa fi adabbii akka kennamu gaafate. Manni murtii garuu beellamaa kennuun mirga wabii eeguun himatamaa baase. Himatamaan haala waadaa seeneen deebi'uu waan dideef galmeen yeroo booda cufame.<sup>216</sup>

Dhimma olii kana keessatti shakkamaan harkaa harkatti waan qabamee fi ragaan barbaachisaa ta'an hundi dhiyaatanii waan jiraniif beeyilama dheeraa kennuun osoo hin barbaachisiin manni murtii dhimmicharratti murtii kennuu ni danda'a ture.

Gama biraan, namootni gocha daldala seeraan alaa raawwachuutiin himatamanii wabiin bahanii jiran deebi'anii dhiyaachaa akka hin jirre ibsuun mirgi wabii namoota kanneenii bu'uura s/d/f/y kwt 67 akka dhorkatamu osoo gaafatanii, manni murtii mirga wabii eeguun himatamaan deebi'uu waan didaniif galmeewwan cufaman hedduu dha.<sup>217</sup> Akka fakkeenyaatti caqasuuf, dhimma falmii hashiishii yeroo muraasa keessatti Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Lixaatti dhiyaatan keessaa galmeewwan 11 irratti shakkamtootni wabiin gad-lakkifamanii waan hin deebineef cufamaniiru.<sup>218</sup> Bifuma wal-fakkaatuun, dhimma kabaja mirga fayyadamtootaan (shammattootaan) wal-qabatee galmeewwan Mana Murtii Aanaa Sabbataatti yeroo muraasa keessatti dhiyaatan keessaa galmeewwan 6 sababa shakkamaan wabiin bahee deebi'uu dhabeen akka cufaman ta'eera.<sup>219</sup> Waajjirri Haqaa Magaalaa Sabbataa akka ibsutti bara 2008 galmeewwan banamanii shakkamaan wabii bahe shan keessaa himatamtoota lama qofatuu

---

<sup>215</sup> Af-gaaffii kom Dastaa Mokonnin, I/Gaafatamaa qajeelcha poolisii magaalaa sabbata waliin gaafa guyyaa 13/05/08, Obbo Isheetuu Asaffaa I/Gaafatama waajjira haqaa magaalaa sabbataa waliin gaafa guyyaa 12/05/08 taasifame Af-gaaffii Saj.ol Antanah Ingidaa Ab/ad/Qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira poolisii magaalaa Arsi nageellee, I/A/insp.Ballaxaa Isheetuu I/Gaafatama wajjira poolisii magaalaa Arsii nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 taasifame taasifame.

<sup>216</sup> Obbo Amiin Adam, I/Gaafatama waajjira haqaa godina Arsii lixaa, 18/05/08 taasifame

<sup>217</sup> Fakkeenyaaf, falmii abbaa alangaa vs. Mangistuu Abarraa, mana murtii aanaa Gimbii, galmeel lakk 17619; abbaa alangaa vs. Naasir Awwal N-2, mana murtii aanaa gobbaa, galmeel lakk 17668;

<sup>218</sup> Akka fakkeenyaatti caqasuuf, falmii mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha lixaa galmeel lakkoofsa 168897, 169638, 169908, 169991, 194845, 145292, 155891, 145777, 168143, fi 168144,

<sup>219</sup> Akka fakkeenyaatti caqasuuf, galmeewwan mana murtii aanaa Sabbaataa 49333, 49377, 52701, 49176, 491778, fi 49177

dhiyaate adeemsi murtii haqaa kennisiisuu itti fufe.<sup>220</sup> Dhimma daldala seeraan alaa bunaa wajjiin wal-qabatee galmeewwan sababa mirgi wabii eegameef osoo furmaata hin argatiin yeroof cufamanii jiranis baay'ee hedduu dha.<sup>221</sup> Galmeewwan gocha daldala seeraa alaa ta'an of-harkaa qabnuu fi rogummaan isaanii guddaa dha jedhamanii fudhataman 50 keessaa galmeewwan 18 irratti mirgi wabii shakkamtoota kan eegame yoo ta'u, namoota mirga wabiin bahan keessaa namni tokkollee bu'uura waadaa seeneen mana murtiitti kan dhiyaate hin jiru.

Tumaalee jalatti dhimmootni daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatani dhiyaatan hedduun isaanii of-danda'anii mirga wabii hin dhorkachiisan. Abbootiin seeraa af-gaaffiin waliin taasifame akka ibsanitti, keewwatni shakamtootni gocha daldala seeraan alaa jalatti himataman mirga wabii kan dhorkachiisu waan hin taaneef, abbootiin seeraa mirga wabii eeganii shakkamtoota gadi lakkisu jedhu.<sup>222</sup> Mirgi wabii mirga heera mootummaan beekamtii argatee fi kabajamuu qabu waan ta'eef mirga wabii shakkamtoota gocha daldala seeraan alaa eeguun mana murtii seeraan ala, nama hin jechisiisu ejjennoo jedhu qabu.<sup>223</sup> Akkuma armaan olitti ibsame, mirgi wabii mirga bu'uuraa waan ta'eef, mirga kana kabajuun mana murtii dogoggora miti. Rakkinni jiru gochi daldala seeraan alaa dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu fi maallaqa qabu waan ta'eef, gocha adabbii cimaa hordofsiisu yoo ta'u gama biraan ammo namootni gocha daldala seeraan alaa keessatti hirmaatan maallaqa waan qabaniif qarshii wabiif qabsiisan deeffachuuf hin xiyyeeffannoo hin kennani. Itti dabalees, namootni gocha kanaan shakkaman baay'een bakkaa bakkatti deemanii kan hojjetan akkasumas maallaqa isaaniitiin haqa jallisuu namoota barbaadan waan ta'aniif bu'uura waadaa wabummaa seenaniin argamuun isaanii shakkisiisaa dha.

Kanaaf manneen murtii amala namoota gocha daldala seeraan alaa raawwataniiru jedhamanii himataman sirriitti hubachuu dhabuun yookaan sababa biraatiin, maqaa mirga wabii eegutiin

---

<sup>220</sup> Af-gaaffii Obbo Isheetuu Asaffaa I/Gaafatama waajjira haqaa magaala sabbataa waliin gaafa guyyaa 12/05/08 taasifame

<sup>221</sup> Af-gaaffii Milkii Ayyalee, Oogganaa Wajjira Haqaa Aanaa Guutoo Giddaa, Amajjii 16, 2008; Fayyisaa Dhinsaa, oogganaa waajjira haqaa aanaa jimmaa arjoo, amajjii 17, 2008; Af-gaaffii kom. Dastaa Mokonnin I/Gaafatamaa qajeelcha poolisii magaala sabbata waliin gaafa guyyaa 13/05/08, Obbo Isheetuu Asaffaa I/Gaafatama waajjira haqaa magaala sabbataa waliin gaafa guyyaa 12/05/08 taasifame Af-gaaffii Saj.ol Antanah Ingidaa Ab/ad/Qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira poolisii magaala Arsii nageellee, I/A/insp. Ballaxaa Isheetuu I/Gaafatama wajjira poolisii magaala Arsii nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 taasifame taasifame.

<sup>222</sup> Af-gaaffii Milkii Ayyalee, Oogganaa Wajjira Haqaa Aanaa Guutoo Giddaa, Amajjii 16, 2008; Fayyisaa Dhinsaa, oogganaa waajjira haqaa aanaa jimmaa arjoo, amajjii 17, 2008

<sup>223</sup> Geetuu Maammoo, perezidaantii mana murtii aanaa guutoo gidada, amajjii 16, 2008; Joonii Bantii, perezidaantii mana murtii aanaa gimbii, waxabajjii 10, 2008

akka isaan hin adabamne ta'aa jira. Dhimma kanarratti xiyyeeffannoon taasifamuu qabuus wabii gahaa waamsisuu yookaan bu'uura s/s/f/y kwt 67 mirga wabii dhorkuun dhimmicha saffisa barbaachisuun murtii itti kennuu yaaluu dha. Haa ta'u malee, wabii gahaa waamsisuu dhabuu fi keewwata himatni jalatti dhiyaate mirga wabii kan hayyamu yoo ta'ellee wabii gahaa waamsisuu fi haala qabtama jiru yaada keessa galchuun mirga wabii dhorkachuurratti hanqinni jiru bal'aa dha. Ijoowwan kanneen lamaan gabaabinaan akka armaan gadiitti haa ilaallu:

### **I. Wabii Gahaa Waamsisuu Dhabuu**

Manni murtii nama qabame tokko wabii waamsisee gad-lakkisuuf, gochi raawwatame mirga wabii kan hin daangessine ta'uu qulqullessutti dabalee namni sun yeroo barbaadamutti akka dhiyaatu kan taasisu wabii gahaa dhiyeessuu isaa mirkaneeffachuu qaba.<sup>224</sup> Hangi wabii qabsiifamu gahaa yookaan gahaa ta'uu dhabuusaa mirkaneessuuf cimina yakka raawwaatame jedhamee, qabeenya himatamaan qabu, fi mana murtiitti dhiyaachuu danda'uu himatamaa manni murtii madaaluu qaba.<sup>225</sup> Hima biraan, maallaqni qabsiifamu yookaan hangi maallaqa wabummaa ibsamu himatamaan yeroo barbaadamutti akka dhiyaatu kan isa taasisuu danda'u ta'uusaa kan mirkaneessu wabii ta'uu qaba. Himatamaan wabii gahaa qabsiisuu kan hin dandeenye yoo ta'e mirgi wabiin bahuu isaatii kan daangeffamu ta'uu akka qabu s/d/f/y kwt 63(2), 73 fi 74 ni akeeku.

Namootni gocha daldala seeraan alaarratti hirmaataan baay'een isaanii namoota maallaqa qaban waan ta'eef, qarshii muraasaan wabii waamanii yoo bahan carraan guyyaa beellamaatti deebi'uu isaanii baay'ee gadaanaa dha.<sup>226</sup> Itti dabalees, kan adabaman yoo ta'e hidhaa qofaan osoo hin ta'iin maallaqaan illee kan adabaman waan ta'eef,<sup>227</sup> maallaqni wabii qabsiisanii ittii bahan gahaa fi guyyaa beellamaatti deebi'anii akka dhufan kan isaan taasisu ta'uusaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee, hoj-maatni mana murtii tokko tokko akka agarsiisutti haalaa fi amala namoota gocha daldala seeraa alaa keessatti hirmaatan giddu-galeessa godhachuun wabii gahaa waamsisuu dhabuurraa kan ka'e, namootni gocha daldala

<sup>224</sup> Seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa, kwt 63(2)

<sup>225</sup> Seera adeemssa falmii yakkaa itoophiyaa, kwt 69(2a, b fi c)

<sup>226</sup> Ispektar Olaanaa Darajjee Baay'isaa, Oogganaa Qajeelcha Poolisii Wallagga Lixaa, af-gaaffii 9-5-2008, Asfawuu Alamaayyoo, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Gimbii, af-gaaffii 9-5-2008, Mulugeetaa Takilee, Abbaa Adeemsa Murtii Haqaa Kennisiisaa Qajeelcha Poolisii Godina Jimmaa, af-gaaffii 19-5-2008

<sup>227</sup> Fakkeenyaaf, namni buna seeraa alaa fe'ee adeemaa osoo jiruu qabame tokko bunnii seeraa ala fe'amaa jiru ni dhaalama, waggaa sadii hanga waggaa shaniitti adabama akkasumas qarshii 50,000 adabama (labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Oromiyaa lak 160/2002 kwt 23(4))

seeraa alaatiin himatamanii wabiin bahan deebi'anii guyyaa beellamaatti akka hin dhufne taasisaa jira.<sup>228</sup> Akka fakkeenyaatti dhimmaa armaan gadii ilaaluun ni danda'ama:

Magaalaa Arsii Nageellee keessatti abbaan konkolaataa FSR tokko sukkaara kuuntala 100 konkolaa FSR isaatiin seeraa ala geejjibaa osoo jiruu sukkaarichi, konkolaataa fi himatmaan qabamanii galmeen qulqulla'aa osoo jiruu (yeroo beellaman jiruu) manni murtii waabii qarshii kuma shaniin gad-lakkise.<sup>229</sup>

Dhimmi armaan olitti caqasamerratti, shakkamaan abbaa konkolaataa FSR shukkaaraa kuntaala 100 fe'ee osoo deemuu qabamee fi konkolaachisaa konkolaataa sanaati. Kanaaf labsii sirna dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa labsii lak 813/2006 kwt 43(5) jalatti himatame.<sup>230</sup> Keewwatni kun adabbii maallaqaa qarshii 10,000 hanga 50,000 adabsiisa. Itti dabalees, konkolaatichi kan dhaalamu ta'a. Qarshiin kummi shan namni kun guyyaa beellamaatti akka dhiyaatu gochuuf wabii gahaa ni ta'a jechuun hin danda'amu. Haaluma kanaan, himatamaan kun waan hin dhiyaanneef galmeen yeroo shan erga beellamamee booda yeroof akka cufamu ta'eera.<sup>231</sup> Bifuma walfakkaatuun, namootni gocha daldala seeraan alaa raawwataniiru jedhamanii himataman wabii gahaa akka qabsiisan waan hin taaneef wabiin gad-lakkifamanii mana murtiitti ofiin osoo hin dhiyaatiin akkasumas poolisiin osoo hin qabamiin hafuun galmeen isaanii cufamaa kan jiru hedduu dha.<sup>232</sup>

Cimina yakka raawwatame, raawwatamuu yakka raawwatameera jedhamee himmannaan dhiyaatee, qabeenya shakkamaan qabuu fi yeroo barbaadamutti dhiyaachuu danda'u himatamaa qulqulleessuun wabii gahaa waamsisuurratti yaaliin tokko tokko mana murtii keessatti kan

---

<sup>228</sup> Af-gaaffii I/A/saj Alamuu Laggasaa Ab/Ad/Na/N/Mirkaneessaa wajjira poolisii Magaala Arsii nageellee, I/A/insp.Ballaxaa Isheetuu I/Gaafatama wajjira poolisii magaala Arsii nageellee, Saj.ol Antanah Ingidaa Ab/ad/Qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira poolisii magaala Arsi nageellee waliin gaafa guyyaa 15/05/08 taasifame

<sup>229</sup> Iyyataan Waajjira poolisii aanaa arsii naggallee vs. Waamamtootni Tasfaalama G/Mikaa'el, mana murtii aanaa Arsii Nagallee, galmee lakk 26784, gaafa 06-4-2007

<sup>230</sup> Abbaa alangaa aanaa waajjira haqaa aanaa arsii nagallee vs Tasfalam G/Mikaa'el, galmee lak abbaa alngaa 02225

<sup>231</sup> Abbaa alangaa vs. Tasfaalam G/Mikaa'el, mana murtii aanaa Nagallee, galmee lakk 27876

<sup>232</sup> Fakkeenyaaf mana murtii aanaa sabbataa keessatti falmii A/Alangaa fi Ibraahim Alii Yimar (galmee lak 49377) fi falmii abbaa alangaa fi Ansaar Shukur (49333) gidduutti gaggeeffameraatti shakkamtootni labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga shammatootaa lak 813/2006 kwt 43(5 fi 6) jalatti kan himataman yoo ta'u wabii gahaa sababa hin qabsiifneef guyyaa beellamaatti deebu'uu hin dandeenya, poolisiinis barbaadee dhabeera waan jedheef galmeen isaanii yeroof cufamee jira.

argamu yoo ta'ellee (mata-duree armaan gadii ilaalaa), xiyyeeffannoo abbootiin seeraa dhimma kana qulqulleessuuf kennaa jiran gadanaa dha jechuun ni danda'ama.

## II. Wabiin Akka Hin Baane Gochuu Dhabuu

Manni murtii wabiin bahuu nama qabame tokko ilaalchisee murtii yoo kennu gochi raawwatame mirga wabii kan hin dhorkisiifne ta'uu qulqulleessuu cinatti waadaa wabummaa seene kan guutu, yakka biroo kan hin raawwanee fi ragaa kan hin balleessine ta'uu shakkamaa adda baafachuu qaba.<sup>233</sup> Hima biraatiin, namni mirga wabii gaafachaa jiru qajeelfama manni murtii itti kennu kan kabaju ta'uunsaa shakkisiisaa yoo ta'e akkasumas ragaa isarratti dhiyaachuuf jedhu ni balleessa jedhamee kan shakkamu taanaan wabii gahaallee yoo dhiyeesse manni murtii mirga wabii isaatii hin kabachiisuuf jechuu dha. Haaluma kanaan, manni murtii mirga wabii nama gocha yakka daldala seeraa alaatiin himatamee dhiyaatu akka kabajamu murteessuu isaatiin dura tumaalee s/d/f/y kwt 67 tarreessuu hunda yaada keessa galchuu qaba.

Galmeewwan gochi daldala seeraa irratti himatamanii fi mirgi wabii himatamaa irratti eegaman, kanneen harka keenya jiran, yeroo mirga wabii himatamaa eegu manni murtii ulaagaalee s/d/f/y kwt 67 tarreessee jiru yaada keessa galchuun yoo murteessu hin argamu. Rakkoo himatamaan wabiin bahee deebi'uu dhabu furuuf jecha manneen murtii tokko tokko wabii gahaadha jedhanii yaadan bu'uura s/d/f/y kwt 63(3)tiin himatamaan akka qabsiisu qofa taasisaa jiru. Maallaqa wabummaan qabamu olkaasuu qofti ammoo rakkoo jiru furaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

Dhimmoota baay'eerratti manni murtii wabii qarshii guddaa shakkamtootni akka waaman taasisuun mana isaanii ta'anii falmii akka hordofan haalli itti taasisaa jiran hedduu dha. Haa ta'uu malee namootni baay'een qarshii guddaa qabsiisanii mirga wabiitiin bahuun mana murtiitti hin deebi'ani.<sup>234</sup> Namootni gocha daldala seeraa alaatiin himatamanii mirga wabiitiin bahan qarshii guddaa kan qabsiisan yoo ta'ellee deebi'aa akka hin jirree abbootiin seeraa sirriitti hubatu. Fakkaanyaaf, abbootiin seeraa Mana Murtii Aanaa Gimbii akka ibsanitti shakkamtoota mirga wabiin gadi lakkifaman keessaa guyyaa beellamaatti kan dhiyaatan baay'ee muraasa akka ta'an

<sup>233</sup> Seera deemsa falmii yakkaa itoophiyaa kwt 67

<sup>234</sup> Af-gaaffii Milkii ayyalee, ooganaa waajjira haqaa aanaa guutoo gidmaa, ammajjii 16, 2008; Joonii Bantii, perezidaantii mana murtii aanaa gimbii, af-gaaffii 9-5-2008; Fadil A/Tamaam, abbaa seeraa mana murtii aanaa jimmaa, af-gaaffii, 20-5-2008.

dhugaa kan bahan yoo ta'ellee mirga wabii eeguutiin gadi lakkisuu itti fufanii akka jiran ibsu.<sup>235</sup> Akka armaan olitti ibsame qarshii guddaa qabsiisanii mirga nama gocha daldala seeraa raawwatu gadi lakkisuun namootni gocha daldala seeraa alaatiin himataman jiran hedduun akka hin adabamne taasisaa jira jechuun ni danda'ama. Akka fakkeenyaatti dhimma armaan gadii haa ilaallu:

Abbaan Alangaa Aanaa Jimmaa Arjoo himata Taaddalee Afewarqi irratti dhiyeesseen himatamaan hayyama hojii daldalaa osoo hin qabaatiin buna jiidhaa fi gogaa kg 8,752 waliin makuun konkolaataa yeroof abbaan qabeenyummaa isaa hin beekamnetti iddoo gara iddootti nannessuun labsii sirna qulqullinaa fi daldala bunaa labsii lak 160/2002 kwt 23(4) irra darbeera jedhee himate. Manni murtii wabii qarshii 35,000 waamsisee kan gadi lakkise yoo ta'u himatamaan barbaadamee waan dhabameef qarshiin wabiin qabamee ture mootummaaf galii ta'ee namtichi akka barbaadamu ajaja kennuun galmee yeroof cufeera.

Falmii A/Alanga fi Naasir Awwal N-2 jiddutti taasifameen himatamtootni labsii sirna to'annoo qulqullina fi daldala bunaa lak 160/2002 kwt 22/2 fi 23/4 irra darbuun buna kg 1,148 seeraan ala geejjibsisan jedhamani himataman. Gocha ittin himataman waakkatani ragoonni A/Alangaa dhiyaatani yakka raawwachuu isaanii itti raganii galmee qorachuuf beellamame osoo jiruu waabii qarshii 15,000 bahan. Beellama adda addaarratti eegamanii dhiyaachuu waan didaniif galmeen yeroof cufameera.<sup>236</sup> Falmii abbaa alangaa fi Mincuu Alamneh N-2 gidduutti Mana Murtii Aanaa Gommaatti gaggeeffame irrattis manni murtii akka dhimmichaatti hanga maallaqaa wabummaaf qabsiifamu kan ol-kaase yoo ta'ellee himatamtootni dhiyaachuu hin dandeenye, poolisiin barbaadee waan dhabeef galmee isaanii yeroof akka cufamu ta'eera.<sup>237</sup>

Galmeewwan armaan olii irraa akka hubatamutti himatamtootni yeroo barbaadamanitti akka deebi'an mirkaneessuuf jecha hanga qarshii wabummaan qabsiifame guddaa dha jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, guyyaa beellamaatti deebi'anii hin dhiyaanne, poolisiinis argatee

---

<sup>235</sup> Af-gaaffii Obbo Joonii Bantii, Asfawuu Alamaayyoo, fi Adde Wubituu Begii, Abbootii seeraa mana murtii aanaa Gimbii, Amajjii 9, 2008

<sup>236</sup> Dhimma mana murtii aanaa Goobbaa lakk.galmee MM 17668 A/Alanga aanaa Goobbaa fi Naasir Awwal hHusseen Fa'a N-2

<sup>237</sup> Abbaa alangaa vs. mincuu Alamneh N-2, mana Murtii Aanaa Gommaa, galmee lakk 21569

hin dhiyeessine. Kanaafuu qarshii guddaa akka qabsiisan gochuu qofa osoo hin taane deebi'anii dhiyaachuu danda'uu isaanii ilaalchisee xiyyeeffannoo gahaa kennuun barbaachisaa dha.

Namootni gocha daldala seeraan alaatiin himatamanii wabiin bahanii barbaadamaa jiran maallaqa wabiif qabsiisan galii gochuun mana isaanii ta'anii hojii idilee isaanii itti fufu; yeroo baay'ee poolisootni waraqaa qabiinsaa baatanii utuu isaan hin qabiin waliin oolani akka galan namootni af-gaaffii deebisan muraasni ni ibsu.<sup>238</sup> Manni murtii qabatama jiru kana osoo beekuu fi abbootiin alangaa mormii osoo dhageessisanii sababa mirga wabiitiin namootni gocha kanaan himataman itti gaafatamummaa seeraa jalaa akka bahan haalli itti taasifamu baay'ee dha. Akka fakkeenyaatti dhimma armaan gadii haa ilaallu:

Falmii abbaa alanagaa fi Kariim Seefuu gidduu turerratti himatamaan buna kuntaala 110 seeraa alaa fi haala qulqullina isaa miidhuu danda'uun konkolaataatti fe'ee osoo socho'aa jiruu waan qabameef himatameera.<sup>239</sup> Mirga wabii ilaalchisee falmii abbaan alangaa dhiyeessarratti, himatamaan Magaalaa Buraayyuu kan jiraatuu fi hojiin isaas konkolaachisaa waan ta'eef, sababa fageenyaa fi haala hojii isaatiif jecha argachuu hin dandeenyu. Akkuma kanaan dura nu quunnamaa ture, namootni daldala seeraan alaatiin himatamani mirgi wabii eegameefii ture beellamatti dhiyaachaa hin turre waan ta'eef, bu'uura s/d/f/y kwt 67 mirgi wabii dhorkamee bu'uura s/d/f/y kwt 93 mana sirreessaa ta'ee akka falmatu ha ajajamu jedhani osoo gaafatanii manni murtii mirga wabiin nama sana gadi lakkise. Akkuma abbaan alangaa falmaa ture shakkamaan waan dhiyaachuu dideef beellama yeroo sadii booda galmeen akka cufamu ta'e.

Kanaafuu manni murtii qarshii wabummaaf qabsiifamu ol-guddisuu qofa osoo hin taane, namni gocha daldala seeraa alaa raawwate jedhamee himatame tokko guyyaa barbaadamutti dhiyaachuu kan danda'u ta'uusaa kan hin mirkaneeffanne yoo ta'e mirga wabii isaatii daangessuu qaba. Armaan olitti akka ibsame, namni yakka raawwate jedhamee qabame ykn himatame tokko dhimmi ittiin shakkame ykn himatame bu'uura s/d/f/y kwt 63 mirga wabii kan kabachiisuuf yoo ta'ellee haala qabatama himatamaa giddu-galeessa godhachuun barbaachisaa ta'ee yoo argame hanga mirgi wabii isaatii daangessuutti deemuun akka dandad'amu s/d/f/y kwt 67 ni hubatama.

---

<sup>238</sup> Af-gaaffii Obbo Geetuu Maammoo, Perezidaantii Mana Murtii Aanaa Guutoo Giddaa, Ammajjii 16, 2008; Joonii Bantii, Perezidaanti mana murtii aanaa gimbii, Amajjii 9, 2008

<sup>239</sup> Falmii Abbaa alangaa vs. Kariim Seefuu, mana murtii aanaa Gimbii, galmee lakk 17618

Xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e osoo hin kenniin sababa mirga wabiitiin nama gocha daldala seeraan alaa raawwatu gadi lakkisuun falmii eegalame akka harkifatuu fi rarra'ee hafu taasisuutti ida'ee namni sun gocha seeraa alaa kan adeemsa kenniinsa murtii danqu yoo raawwatan ni mul'atu.<sup>240</sup> Fakkeenyaaf, falmii Abbaa alangaa fi Zarihuna Abarraa faa gidduu turrerratti<sup>241</sup> himatamaan mooraalee 1170 seeraa ala geejibsiisa osoo jiruu qabamee labsii bosonaa lak 72/95 kwt 13/1 fi kwt 15/1 irra darbeera jedhamee himatame. Mirga wabiitiin kan gadi lakkifame yoo ta'ellee beellama adda addaarratti dhiyaachuu waan dideef galmeen isaa yeroof cufamee ture. Yeroo dheeraa booda hojii daldala isaatii hojjechaa osoo jiruu poolisiin qabamee dhiyaateera. Galmeen socho'ee himatamtootni raga ittisa dhiyeefachuun himanna irratti caqafame namni wayii bilbilee konkolachisaa kanatti muka kana naa geessita jedhee kan itti kenne ta'uu ibsanii jiru. Himatamaanis raga eeyyama darbiinsaa lakk gaafa guyyaa 09/08/07 lak nagahee 54412 ta'een Naannoo Kibbaa irra barreefame dhiyaatee gama biraatiin gaafa qabamee jirus poolisiin waraqa darbiinsa narra fuudhanii jiran waan ta'eef akka naaf dhiyaatu akka naaf ajajamu jedhe gaafate. Manni murtii akka dhiyaatu ajajee waajjirri haqaa dhugummaan isaa akka nuuf qulqulla'u jedhe gaafatee chaappa poolisii waan qabuuf sadrkaa qorannoo irratti kan qulqulla'uu qabu ture waan ta'eef jechuun yaada A/Alangaa kufaa taasisuun himatamtootni ofirra ittisanii jechuun bilisaa jedhee jira<sup>242</sup>.

Falmii olii kanarratti himatamaan gaafa qabame waraqaa darbiinsaa dha jechuun waraqaa guyyaa fi lakkoofsa hin qabne poolisiitti kennee kan jiru yoo ta'u gaafa ragaa faccisaa dheeffate (galmeenu cufame erga bana-mee booda) waraqaa darbiinsaa biroo lakkofsaa fi guyya kan qabu dhiyeeffate. Waraqaan darbiinsaa boodarra dhiyaate sun waraqaa darbiinsaa dura dhiyaatee turee wajjiin tokkummaa kan hin qabnee fi kan wal-faallessuu dha. Ragaa barreeffamaa himatamtootni akka qorattootni jal-qaba kan qulqulleessan yoo ta'u mana murtiitti erga dhiyaatanii boodas ragaa faccisaa waan hin qabneef qarshii wabiin qabsiisan mootummaaf galii akka ta'uu fi galmees akka cufamu taasisanii jiru. Kanaaf ragaan barreeffamaa boodarra dhiyaate kun amanamummaa qaba jechuun rakkisaa dha. shakkisiisaa ta'uun amanamummaa ragichaa akkuma jirutti ta'e manni murtii akka qulqullaa'uu ajaja akka kennu yoo gaafatamallee hayyamuu hin dandeenye.

<sup>240</sup> Af-gaaffii obbo Geetuu Maammoo , perezidaantii mana murtii aanaa guutoo giddaa, amajjii 16, 2008 Milkii Ayyalee, Oogganaa Wajjira Haqaa Aanaa Guutoo Giddaa, Amajjii 16, 2008; Fayyisaa Dhinsaa, Oogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Jimmaa Arjoo, amajjii 17, 2008

<sup>241</sup> Abbaa alangaa vs Zarihun Abarraa, mana murtii aanaa shaashmaannee, galmees lak 51663

<sup>242</sup> Dhimma mana murtii aanaa Shashamannee lakk.galmees 51663 A/Alanga waajjira haqaa aanaa Shashamannee fi Zarihuun Abarra



### **5.1.5. Seera Hiikuu fi Ragaa Madaaluu**

Tumaalee seeraa dhimmoota daldala ilaallatan haala hafuurri seerichaa barbaaduun hiikanii dhimmootarratti raawwachiisuu ilaalchisee hanqinaalee hojii murtii kennuu keessatti mul'atan adda baasuuf abbootiin seeraa, abbootiin alangaa fi poolisootni bar-gaffii akka guutan ta'eera. Bu'uura sanaan abbootii seeraa gaafataman keessaa 59.01% ta'an hanqinni akka jiru yommuu kaa'an, abbootiin seeraa 37.7 ta'an ammoo hanqinni hin jiru jedhaniiru. Lakkoofsi kun ifatti akka agarsiisutti abbootiin seeraa harki caalaan hojii seera kallattii sirrii ta'een hiikuu fi dhimmoota dhiyaatan irratti raawwachuusuu irratti hanqina akka qaban ofii isaaniittii ibsaniiru. Bifuma wal-fakkaatuun abbootiin alangaa fi poolisootni 56% ta'an seerota gocha daldala seeraan alaa adaban kallattii sirrii ta'een hiikanii hojiirra oolchuurratti abbootiin seeraa hanqina akka qaban ibsaniiru. Dhimma seera hiikuu fi dhimmootarratti raawwachiisuu ilaalchisee ogeessotni bitaa fi mirga jiran (kanneen murtii kennanii fi qorataniis himannaa dhiyeessan) seera rogummaa qabutti fayyadamuu, tumaalee seera jiran haala hafuurri to'annoo daldalaa ajajanitti hiikuu, ragaa madaaluu, fi ragaa sobaa adda baasuu yaaluu fi kkf irratti manneen murtii Oromiyaa hanqina akka qaban agarsiisaniiru. Bu'uurma kanaan, seera hiikuu fi murtii sirrii ta'e kennuu keessatti xuqaalee akka agarsiistuutti gargaaruu danda'an jedhan akka armaan gadiitti kaafnee ilaaluu yaalla:

#### **I. Seera Hiikuun Hojiirra Oolchuu**

Seerota to'annoo fi qulqullina daldalaa bitan hiikanii hojiirra oolchuurratti hanqinni manneen murtii keessatti mul'atan bal'aa dha. Hanqinni kunis seera iftoomina guutuu qabu jallisuu (miciiiruu) fi kanneen iftoomina gahaa hin qabnee ammoo haala kaayyoo waliigala seerichaa galmaan gahuu danda'uun hiikanii raawwachiisuu dhabuun calaqqisuu kan danda'uu dha. Bu'uuruma kanaan, rakkoowwan gama kanaan jiraan mata-dureewwan xixiqqaa lama jalatti akka armaan gadiitti kaafnee ilaaluu yaalla:

##### **a. Tumaalee Seeraa Ifa-Galaa Ta'an Hiikanii Hojiirra Oolchuu**

Ergaa keewwatni seeraa tokko dabarsu ifaa fi guutuu yoo ta'e (hanga heera mootummaa hin fallessinetti) abbaan seeraa tumaa seerichaa akkuma jirutti raawwachiisuu qaba.<sup>243</sup> Akkuma beekamu seera kan jedhaman tumaalee seera labsii, dambii fi qajeelfama qaama aangoo qabuun

---

<sup>243</sup> Johnstone, Quintin, "An Evaluation of the Rules of Statutory Interpretation" (1954). Faculty Scholarship Series. Paper 1908, fuula 8; ([http://digitalcommons.law.yale.edu/fss\\_papers/1908](http://digitalcommons.law.yale.edu/fss_papers/1908))

bahee dha. Manneen murtii keenya biratti garuu yaada bu'uura seera hiikuu kana hojiirra oolchuu dhabuun tumaa seeraa ifa-galaa ta'e jallisuun hiikkoo biraa itti kennuun ni mul'ata. Akka fakkeenyaatti murtiilee lamaan armaan gadii haa ilaallu:

1. Falmii Abbaa Alangaa Galiwwanii fi Gumuruukaa Itoophiyaa Dame Kibba Lixaa, fi himatamtoota Baaroon Biiznes Waldaa Dhuunfaa i/g/m N-4 gidduu turerratti<sup>244</sup>, himatamaan hojii daldala tajaajila hoteelaa kennuuf hayyama hojii daldalaa baafachuu fi kaffalaa taaksii dabalataa ta'uun bara 2002tti hojiitti gale. Haa ta'u malee, hojjetoota waajjira himataa namoota lamatti tajaajila kenna ciisichaa (siree) qarshii 294tti gurguruun nagahee kaffaltii taaksii dabalataa waan hin laatneef labsii taaksii dabalataa labsii lakk 285/94 kwt 56(1) fi labsii taaksii dabalataa fooyyessuuf bahe labsii lak 609/2001 kwt 22(1) irra darbuun himatameera. Hojjetootni waajjira himataa akka ragaatti dhiyaataani ragaa bahaniiru: tajaajila kenna ciisichaa argachuuf qarshii kaffaluun furtuu kutaa ciisichaa argatanii kuticha keessa yeroo muraasaaf boqotanii akka bahan ibsaniiru. Manni murtichaas akka xinxala taasisetti, labsiilee lak 285/94 kwt 22(1) fi labsii lak 609/2001 kwt 2(10) jalatti namni nagahee taaksii dabalataa kennuu qabu tokko *akkuma namni meeshaa ykn tajaajila bituuf waliigale tokko bitatee fudhateen nagahyichi muramee kennamuu* qaba jedha. Haa ta'u malee, *tajaajilli kenna ciisicha siree kennameera kan jedhamu namni tajaajilichi barbaade siree qabatee- fudhachuun waan kuticha keessa seeneef tajaajilicha argateera jechuun hin danda'amu* jechuun bu'uura s/d/f/y kwt 141 himaticha kufaa godheera.

Tumaa seericharraa akka hubatamutti, namni taaksii dabalataa kaffaluuf galmaa'ee jiru tokko yerooma meeshaa ykn tajaajila gurguretti nagahee galii dabalataa nama bitatef kennu akka qabu bifa ifa ta'een tumee jira. Hiikkoon keewwatichaa affaan Amaaraa *wodiyaawu* yoo jedhu hiikkoon afaan Ingilizii ammoo *simaltenously* jedhee jira. Hima biraatiin, nagaheen galii dabalataa yoo xiqqaate meeshaa ykn tajaajila gurguramuu wajjiin nama bitateef kennamuu qaba jechuu dha. Dhimma armaan olitti ibsametti yoo deebinu, himatamaan waliigaltee gurgurtaa tajaajila ciisichaa raawwachuun ofiisaa maallaqa ittiin gurgure fudhatee nama tajaajilicha biteef ammoo kutaa ciisichaa fi furtuu kutichaa kenneera; kun ammoo tajaajilicha gurgureera jechuu dha. Sana booda tajaajila ciisichaa bitametti fayyadamuu ykn fayyadamuu dhabuun qooda nama tajaajilicha bitateeti. Kanaafuu, himatamaan bu'uura seerichi tumee jiruun akkuma maallaqa

---

<sup>244</sup> Falmii Abbaa alangaa galiwwanii fi gumuruukaa itoophiyaa dame kibba lixaa vs. baaroon bizines waldaa dhuunfaa i/g/m N-4, mana murtii olaanaa godina jimmaa, galmee lakk 30682

tajaajilicha ittiin gurgure fudhatee nama tajaajilcha bitate sanaaf kutaa ciisichaa fi furtuu isaa kenneen nagahee galii dabalataa muree kennuu qaba ture. Manni murtii seera ifagalaa kanaa dhimma harkaa qabu kanarrattii kallattiin raawwachiisuu dhiisuun hiikkoo micciiramaa kennuunsaa dogoggora.

Daldalaan nagahee galii dabalataa kennuu qabu tokko akkuma meeshaa ykn tajaajila gurgureen nagahee galii dabalataa kennuu akka qabu seerri bifa ifaan tumee osoo jiruu sababoota adda addaatti hirkisuun daldaloota dirqama seeraa kana hin baane itti-gaafatamummaa seeraa jalaa baasuun manneen murtii keenya biratti bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, falmiiwwan abbaan alangaa A/Taayitaa galiwwanii fi Indiriis Mummad Adam gidduutti gaggeeffamee<sup>245</sup> fi Abbaan alangaa A/Taayitaa galiwwanii fi gumuruukaa fi Fadiluu Nuurii gidduu turerratti<sup>246</sup>, gurgurtaa fi nagahee galii dabalataa kennuun dhimma al-takkaa (wal-faanaa) raawwatamuu qabu ta'uusaa hubatanii raawwachiisurratti hanqinni gama mana murtii keenya akka jiru akeeku.

2. Falmii hariiroo Gurraacha Aanaa fi Waajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Booranaa jiddutti gaggeeffamaa turerratti, himatamaan goggaa gara gabayaa jiddu galeessa geessuuf osoo deemuu seeraan ala ana harkatti qabe waan ta'eef tilmaama qarshii 61,500 akka naaf kanfalu jedhe gaafatee. Himataman deebii kenneen himataan gogaa yommuu dabarsutti bu'uura labsiin lakk 814/2006 kwt 9(5)tti waraqaa fe'umsaa kan hin qabne waan ta'eef seeraan ala geejibaa ture. Kanaaf bu'uura seerri ajajuun dhaalame waan ta'eef himanni dhiyaate kufaa akka ta'uu gaafate. Manni murti Ol'aana Godina Boorana falmisiisee murtii akka kennetti, *himatamaan hayyama hojii daldalaa hanga 2007 haareffame of-harkaa qaba. Kanaafuu, waraqaa darbiinsaa yoo dhabellee himataan hayyama hojii daldalaa waan qabuuf meeshaan isaa qabamuun seeraa ala waan ta'eef tilmaama gogaa qdhaalamee qarshii 46,500 himatamaan akka kaffalu jechuun murteesseera*<sup>247</sup>.

Labsiin bittaa-gurgurtaa kallee fi gogaa lakk 814/2006 kwt 9(1) jalatti namni gogaa fi kallee dhiyeessuu kamiyyuu hayyama hojii daldalaa fi waraqaa ragaa gahumsa hojii daldala gogaa fi kallee baafachuu akka qabu tumee jira. Itti dabalees, kwt 9(5) jalatti dhiyeessaan kamiyyuu

---

<sup>245</sup> Falmii Abbaa alangaa waajjira abbaa taayitaa galiwwanii vs. Indiriis Muummad Adam, mana murtii olaanaa godina Harargee bahaa, galmees lakk 30955

<sup>246</sup> Falmii Abbaan alangaa A/Taayitaa galiwwanii fi gumuruukaa vs. Fadiluu Nuurii, mana murtii olaanaa godina Jimmaa, galmees lakk 30460

<sup>247</sup> Gurraacha Aanaa fi Waajjira daldalaa fi misooma gabaa godina Booranaa, mana murtii Ol'aana Godina booranaa, galmees lak 10470

gogaa fi kallee bakka gabaa, mana kuusaa, bakka itti qopheessan ykn warshaa tokkoo bakka biraatti geessuuf waraqaa fe'umsaa (waraqaa darbiinsaa) qaama dhimmi ilaallatu biraa baafachuu akka qabu tumeera. Bu'uuruma kanaan, kwt 14(6) daldalaan waraqaa fe'umsaa osoo hin qabaatiin gogaa fi kallee bakka tokkoo gara bakka biraatti osoo geessaa jiruu argame, gogaa fi kallichaa akka dhaalamu ta'ee hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen adabama jedha. Kanaafuu, labsii kanarraa akkuma hubatamu hayyamni hojii daldalaa haala kamiiniyyuu waraqaa fe'umsaa bakka hin bu'u; waraqaa fe'umsaa qabaachuun dirqama of-danda'ee daldalaa gogaa fi kalleerratti gatamee dha. Itti dabalees, kwt 14(6) haala ifa ta'een namni waraqaa fe'umsaa osoo hin qabaatiin gogaa fi kallee bakka tokkoo gara bakka biraatti osoo geessuu qabame, gogaa fi kellichaa ni dhaalama jedhee jira. Kanaafuu, tumaa seeraa ifa-galaa kana kallattiin dhimma dhiyaaterratti raawwachiisuu dhiisuun ulaagaa seerri gaafatu tokko ulaagaa kan biroo jala galchuun seerri haala barbaadamuun hojiirra akka hin oolle taasisuu dha.

#### **b. Tumaalee Seeraa Iftoomina Gahaa Hin Qabne Hiikuun Hojiirra Oolchuu**

Keewwatni seeraa tokko iftoomina gahaa kan hin qabne yoo ta'e qajeeltowwan hiikkoo seeraatti fayyadamanii hiikuun hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Tumaalee seeraa hiikkuu keessatti qajeeltowwan akka ijootti ilaalaman keessaa tokko guutummaa seerichaa dubbisuun bifa kaayyoo waliigala seerichaa galmaan gahuu danda'uun keewwatoota hiikanii raawwachiisuu dha.<sup>248</sup> Haa ta'u malee, manneen murtii Oromiyaa tumaalee seera daldalaa iftoomina gahaa hin qabne tokko tokko haala kaayyoo waliigala seeriichaa galmaan gahuu danda'uun hiikanii hojiirra oolchuurratti hanqina baay'een osoo qabanii mul'atu. Haaluma kanaan hanqinaalee jiran dhimmoota qabatamoo kaasuun muraasa akka armaan gadiitti ilaalla:

1. Falmii hariiroo himataa Isheetuu Kabbadaa fi himatamtoota Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Aanaa Gimbichuu N-2 gidduutti Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaaamaatti taasifameen,<sup>249</sup> himataan boloqqee kuntaala 100 osoo geejjibiisaa jiruu himatamtootni seeraan alaa na jaala qabanii gurguran waan ta'eef gatiisaa akka naaf kaffalan jedhee himatate. Himatamtootni akka deebii kennanitti himataan waraqaa darbiinsaa fi hayyama hojii daldalaa osoo hin qabaatiin boloqqee seeraa ala geejjibiisaa osoo jiruu waan qabameef daldala seeraan alaa raawwateera jedhan. Manni murtii akka xinxaletti, *bu'uura dambii*

---

<sup>248</sup> Government of western Australia, department of the attorney general, how to read registration: a beginners' guide, May 2011, fuula 15

*bittaa-gurgurtaa salixii fi boloqqee adii lakk 178/2002 kwt 23(1) namni boloqqeen isaa jalaa qabame guyyoota hojii shan keessatti komii isaa qaama dhimmi ilaallatutti dhiyeeffachuu akka qabu tuma; himatamtootni ammoo guyyoota hojii lama qofa eeguun boloqqicha gurguruun isaanii seeraa ala waan ta'eef boloqqeen qabame akka deebi'uu ykn tilmaamni isaa akka kanfalamu murteesse. Manni murtii waliigala Oromiyaa dhadachi bahaas murtii kana cimsee murteessee jira.*<sup>250</sup>

Bu'uura dambii 178/2002 kwt 13(6)tti namni hojii daldala salixii fi boloqqee adiirratti bobba'u kamiyyuu hayyama hojii daldalaa fi waraqaa gahumsa hojichaa qabaachuu cinatti meeshaalee daldalaa kana fe'ee bakka tokkoo gara bakka biraa deemu, waraqaa gaggeessituu (waraqaa darbiinsaa) qabachuu qaba. Haaluma kanaan, himataan waraqaa darbiinsaa fi hayyamaa soo hin qabaatiin fe'ee deemuunsaa daldala seeran alaa gaggeessaa waan jiruuf meeshaan inni fe'ee deemu sana qabuun himatamaa seera qabeessa. Haa ta'u malee, himataan komii qabu akka dhiyeeffatuuf guyyoota hojii shaniif qaamni dhimmi ilaalu komii isaa eegu qaba. Hima biraan, boloqqee fi salixiin qabame guyyoota hojii shaniin booda malee gurguramuu hin qabu jechuun akka danda'amu dambichi kwt 23(1) fi (2b) irraa ni hubatama.

Hiikoon kwt 23(1)tti kennamu garuu ergaa guutuu kwt 23 haala galmaan gahuun ta'uu qaba. Keewwatichi adeemsa seera qabeessummaa boloqqee fi salixii qabame tokko ittii qulqulleessaan kan ibsu yoo ta'u guyyoota kaa'aman keessatti dhiyeeffachuu dhabuunsaa gaafa biraa akka hin dhiyeeffanne kan isa taasisuu miti. Qaamni sun komii inni dhiyeeffatu yoo kan kuffisan ta'ellee mana murtii olaanaatti dhiyeeffachuu ni danda'a. Itti dabalees, falmii kana keessatti dhimmi ijoo ta'ee ilaalamuu qabu meeshaan qabame seera qabeessaan geejjibamaa jira moo hin jiruu malee himatamtootni adeemsa jiru eegu dhabuusaanii miti. Keessumattuu, kwt 23(3), namni meeshaan isaa jalaa qabame mana murtiitti himata dhiyeeffachuu kan danda'u kallattiin osoo hin ta'iin murtii koreen murteesserratti hundaa'ee ol'iyyannoo dhiyeeffata. Kanaaf, turtii yeroo seeran kaa'ame cabsuun meeshaa seeraan ala daldalamaa jiru tokko gurguruun gurguruun qaama dhimmi ilaalu gochicha seera qabeessa hin taasisu. Kanaafuu manni murtii tumaa keewwata tokko yeroo hiiku guutummaa kaayyoo seerichaa wajjiin bifa deemuu danda'uun ta'uu osoo qabuu keewwata tokko luqqisanii seerotni sirna to'annoo fi qulqullina daldalaa kabachiisan akka gufatan gochuun sirrii miti.

<sup>250</sup> Isheetuu Kabbadda fi Waajjira daldalaa fi misooma gabaa aanaa gimbichuu, Misooma gabaa Itoophiyaa dame Adaamaa, mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha bahaa, galmees 151226

### **5.1.6. Murtiilee Gocha Daldala Seeraan Alaa Irratti Kennaman Daangessuu**

Manni murtii murtiin adabbii (murtiin adabbii fi raawwiin isaa) kennu yakkamaarratti yeroo hunda raawwachuu dhabuu ni danda'a: daangessuu danda'a jechuu dha. Murtii murtaa'e tokko (murtii adabbii ykn raawwii isaa yoo ta'es) kan daangeffamu ulaagaalee seerri yakkaa tumee jiru galmaan kan gahu yoo ta'u qofa. Qajeeltowwan murtii adabbii irratti hundaa'anii daangessan seera yakkaa kwt 190 hanga kwt 202tti tumamanii jiru. Isaanis, sababoota yakka raawwatameef ka'umsa ta'an hunda ilaalu, fi amalaa fi seenaa yakkamaa madaaluun murtii adabbii kenname bu'uura kwt 191 akkasumas raawwiin murtii adabbii kennamu bu'uura kwt 192, 193 fi 194 raawwatiinsa kan qabaatan ta'u. Adabbii ykn raawwiin adabbii isaa daangeffamuu kan danda'u sababa ta'e qofaaf murtiin kan daangeffamu miti; yeroo qormaataa kennamu keessatti qajeelfama namusaa yakkamaan raawwachuu qabu ibsuu fi qajeelfama namusaa sana kan kabaju ta'uusaa manni murtii adda baafachuu qaba. Itti dabalees, yakkamaan miidhaa qaqqabsiisee ilaachisee miidhamaaf beenyaa kan kaffalu ta'uu, baasii mana murtii kan aguugu ta'uu fi qajeelfama namusa irratti darbe kan raawwatu ta'uusaa mana murtiif kan ittiin mirkaneessu wabii gahaa dhiyeeffachuutu irraa eegama.

Murtii adabbii ykn raawwii isaa daangessuuf tumaalee seeraa dhimma murtii adabbii daangessuu ilaalchisee tumamanii jiran hunda ilaaluun hojjiirra akka oolan taasisuun dirqama. Haa ta'u malee, murtiiwwan adabbii fi raawwii isaa dhimma gocha daldala seeraan alaarratti darban yeroo baay'ee kan daangeffaman yoo ta'an haalli daangeffama isaanii kun ammoo tumaalee seera yakkaa waa'ee murtii adabbii fi raawwiisaa ilaalchisee tumamanii jiran bifa yaada keessa galcheen miti. Akka fakkeenyaatti ibsuuf, murtii gocha daldala seeraan alaa to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunarratti raawwatame irratti kennaman shan mala iddattootti fayyadamuun fuudhamanii yoo xiinxalaman hundi isaanii tumaalee seera yakkaa haala murtii fi raawwii murtii daangessuu kan kabajan miti: ka'umsa raawwii yakkichaaf sababa kan ta'ani fi seenaa yakkamaa kan xinxale akkasumas ajaja qajeelfama naamusaa fi wabii tokkollee hin murteessine. Akka agarsiistuutti murtiilee armaan gadii haa ilaallu:

Falmii abbaa alangaa fi Muhaammad Musaa gidduutti Aanaa Guutoo Giddaatti<sup>251</sup> gaggeeffamaa ture irratti himatamaa labsii sirna qulqullinaa fi daldala bunaa lak

---

<sup>251</sup> Falmii Abbaa Alangaa vs. Muhaammad Musaa, mana murtii aanaa Guutoo Giddaa, galmee lak 28606

160/2002 kwt 23(1) fi 23(4) irra darbuun buna seeraa alaa fe'ee osoo socho'uu qabameera jedhamee himatame. Manni murtii keewwattoota caqasaman jalatti balleessaadha jechuun hidhaa cimaa waggaa tokkoo fi qarshii 2000 adabuun daangaa yeroo waggaa lamaatiin irraa daangesseera. Falmii abbaa alangaa fi Yirgaalem Kidaanee gidduutti<sup>252</sup> gaggeeffamerrattis manni murtii labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala buna lakk 160/2002 kwt 23(4) hidhaa cimaa waggaa sadii fi qarshii 7000 murtaa'e yeroo turtii waggaa lamaatiin daangesseera.

Murtii olitti eeraman kanneenii fi kan biroo<sup>253</sup> daangessuu keessatti manni murtii murtii yakkamtootni kanaan dura yakkaan adabamanii kan hin jirre ta'uu mirkaneessuun alatti haala amma yakka raawwatee fi amala yakkaamaa tokkollee adda hin baafne. Balaafamummaa amala yakkamaa fi miidhaa yakkichi geessisu tokkollee hin qoranne. Itti dabalees, yakkamtootni murtiin isaanii daangeffamu qajeelfama namusaa isaan hordofuu qaban adda hin baafne; baasii mana murtii akka aguuganii fi miidhaa geessisaniif beenyaa akka kaffalan ilaalchisanii murtii kennan hin qaban.

Manneen murtii tokko tokko keewata seeraa namootni gocha daldala seeraan alaa raawwataniiru jedhamanii himataman adabbii daangeffamuu hin dandeenye adabamuu ni danda'u jedhamanii kan yaadamu yoo ta'e qajeeltoo seeraarraa jallatanii murtii adabbii salphisuun ni mul'ata. Gama kanaan, murtii armaan gadii haa ilaallu:

Falmii abbaa alangaa fi Dababa Ishetee N-2 gidduutti gaggeeffameen<sup>254</sup>, himatamtooni qorqoorroo abbaa geejjii 34 baayinni isaa 1,918 ta'e seera gumruuka cabsuun mana keessatti kuusanii waan argamaniif himatamaniiru. Himatamtootni dhiyaatanii waakkatani jiru. Ragoonni A/Alangaa bu'uura himataan gochicha yoo mirkaneessan; himatamtootni ragaa ittisaa dhiyeeffachuu hin dandeenye. Haaluma sanaan, manni murtii murtii adabbii kennuun hanga murtii yoo shallagu, yakkichi gulantaan kan hin baaneef waan ta'eef sadarkaan yammu bahu gadaanaa fudhanna jechuun hidhaa cimaa waggaa 7-waggaa 9 ta'e jechuun kun immoo gulanta 23 jalatti kufa jedheera. Himatamtootni

---

<sup>252</sup> Falmii Abbaa Alangaa vs. Yirgaalam Kidaanee, mana murtii aanaa Maannaa, galmees lak 10688

<sup>253</sup> Fakkeenyaaf, falmii abbaa algnaa vs. Darajjee Abdiisaa, mana murtii Leeqaa Dullachaa, galmees lak 10801, Abbaa Alangaa vs. Zakkaariyaas Fiqiree, mana murtii aanaa Sokorruu, galmees lak 06882, Abbaa Alangaa vs. Fiqaaduu Nuurii, mana murtii olaanaa godina jimmaa, galmees lak 30460

<sup>254</sup> Falmii A/Alangaa galiwwanii fi gumruukaa vs. Dabbaba Ishetee N-2, mana murtii olaanaa godina baalee, galmees lak 17812

kanaan dura yakka raawwatani kan hin beeknee fi barsiisota waan ta'aniif sababa adabbii salphisu tokko qabu jechuun gulantaa 22tti gadi buusa. Itti dabalees, himatamtootni barsiisota waan ta'aniif hawaasaaf gahee guddaa kan buusan waan ta'eef bu'uura seera yakkaa kwt 88 (2)tti adabbiin kun kan barsiisu ta'uurra miidhaa geessisusuun isaa caaluu danda'a jechuun bu'uura seera yakkaa kwt 86 qajeelfama adabbiin osoo hin dangahin akka herregamu taasisuun hidha cimaa waggaa lamaa fi qarshii 5,000 adabe. Ittaansuun, yakkamtootni kanneen barsiisotaa fi umuriin nama guddaa waa ta'aniif adabii kenname daangaa waggaa lamaatiin daangesseera.<sup>255</sup>

Murtii armaan oliirraa akka hubatamu sababa murtii salphisuuf gargaaru tokko yeroo tokkoo ol fayyadamuun sababa gahaa tokko malee qajeelfama adabbii keessaa bahuun murtii kenneera. Itti dabalees, sababuma dura fayyadame kaasuun ulaagaalee seerri gaafatu tokkollee osoo hin kaasin akkasumas qajeelfama namusaa yakkamtootni hordofuu qaban osoo hin murteessin wabiis osoo hin waamsisiin adabbii kenne daangesseera. Haala kenniinsa murtii kanaa fi haala murtichi itti daangeffame kanarraa miidhaa yakkichi biyyarratti fidutti xiyyeeffannoo kennuu dhabuun hangam akka calaqqisu hubachuun ni danda'ama.

Kanaafuu, yakkamtootni adabbiin isaanii kanneen daangeffame akka haaromanii, fi nagaa fi tasgabbiin uummataa akka dhugoomuuf eeggannaa barbaachisaa manneen murtii kanneen taasisan tokkollee hin jiru. Gocha daldala seeraan alarraa akka of-qusataniif barumsa namoota yakka kana hojjetaniif kenname hin jiru akkasumas hawaasni murtii kanarraa baratee gocha daldala seeraan alarraa akka of-qusatuuf ergaan darbe tokkollee hin jiru.

### **5.1.7. Ragaa Madaaluu**

Dhimmoota gocha daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatee ragaalee dhiyaatan kallattii sirrii ta'een madaaluu fi ragaa sobaa adda baasurratti raawwiin abbootii seeraa maal akka fakkaatu ilaalchisee abbootiin seeraa hojii isaanii akka gamaaggaman ta'eera: Abbootii seeraa 27.87% ta'an gahumsa barbaadamuun raawwachaa akka jiran ibsu, abbootiin seeraa 60.66% ta'an gama kanaan hojiin isaanii fooyya'aa yoo ta'ellee hanqina kan qabu takka a'ee eeru; abbootiin seeraa 4.92% ta'an ammoo raawwiin isaanii gadaanaa akka ta'e dhugaa bahaniiru. Kara gabaabaa abbootiin seeraa 65.5% ta'an hojiin ragaa kallattii sirrii ta'een madaaluu fi ragaa sobaa dhiyaatan qulqulleessanii ambisuurratti jiru hanqina akka qabuu fi dhimma xiyyeeffannoo



barbaadu ta'uu akeeku. Bifuma wal-fakkaatuun ogeessotni af-gaaffii deebisan manni murtii hangina guddaa gama kanaan akka qabu eeru.<sup>256</sup> Itti dabaluuinis, manni murtii seera jiru kallattii sirriin hiikuu fi ragaa kallattii sirii ta'een madaluun murtii kennuurra, qaawwaa seeraa fi ragaa barbaadani nama gocha daldala seeraan alaatiin himatame bilisa gaggeessuutu bal'inaan mul'ata jedhu. Yaada ogeessota qaamolee haqaa kana caalatti qabatama gochuuf dhimmoota mana murtii rogummaa qabani fi murtii xumuraa argatan 32 of-harkaa qabnu keessaa 16 bilisa kan gaggeeffamanii dha. Murtiiwwan himata dhiyaate kufaa taasisan (himatamaan bilisa akka gaggeeffamu taasisan) kanneen baay'een isaan hanqina madaalii ragaarraa kan maddanii dha.

Dhimma daldala seeraan alaarratti murtii kennuun wal-qabatee gochi akka danqaa guddaatti ka'uu danda'u tokko dhiyeessa ragaa sobaati. Fakkeenyaaf, bunni seeraa alaa jedhamee qabamerratti qorannaan gaggeeffamee xumuramuun himatni mana murtiitti erga dhiyaatee booda himatamtootni ragaa amanamummaa hin qabne barreessisanii dhiyeessu. Ragaaleen barreeffamaa dhiyaatan kanneenis, fakkeenyaaf, xalayaa bunni qaama dhimmi ilaallatu gahuusaa ibsu (Goods Received Notice), waraqaa gaggeessituu, waraqaa darbiinsaa, fi kkf wajjiin kan wal-qabatani dha<sup>257</sup>. Itti dabalees, yeroo tokko tokko ragaa seera qabeessa al tokkotti tokko qofaan kennamuu qabu lama yookaan sadii taasisanii kennuun daldalli seeraan alaa akka ittiin gaggeeffamu haalli itti taasisan ni mul'ata; kunis ragaa sobaati.<sup>258</sup> Gocha daldala seeraan alaarratti murtii kennuun wal-qabatee rakkinni ragaa sobaa ballinaan kan jiru yoo ta'ellee amanamummaa ragaa dhiyaatanii madaaluun murtii haqa-qabeessa kennuurratti hanqinni gama mana murtiin mul'atu guddaa dha. Dhimma kanarratti murtiilee armaan gadii haa ilaallu:

1. Falmii abbaa alangaa fi Shawwaan Bajawu gidduutti gaggeeffamaa turerratti<sup>259</sup> himatamaan gaafa 9/2/2006 godina wallagga lixaa aanaa Baabboo Gambeel magaalaa Baabboo ganda 02 keessatti hayyama hojii daldalaa osoo hin qabaatiin sangoolee 11 konkolaataatti fe'ee osoo adeemaa jiruu waan qabameef labsii galmeessaa fi hayyama hojii daldalaa lakk 686/2002 kwt 60(1) irra darbeera jedhamee himatame. Himatamaan hayyama hojii daldalaa manattiin

---

<sup>256</sup> Af-gaaffii Milkii Ayyalee, Ooggaanaa Waajjira Haqaa Aanaa Guutoo Giddaa, Amajjii 16, 2008; Komadar Asaffaa Gannatii, Komishinara Ittaanaa Komishinii Poolisii Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 05-05-2008 waliin gaggeeffame

<sup>257</sup> Af-gaaffii Mulugeetaa Geetaachoo, A/Alangaa fi A/Adeemsa Murtii Haqaa Kennisiisaa, Waajjira Haqaa Aanaa Gommaa, af-gaaffii gaafa 19-5-2008; Barreessaa Baqqalaa, oogganaa wajjira haqaa godina wallagga lixaa, amajjii 16, 2008

<sup>258</sup> Af-gaaffii Umar Yoonis, abbaa alangaa waajjira haqaa godina jimmaa, amajjii 19, 2008

<sup>259</sup> Falmii Abbaa alangaa vs. shawwaa Bejawa mandafiroo, mana murtii aanaa baabboo gambeel, galmees lak 03403

dhiisee malee nan qaba jedhe. Akkan dhiyeeffadhu naaf haa hayyamamu jedhee mana murtii waan gaafateef manni murtii akka dhiyeeffatuuf hayyame. Haaluma sanaan, hayyama hojii daldalaa gaafa 8/2/2006 waajjira daldalaa fi misooma gabaa Loodee Heexosaati kennameefii kan jiru ta'uu ragaa dhiyeeffate. Ragaa dhiyaate kanarratti hundaa'uun himatamaan hayyama hojii daldalaa qaburratti hundaa'ee daldalaa jira jechuun himata dhiyaate kufaa taasiseera.

Himatamaan hayyama hojii daldalaa of-harkaa osoo hin qabaatiin sangoota 11 Godina Wallagga Lixaa Aanaa Baabboo Gambeelii bitee osoo sochu'uu kan qabame gaafa 9-2-2006 ture. Namni kun hojii hayyama daldala beeyiladaa baafadheera kan jedhu guyyaa tokko dura gaafa 8-2-2006 ture. Himatamaan Onkoloolessa 8 hayyama Aanaa Loodee Hexosaatii baafatee onkoloolessa 9 ammoo Aanaa Baabboo Gambeelii sangoota bitee aanicha keessa geejjibsiisaa osoo jiru qabame jechuu dha. Magaalaan Loodee Hexosaa Magaalaa Baabboo Gambeel irraa gara km 800 fagaatee kan argamuu dha. Kanaafuu Onkoloolessa 8 waajjira mootummaatii hayyama hojii dalalaa fudhatanii Onkoloolessa 9 ganamaan gabaa Aanaa Baabboo Gambel keessatti argamu dhaabataniis sangoota bituun kan danda'amuudha jedhamee hin yaadamu. Ragaa himatamaan dhiyeeffatu kun dhuguma ragaa sirrii gaafa jedhame sana waajjira mootummaarraa kara seera qabeessa ta'een kan kenname ta'uunsaa baay'ee shakkisiisaa fi amanamuu kan hin danda'amnee dha. Kanaaf, manni murtii ragaa shakkisiisaa dhiyaate kana akkuma dhufetti fudhatee irratti hundaa'ee murtii kennuun isaa dogoggora. Amanamummaa ragaa kanaa sirriitti madaalee murtii haqa qabeessa kenuutu irraa eegama ture.

2. Falmii abbaa alanagaa fi Maammoo Baayisaa N-2 gidduu turerratti<sup>260</sup> himatamtootni waraqaa darbiinsa (waraqaa deeggarsaa) osoo hin qabaatiin xaawulaa 16 fe'anii gara Magaalaa Najjootti seenaa osoo jiraniis waan qabamaniif seera yakkaa kwt 32(1A) fi labsii 72/1995 kwt 11(1) cabsaniiru jedhamanii himataman. Himatamtootni waraqaa deeggarsaa Waajjia Qonnaa Aanaa Sayyoo Nooleetii baafatanii kan jiran yoo ta'ellee yeroo qabamanitti isaan harka kan hin jirre waan ta'eef akka dhiyeeffatan mana murtii gaafataniiru. Haala sanaan guyya beellamaatti waan dhiyeeffataniif m/murtii ragicharratti hundaa'ee murtii yoo kennu xinxala murtichaa akkas jechuun ibseera: *himatamtootni seera waan hin beekneef waraqaa deeggarsaa isaaniif kenname harkatti hin qabanne. Osoo seera beeku ta'ee*

---

<sup>260</sup> Abbaa alngaa vs. Maammoo Baayisaa fi Beekamaa Tarreessaa, mana murtii aanaa Najjoo, galmee lakk 16234

*waraqaa baafatan harkatti ni qabatu turan* jechuun himata dhiyaate kufaa gochuun bilisa geggeesse.

Himatamtootni sababoota adda addaatiif waraqaa darbiinsaa baafatanii jiran qabatanii argamuu dhabuu ni danda’u. Garuu dhimma kanarratti akka manni murtii xinxale kana osoo hin taane, namni tokko bu’aa bosonaa fe’ee yoo deemu waraqaa darbiinsaa qaama dhimmi ilaalu biraa baafachuu akka qabu kan ibsu seera.<sup>261</sup> Himatamtootnis seera kana waan beekaniif waraqaa darbiinsaa seerri gaafatu kana baafatanii bu’uura hayyama kanaatiin xaawulaa fe’anii imala eegalan. Akka ibsa isaaniitti, himatamtootni hubannoo seeraa kan qaban ta’uu fi seerichas kabajuuf karaa dheeraa deema akka jiran agarsiisaa osoo jirani, manni murtii, himatamtootni hubannoo seeraa waan hin qabneef waraqaa darbiinsaa baafatanii jiran harkatti qabachuu dhaban jechuun madaallii ragaa karaarraa maqee dha. Yaada kana dhiyeessuurra, manni murtii, amanamummaa ragaa boodarra dhiyaate kana madaalee murtii gahaa kennuutu irraa eegama ture. Amanamummaan ragaan dhiyaate baay’ee shakkisiisaa ta’uunsaa akkuma eegametti ta’ee manni murtii amanummaa ragaa madaalee murtii haqa-qabeessa ta’e kennuun gocha daldala seeraan alaa to’achuurratti hanqinni jiru maal akka ta’e agarsiisa.

3. Falmii Abbaan Alangaa Abbaa Taayitaa Galiwwanii fi Indiriis Mummad Adam gidduutti gaggeeffamerratti<sup>262</sup> himatamaan daldaalaa taaksii dabalataa kaffaluuf galmaa’ee jiru ta’ee osoo hojjetaa jiruu hojjetoota sirnaan hojjechuu nama kanaa to’atanitti foon kg 2 nama adda addaa lamatti nagahee galii dabalataa VAT osoo hin kutiin waan gurgureef labsii 285/94 kwt 22(1) fi labsii 609/2001 kwt 50(B1) irra darbeera jedhamee himatame. Ragaan himatamaa bu’uura himataan kan mirkaneessan yoo ta’u ragaan himatamaa jecha ragaa akka kennanitti namni maallaqa fuudhuu fi maashina nagahee baasu to’atu nama foonicha muree gurguru irraa adda yoo ta’u namni maashinicha to’atu hanga mana fincaanii deemee deebi’utti dhaabbatanii eeggachuu dhabanii nagahee osoo hin fudhatiin deemanii jiru jedhan. Manni murtii yaada ragaa faccisaa kanarraa dhaabbachuun namni foon bitatee nagahee VAT osoo hin fudhatiin deemetu rakkina qaba malee himatamaan badii hin qabu jechuun bu’uura s/d/f/y kwt 149(2) bilisa gaggeesseera.

---

<sup>261</sup> Labsii bosona mootummaa naannoo oromiyaa, labsii lak 72/95, kwt 13(1)

<sup>262</sup> Abbaa alangaa waajjira abbaa taayitaa galiwwanii vs. Indiriis Muummad Adam, mana murtii olaanaa godina Harargee bahaa, galmees lakk 30955

Labsiin galii dabalataa lak 609/2001 kwt 50(b1) akka tumutti, daldalaan galii dabalataa kaffaluuf galmaa'ee kamiyyuu akkuma meeshaa gurgureen nagahee galii dabalataa fayyadamaaf kennuu akka qabu bifa ifa ta'een tumee jira. Dhimma olitti caqasame kana keessatti daldalaan kun akkuma foon muree kennee maallaqa fudhateen, nagahee galii dabalataa kennuutu irraa eegama. Foon muree gurguruun gatiisaa erga fudhatee nagahee kennuu dhabuunsaa dirqama isarraa eegamu bahuu dhabuu isaa ifatti kan mul'atuu dha. Yeroo gurgurtaan raawwatamuun maallaqni fudhame namni nagahee muree kennu mana fincaanii deemee ture malee haal seerri ajajuun galii dabalataa walitti qabaa jirra jechuun himatamaa dhimma deemsisu miti. Ijoon guddaa ilaalamuu qabu kan biraa ammoo ragaan faccisaa *namni nagahee dabalataa muru yeroo gurgurtaan raawwatametti mana fincaanii deemee jira* jedhu hangam manamaa jedhanii madaaluu ture. Gama kanaan, manni murtii amamummaa ragaa faccisaa shakkisiisaa ta'e kana madaaluuf xiyyeeffannoo tokkollee gochuu dhabuusaati. Ragaa faccisaa gahumsa hin qabne kanarratti hundaa'uun himatamaa bilisa gaggeessuun mana murtii, madaallii ragaa haala ragaa sobaa saaxiluu danda'amuun hojjechuu ilaalchisee hanqinni jiru guddaa ta'usaa kan akeekuu dha.

Murtiilee olitti eeraman irratti hanqinaaleen calaqqisan murtiilee gocha daldala seeraan alarratti kennaman hedduurratti kan mul'atanii dha. Fakkeenyaaf, murtiilee abbaa alangaa vs. Kaasuu Biiramoo,<sup>263</sup> abbaa alangaa vs. Ababaayoo Girmaa,<sup>264</sup> abbaa alangaa vs. Shifarraawu Badhoo,<sup>265</sup> fi kkf kaasuu ni danda'ama.

Dhimmootni gocha daldala seeraan alaa manneen murtii Oromiyaatti keessummeeffaman hanqina madaallii ragaa ilaalchisee amanamummaa ragaalee dhiyaatanii qulqulleessuu dhabuutti dabalee ragaalee abbaan alangaa dhiyeessuuf xiyyeeffannoo gahaa kennuu dhabuun murtiilee kennaman irraa bal'inaan kan calaqqisuu dha. Rakkoo gama kanaan jiru murtiilee armaan gadii lamaan kaafnee haa ilaallu:

4. Falmii A/Alangaa fi Abdurrahmaan Haaji Muhaammad N-2 gidduutti taasifameen<sup>266</sup> himatamtootni seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 32(1a) fi labsii galmeessa daldala fi kennaa

---

<sup>263</sup> Falmii Abbaa alangaa vs. kaasuu biiramoo, mana murtii aanaa shaashimaanee, galmee lak 02204

<sup>264</sup> Falmii Abbaa alangaa galiwwanii gurmuruukaa Itoophiyaa vs. ababaayoo Girmaa, mana murtii olaangaa godina baalee, galmee lak 17860

<sup>265</sup> Falmii Abbaa alangaa vs. shifarraawu Badhoo, mana murtii aanaa Barraak, galmee lak 17334

<sup>266</sup> A/alaangaa Aanaa Sinaanaa vs. Abdurrahmaan haji Muhammad fa'a N-2, Mana murtii AanaaSinaana, galmee lak 34950

hayyamaa lak 686/2002 kwt 60(1) irra darbuun hayyamaa daldalaa osoo hin qabaatiin hojii daldala boba'a gurguruu keessatti hirmaataniiru jedhamanii himataman. Ragoonni A/Alangaa akka ragaa bahanitti bakka boba'a itti gurguraa turan yammuu dhaqaban namootnii fi baajajotni boba'aa bituuf meeshaa qabatnii balbalarra dhaabataa akka turan akkasumas boba'aa roottoo 22 fi jariikana jahaa (walumaagala litirii 4,550) fi meeshaalee booba'aa waraabanii itti gurguran adda addaa manicha keessatti arguu isaanii ibsaniiru. Dabalataanis, himatamttuun 2ffaa isaan argitee roottoo keessaatti fiigde dhokachuu ishii fi yammuu achi keessaa baasan, maallaqa namarraa liqeefachuu nuuf darba jennee hojjechaa jirra jechuun akka ibsite ragaa bahaniiru. Himatamtootni akka ofirraa ittisan ajajamanii ijoo yoo qabsiifatan, boba'aa sana namatu isaan bira akka keewwate ibsaniiru. Namni abbaa qabeenyaati jedhame dhiyaatee boba'aa sana magaalaa biraatii bituun gara magaalaa biraatti geejjibsiisaa osoo jiruu konkolaataan karaatti waan cabeeff himatamtoota bira keewwachuu ibseera, ragaa ittiin biteera jedhu nagahee boba'aa litira 4,719 bitamuu agarsiisu dhiyeesseera. Ragaa kanarratti hundaa'uun himatamtootni ofirraa ittisanii jiru jechuun bilisa gaggeesseera.

Dhimma armaan olii kanarraa akka hubatamutti, mana himatamtootaa keessatti kan argame boba'aa qofa osoo hin taane meeshaa boba'aa sana gurguruuf gargaaranii fi tajaajila kennaa kan jiru akkasumas namoota boba'aa bituuf jecha meeshaa (qodaa) itti bitatan baatanii dhaabatan baay'een dabalataan argamaniiru. Itti dabalees, boba'aan mana himatamtootaa keessatti qabame litira 4,550 yoo ta'u nagahee boba'aan sun ittiin bitameera jedhamee dhiyaate litira 4, 719 akka ta'e agarsiisa. Hangi boba'aan bitame jedhamee ragaan dhiyaatee fi hangi mana keessatti argame walsimuu dhabuunis ragaa abbaa alangaa kan cimsuudha. Haa ta'u malee, manni murtii ragaa qabatamaa fi amansiisaa kana duubatti dhiisuun yookaan ragaa abbaa alangaatiif ulfaatina barbaachisaa ta'e kennuu dhabuutiin nama gocha daldala seeraan alaa raawwatu bilisa akka gaggeeffamu taasiseera.

5. Falmii A/alanga fi Assagid Damissee N-2 gidduu turerratti himatamtootni labsii sirna too'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa lak 160/2002 kwt 23(6) irra darbuun hayyama darbiinsaa osoo hin qaabatiin buna geejjibaa osoo jirani waan qabamaniif himatamaniiru. Himatamaan 1ffaa gocha hin raawwannee jedhee waakkateera; himatamaan 2ffaan ammoo konkolaataa sanaaf qarshii kaffalee imalaa kan jiruuf waa'ee geejjibsiisuu bunaa wajjiin hariiroo akka hin qabne ibseera. Ragooni a/alangaa tiraafika poolisii yoo ta'an isaanis akka

ragaa bahanitti, himatamaa 1ffaa konkolaataa oofee osoo deemuu hayyama konkolaachisummaa qabaachuusaa adda baasuuf yoo dhaabsisan himatamaan konkolaataa dhaabee waan kaateef isaa faana bu'anii qabuun hayyama konkolaachisummaan harkaa arguu ibsaniiru. Sana booda konkolaataan buna seeraa alaa fe'ee socho'aa kan jiru ta'uu mirkaneessuu isaanii ibsaniiru. Himatama 2ffaa ilaalchisee konkolaata keessatti arguu ibsanii innis nu jalaa baqatee ariinee qabnee jedhaniiru. Bu'uuruma kanaan manni murtii himatama 2ffaa irratti ragaan hin mirkaneessinee jechuun bu'uura sdfy kwt 141 bilisaa gaggeesseera. Himatamaa 1ffaa ammoo ofirraa akka ittisu ajajeera; haa ta'u malee ragaa faccisaa waan hin dhiyeeffanneef manni murtii ragaa abbaa alangaarratti hundaa'ee hidhaa waggaa sadii fi qarshii 50,000 adabeera.<sup>267</sup> Manni Murtii Ol'aana Godina Shawaa Bahaa hayyama konkolaachisummaa harkaa qaba sababa jedhuun qofa isatu oofaa turee jedhanii adabuun sirrii miti jechuun bilisaan gad-lakkisee jira.<sup>268</sup> Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa murticha cimse jira.<sup>269</sup>

Murtii olii kana keessatti ragaan abbaa alangaa himatamaan konkolaaticha oofuu fi konkolaachisaa ta'uusaa gutummaatti ibsanii jiru. Ragaan faccisaa ragaa a/alanagaa kana fashaleessu yookaan shakkii keessa galchu tokkollee bakka hin dhiyaannetti ragaa abbaa alangaa gochicha guutummaatti mirkaneesse fudhatama dhowwachuun namni gocha daldala seeraan alaa raawwatu akka hin adabamne taasisuun hanqina guddaa dha.

## **5.2. Meeshaalee Daldala Seeraan Alaa Qabamanirratti Murtii Kennuu fi Murticha Raawwachiisuu**

Meeshaa tokkorratti gochi daldala seeraan alaa irratti raawwatameera yookaan ittiin raawwatameera jedhamee yoo qabamu akka ragaatti waan barbaadamuuf yookaan wanta murtiin irratti darbu keessaa tokko waan ta'eef meeshaa xiyyeeffannoon qabamuu qabuu dha. Itti dabalees, meeshaan sun gara fuul-duraatti faayidaa kan qabu yookaan miidhaa kan geessisu ta'uu waan danda'uuf haala gaariin qabamee yerootti murtii argachuun bu'uura murtii sanaan gurguramuu, dhabamsiifamuu yookaan abbaaf deebi'uutu irra jira.

<sup>267</sup> A/Alangaa aanaa dugdaa booraa vs. Assagid Dammisee Fa'a N-2, mana murtii aanaa dugdaa, galmee lak 13817

<sup>268</sup> Ol'iyyataa Assagid damissee vs. deebii kenna A/Alangaa godina shawaa bahaa, mana mana murtii ol'aanaa godina shawaa bahaa, galmee lak 37747

<sup>269</sup> A/Alangaa vs. deebii kennaan Assaggid Damissee, Mana murtii waliigala dhaddacha dhaabbii baha, galmee lak 188259

Haa ta'u malee, gama kanaan hanqinaaleen qaamolee haqaa keenya bira jiran hedduu fi to'annoo gocha daldala seeraan alaa boodatti kan harkisan akka ta'anitti kaasuun ni danda'ama. Ijoo kanarratti gahumsi hojii abbootii seeraa maal akka fakkaatuu ilaalchisee deebii akka kennan yoo gaafataman abbootiin seeraa 34.43% ta'an olaanaa, 50.82% ta'an giddu-galeessa, 13.11% ta'an gadaanaa akka ta'e bar-gaaffii guutaniin ibsaniiru. Akka lakkoofsi kun agarsiisutti abbootiin seeraa murtii gahumsa qabu yerootti ciraan irratti kennuun ciraan faayidaa ooluu qabuuf akka oolu kan taasisan 34.43 % qofaa dha. Abbootiin seeraa 50.82% ta'an ammoo hojiin isaan gama kanaan hojjechaa jiran fooyya'iinsa kan qabu yoo ta'ellee hanqina kan qabuu fi sirraa'uun kan irraa eegamu ta'uu akeekaniiru. Kanneen 13.11% ta'an garuu ciraarratti murtii gahumsa qabu yerootti kennuurratti hanqina guddaa akka qabnii fi dhimma ariitiin sirreeffachuu qaban akka ta'e amananiiru jechuun ni danda'ama.

Haaluma wal-fakkaatuun, abbootiin alangaa manni murtii ciraan akkamitti akka keessummeessu ilaalchisee yaada isaanii akka kennanitti abbootii alangaa 22.54% ta'an qofatu gama kanaan hojii abbootii seeraatti kan quufan ta'uu bar-gaaffiirratti deebisanii jiru. 11.27% kan ta'an gama kanaan hojii manni murtii hojjetu sadarkaa eegamuu gadi akka ta'ee fi hojii to'annoo daldala seeraa alarratti gufuu ta'uu kan danda'u ta'uu eeru. Abbootiin alangaa 54.93% ta'an ammoo seerummaan murtii mana murtii ciraarratti darbuu giddu galeessaa akka ta'e ibsuun gara fuulduraatti fooyya'aa adeemuu qaba jedhanii jiru.

Abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa hanqinaaleen gama kanaan kan jiru ta'uusaa sababoota agarsiisan caqasani jiru. Isaanis, ajaja ifa ta'e kennuu dhabuun ciraan dafee bakka akka hin argannee gochuu, ciraan jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu adda osoo hin baafatiin ajaja kennuu, ciraan qabame mana murtiitti dhiyaachuu dhabuu, ciraan qabamanii murtii osoo hin argatiin dura qaama kamiin bira akka taa'uu qaban ifa ta'uu dhabuu, ciraawwan dhabamsiifamuu malan dhabamsiisuu dhiisanii mana kuusaa keessatti tursiisuu fi rakkoowwan kan biroollee akka mul'atan ogeessotni qaamolee haqaa ni ibsu.

Meeshaalee daldala al-ergii (export items) ta'an kanneen akka bunaa, saliixii fi boloqqee, gogaa fi kallee, seeraa ala dadalamaa osoo jirani kan qabaman yoo ta'e wajjiirri qonnaa, wajjiirri daldalaa fi misooma gabaa yookaan koreen deeggarsa misooma eksipoortii, komii nama meeshaan isaa jalaa qabamee dhagahuuf guyyoota muraasa erga turanii booda meeshaalee sana

ni gurguru.<sup>270</sup> Maallaqa gurgurtaa sanarraa argame ammoo herrega baankii cufaa keessa gochuun ol kaa’u, hanga gochi raawwatame yakka ta’uu yookaan ta’uu dhabuusaa mana murtiin adda bahutti. Manni murtii gochi raawwatame yakka miti kan jedhu yoo ta’e maallaqni herrega baankii cufaan keessa keewwame, meeshicha gurguruuf baasiin bahe keessaa baafamee, abbaa qabeenyaaf kan deebi’u ta’a. Manni murtii gochi raawwatame yakka jedhee kan murteesse yoo ta’e ammoo maallaqni gurgurtaa meeshaalee daldalaa seeraan ala geejjibamaa osoo jirani qabame irraa argame mootummaaf galii ta’a. Dhimmoota kanneen irratti raawwiin murtii ciraarratti kenname maallaqni qabamee jiru mootummaaf galii akka ta’u yooakaan abbaa dhimmaatii akka deebi’u kan jedhu waan ta’eef gama raawwii isaatiin rakkoon qabatamaan mul’atu hedduun akka hin jirre namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu.<sup>271</sup>

Haa ta’u malee, bakka tokko tokkotti haalli adeemsa gurgurtaa ciraameeshaalee daldalaa al-ergii bu’uura seerota armaan olitti caqasamaniin adeemaa hin jiru. Fakkeenyaaf, falmii abbaa alngaa fi Naasir Awwal gidduu turerratti<sup>272</sup> bunnii seeraa ala daldalamaa osoo jiruu qabame waajjira poolsii taa’uun gochicharratti murtii yakkaa hanga kennamutti haalli itti eegameef yaaliin taasifame jira. Dhumarratti himatamtootni wabiin bahanii deebi’uu waan didaniif maallaqni wabiif qabsiifame galii akka ta’u akkasumas bunnii qabame akka gurgurame manni murtii ajaja kenne. Murtii yeroo dheeraa booda kenname kanarratti hundaa’uun ciraan qabamee ture gurguramuun modelaan qabamee akka turu ta’e. Adeemsi kun tumaalee seeraa kan cabsu ta’uusaa akkuma eegamutti ta’ee sharafa biyya alaa mootummaan gurgurtaa meeshaalee daldalaa al-ergii ta’an irraa argachuu malu kan xiqqeessuu dha. Gama biraan ammoo meeshaaleen daldala al-ergii ta’an kenneen seeraa ala jedhamanii yeroo qabaman bu’uura tumaalee seeraatiin gurguruu fi maallaqa isaa ol kaa’uurra meeshaa seeraan ala osoo daldalamaa jiru qabame abbaatiif haalli itti deebifamu ni mul’ata. Fakkeenyaaf, dhimma tokkorratti daldalaan gogaa seeraan alaa baay’inni isaa 750 ta’e seeraa ala geejjibamaa osoo jiruu wajjiirri daldalaa qabuun poolisiin dhimmicha akka qulqulleessuuf eeruu kenne. Poolisiin

---

<sup>270</sup> Dambii daldala salixii fi boloqqee adii, dambii lak 178/2002, kwt 23(1 fi 2b); dambii to’annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa lak 159/2001, kwt 22(1 fi 2(b)); labsii gabaa gogaa fi kallee, lak 814/2006, kwt 12(5)

<sup>271</sup> Urgaa Geetahuun, Abbaa Seeraa fi Qindeessaa Dhaddacha Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaaddacha Lixaa, Amajjii 16, 2008

<sup>271</sup> Af-gaaffii, Obbo Muktaar sharifadiin, abbaa alangaa waajjira haqaa godina jimmaa, amajjii 19, 2008, Obbo Barreessaa Baqqalaa, ooganaa wajjira haqaa godina wallagga lixaa, amajjii 16, 2008, Obbo Mulugeetaa geetaachoo, gaggeessaa adeemsa murtii haaqaa kennisiisaa waajjira haqaa aanaa gommaa, amajjii 18, 2008

<sup>272</sup> Abbaa alangaa vs. Naasira Awal, mana murtii aanaa gobbaa, galmee lak 17668



magaalaa yaaballoo ammoo qodaan qabame turuu waan hin dandeenyeef abbaaf haa deebi'u jedhee xalayaa lak PAY/21/61/7/06 gaafa guyyaa 09/12/2006tiin barreessee gaafatee jira.

Meeshaaleen daldalaa kanneen meeshaalee daldalaa al-ergii hin taane yoo qabaman seeraa ala ta'uu fi kan dhaalaman ta'uun isaanii hanga mana murtiin murtaa'utti to'atamanii kan turan ta'u. Yeroo murtiin kennamutti meeshaan daldalaa akka dhaalamu ykn dhabamsiifamuuf murtiin irratti darbe akka gurguraman yookaan dhabamsiifaman ta'aa jira. Haa ta'u malee, qaamoleen murtii kana raawwachiisan bakka tokko tokkootti ajaja manni murtii kennu raawwachiisuuf fedha yerootti dhaban ni mul'ata. Fakkeenyaaf, falmii A/Alangaa fi Mulugeetaa Mooshee N-2 gidduutti taasifameen<sup>273</sup> himatamtootni barbarea kuntaala 78 wantoota adda addaa itti naqanii osoo qopheessaa jirani qabaman jedhamani himataman. Manni murtii himatamtootni ragaa faccisaa dhiyeeffatanirratti hundaa'uun bilisa baase. Ciraan qabame ammoo akka dhabamsiifamu jechuun ajaja kenneera. Hanga gaafa af-gaaffiin gaggeessaa waajjirri poolisii aanichaa waliin taasifametti ciraan qabame bu'uura ajajichaatiin hin dhabamsiifamne. Waajjirri akka ajaajaatti raawwachuu dhabuusaaatiif akka sababaatti kan dhyeessu himatamtootni bilisa

---

<sup>273</sup> A/Alangaa vs. Mulugeetaa Mooshee N-2, mana murtii aanaa shaashimaanee, galmee lak 52917 Hhimatamtootni seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 32(1)a fi 527(1) irra darbuudhaan mana midhaan Daakuu maqaa himatamtuu 2ffaa tiin galmaa'ee beekamu keessatti himatamaan 1ffaa fi hoogganaan mana daldalaa sanaa barbarree madabaraa 78 kan waantoota alagaan walitti makamee yammuu hojjachisu ykn qopheesisu qabameera jedhamanii himan. Barbareen sun sakatta'amee ulaagaa qulqullina barbareen tokko guutuu qabu kan hin guutne ta'uu hubatameera. Ragaan namaa akka ibsanitti yeroo barbareen qophaa'ee ture himatamaa 1ffaan achi kan turee fi itti gaafatamaa mana hojjichaa akka ta'e ibsaniiru. Kanumaan akka ofirraa ittisan jedhamee shakkamtootni raga ittisaa dhiyeeffatanii himatamaan 1ffaa barbarree jedhamu namni bira kan gara Walayitaatii dhufu akka daaksisuuf fide yeroo sana himatamaa waliin alatti bunaa dhuuga kan jiran ta'uu ibsanii himatamtuu 2ffaa gama ishiitiin iddoo raawwii yakka akka hin turee ibsitee gamuma kanaan raga caqasiifatanii manni murtiis himatamaan 1ffa hoji gaggeessa dha yaa jedhamuu malee ragaan barreefamaa dhiyaatee hin jiruu, akkasumas himatamaan kun maatii waan ta'eef baabura qopheessuun tajaajila daakka kennuu malee waa'ee meeshaa daakamuu waanti beeku hin jiru jechuun bu'uura sdfy kwt 149(2) ofirraa ittisaniiru jechuun bilisaan akka gaggeefaman taasisee jira.<sup>273</sup> Ciraan qabame akka dhabamsiifamuu jechuun munnii murtii ajaja dabarseera.

bahuun isaanii sirrii miti kan jedhuu dha; erga bilisa bahan ta'ee ammoo barbareen sun abbaaf deebi'uu qaba ture yaada jedhu calaqqisiisu.<sup>274</sup>

Meeshaaleen kanneen hanga murtiin yakkaa kennamutti turuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookaan miidhaa kan geessisan yoo ta'e ajaja mana murtiin gurguramanii maallaqni gurgurtaa meeshaalee sanarraa argame moodelaan qabamee akka turu gochuun ni danda'ama.<sup>275</sup> Bu'uuruma kanaan, yeroo adeemsi kenniinsa murtii sababoota adda addaatiif lafarra harkifatu qaamni meeshaalee qabaman ta'ataa jiru ajaji gurgurtaa akka kennamutti mana murtii gaafachuun haalli itti adeemaa jiran bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, falmii waajjira poolisii aanaa Arsii Nagallee fi Tasfaalam G/Mikaalee N-2 gidduu turratti himatamaan sukkaaraa kuntaala 100 hayyama hojii fi waraqaa darbiinsaa osoo hin qabaatiin konkolaataa FSR dhuunfaa isaa ta'etti fe'ee osoo deemaa jiru qabame. Galmeen yeroo beellamaarra osoo jiruu himatamaan wabiin bahee deebi'uu waan dideef galmeen falmii yakkaa eegalamee ture cufame. Sukkaarrii fi konkolaataan qabame ammoo furmaata osoo hin argatiin waajjiira poolisii waan jiruuf, poolisiin sukkaarrii fi konkolaataan qabamanii jiran manca'aa waan jiraniif gurguramanii maallaqni isaa modelaan akka qabamee turutti ajaja mana murtii gaafatan. Manni murtii sukkaarri qabame akka gurguramu ajaja kenneera. Haaluma sanaan, gurguramuun maallaqni argame moodelaan akka qabamu ta'e. Konkolaataa qabamee jirurratti manni murtii ajaja waan hin kennineef konkolaataan guyyaa qabamee gaafa 29-2-2007 kaasee hanga gaafa daataan kun walitti qabame gaafa 10-6-2008tti aduu fi bokkaa keessatti dhaabatee kan jiru ta'uu fi miidhaan irra gaahaa kan jiru ta'uu hubanneera; guyyaa caqasame kana asittis furmaata argachuusaa quba hin qabnu.

Gocha daldala seeraan alaa xaa'oorratti yoo raawwatanii fi ciraan qabame akka dhaalamu ajajni yoo kennamu xaa'oo sana gurgurani gatii gochuun rakkisaa yerootti ta'u mul'ata. Gurgurtaan meeshaa akkanaa qinxaaboon osoo hin taane jiimlaan gurguruun waan salphaatuu fi daldaltootni ammoo gatii mootummaan tumeen bitanii gatii sanatti gurguruu waan hin dandeenyeef, qaamni akka gurguruuf aangeffame yerootti osoo gurguruu hin mul'atu. Sababa kanaaf, xaa'oon akka ciraatti qabamanii osoo hin gurguramiin yeroon irra darbaa baay'een akka jiru namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu. Fakkeenyaaf, godina Baalee fi Arsii Nagalleetti

---

<sup>274</sup> Af-gaaffii Ins/olaanaa Taarkuu Laggasaa, abbaa adeemssa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcaha poolisii magaalaa shaashimaanee, 20, 5, 2008

<sup>275</sup> S/D/F/Yakkaa keewwata 33(3) fi 97

rakkoon kun bal'inaan mul'atu ta'uu namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu.<sup>276</sup> Itti dabalee, Meeshaaleen gochi daldala seeraan alaa irratti raawwataman jedhamanii akka ciraatti qabaman akaakuu adda addaa ta'an kan zayitaa, sukkaaraa, boba'aa fi keemikaalaa waajjira poolisii keessa kutaa xiqqoo keessa wal keessa yeroo kaa'aman ni mul'atu.<sup>277</sup>

---

<sup>276</sup> Af-gaaffii Galatoo Annootaa, abbaa adeemsa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa aanaa arsii nagallee, 15, 5, 2008, Ahimadnajaash Hasan, itti gaafatamaa ittaanaa waajjira qonnaa aanaa Sinaanaa, 25, 5, 2008

<sup>277</sup> Af-gaaffii Ins/olaanaa Solomoon Gammadaa, Abbaa adeemsa nageenya naannoo mirkaneessaa waajjira poolisii aanaa arsii nagallee, 16, 5, 2008

# **BOQOANNAA JAHA**

## **Gudunfaa fi Furmaataa**

### **6.1. Yaadota Gudunfaa**

Daldalli sekteroota hojii guddina dinagdee mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa gumaachan keessaa isa tokkoo dha. Seektera kana cimsaa deemuuf, mootummaan seerota adda addaa tumuun daldala seeraan alaa fi miidhaa gama sanaan dinagdee, fayyummaa fi nageenya biyyaarratti gahuu danda’u xiqqeessuuf tattaaffii guddaa taasisaa jira. Seerotni gama kanaan bahani jiran ulaagaalee seerummaa hojii daldalaa mirkaneessuu danda’an kan akka galmeed daldalaarratti galmaa’uu, hayyama hojii daldalaa baafachuu, hayyama mirkaneessa gahumsa hojii baafachuu, waraqa darbiinsaa qabaachuu, sadarkaa qulqullina meeshaalee eeguu, gatii gurgurtaa meeshaalee dursanii bitattoota beeksisuu, meeshaalee daldala bu’uuraa gatii itti gurguramuu qabanitti yookaan hanga hayyamame qofatti gurguruu, gibira mootummaa yerootti kaffaluu fi kkf jedhaman teechisanii jiru. Ulaagaalee seerummaa hojii daldalaa eeraman kanneen cabsanii hojii daldalaa hojjechuun gocha daldala seeraan alaa raawwachuu yoo ta’u gochootni kanneen yeroo baay’ee tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii yaakkaatiin kan adabsiisanii dha.

Qaamoleen seerota daldaalaa hojiirra oolchuun gochoota daldala seeraa alaa to’atan hedduu dha. Akka gahee hojii hundeeffama isaanitti waajjiraaleen mootummaa adda addaa hirmaannaa guddaa ni qabu. Qaamoleen haqaa gocha daldala seeraan alaa qabuu, qorachuu, himachuu, adabuu fi murtii adabbii raawwachiisuun gochi daldala seeraan alaa akka hin raawwatamne ittisu; seerotni seerummaa hojii daldalaa eegsisuuf bahan akka hin cabsne taasisuun hojiirra oolmaa seerota kanneenii mirkaneessu jechuu dha. Gocha daldala seeraan alaa to’achuu keessatti qaamoleen haqaa Oromiyaa hanqinaalee hedduu kan qaban yoo ta’u hanqinaaleen kanneenis gocha daldala seeraan alaa qabuu, qulqulleessuu, himachuu, murtii kennuu fi murticha raawwachiisuu keessatti kan mul’atan ta’uu qorannoon kun mirkaneessee jira. Haaluma kanaan, hojiilee caqasaman kanneen keessatti hanqinaaleen jiran adda bahanii tarreeffamanii jiru.

Daldala seeraan alaa qabuu keessatti hubannoon seeroota daldala too’achuuf bahan irratti jiru laafa ta’uun isaa, qindoominni poolisiin seektaroota daldala too’achuuf seeraan angeeffaman waliin jiruu dadhabaa ta’uu, hojicha bifa milka’ina qabuun hojjachuuf rakkooleen loojistiikii baldhinaan jiraachuu isaa akkasumas kanfaltiiwwan namoota daldala seeraan alaa akka

koontroobaandii , bunaa, saliixaa fi boloqqee qabaniif kanfalama ture akka miseensa poolisoota hin ilaalleetti ilaalame gama komishinii poolisii Oromiyaatiin dhoorkamuun isaa gocha daldala seeraan alaa kanniin qabuu irratti gama poolisootatiin kaka'umsi akka hin jiranne dhiibba guddaa uumee jira.

Gama biraatiin rakkoon naamusaa poolisoota biratti calaqqisan gocha daldala seeraan alaa akka hin qabamnee fi qorannaa gahaa akka hin gaggeessine sababoota taasisan keessaa isa tokkoo dha. Kunis gocha daldala seeraa alaa raawwatamaa jiru osoo arganii qabuu dhabuu, qabani seeratti osoo hin dhiyeessin gad-lakkisuu, daldalli seeraan alaa miidha akka waliigalatti biyya irratti geessisu hubachuu dhabuu, gochicha akka madda galii ta'etti fudhachuu, fi gochi daldala seeraan alaa miidhaa hin geessisu jedhanii fudhachuun osoo raawwatamaa jiru ilaaluu akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Yakkoota daldala seeraan alaa qorachuun wal-qabatee rakkoowwan mul'atan baay'ee dha. Isaanis, eeruwwan dhiyaatan irratti hanga dhumaatti deemanii raagaalee barbaachisoo ta'an walitti qabuu dhabuu, qorannoowwan teekniika gaggeessuuf hanqinni baajataa bal'iinaan kan mul'atu ta'uu, qaamooleen daldala seeraan alaa too'atan raga sobaa kennuu irratti hiramachuu, ragaalee yerootti qindeessanii dhiyeessuu dhabuu, namootni gocha daldala seeraan alaa erga qabani booda raga barbaachisaa kennuu dhabuu, hubannoon waliigalaa daldala seeraan alaa irratti qaamoolee haqaa fi hawaasa bira jiru laafa ta'uun isaa dhimmootaaf xiyyeeffannoo barbaadamu akka hin kennamne sababa ta'ee jira.

Himata bu'uureessuun walqabatee A/Alangaa himannaa seera fi keewwata rogumma hin qabne caqasa himachuu, raga hundaa duguuganii fayyadamuu dhabuu, seera adabbii gad-aanaa qabu filachuu, dhimmoota himachuu qaban hunda duguuganii adda baasanii himachuu dhabuu, dhimma ijoo tokkoo irratti himataa adda addaa lama hundeessuu waantoota akka rakkootti ka'anii dha.

Manni murtii seerota dhimma daldalaa ilaalchisanii bahanii jiran haala wal-hunachuu danda'uun hiikani dhimmootarratti raawwachiisuun gocha daldala seeraan alaa akka adabamu taasisu. Gama kanaan seerotni bahanii jiran hedduu fi xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadanii dha. Abbootiin seeraa seerota dhimmoota kanneen irratti hedduminaan bahanii jiran haala barbaadamuun hiikani raawwachiisuu ilaalchisee hubannoo isaan qaban gita barbaadamuu gadi akka ta'e abbootiin seeraa ni ibsu. Murtiileen dhimmoota daldala seeraan alaarratti

murteeffaman tokko tokkos abbootiin seeraa seerota daldalaarratti haqina hubannoo akka qaban ni akeeku.

Seerota to'annoo hojii daldalaarratti bahanii jiran tokko tokko hiikani hojiirra oolchuu keessatti dhimmi akka rakkootti ilaalamu tokko dhimma aangoo mana murtii idilee adda baasuu fi raawwachiisuu dhabuu dha. Fakkeenyaaf, labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtoota lak 813/2006 hojiirra oolchuu ilaalchise manneen murtii idilee aangoo hin qabnu jechuu keessummeessuu osoo didanii mul'atu. Bifuma wal-fakkaatuun manneen murtii idilee aanaa labsii to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa federaalaa lak 602/2000 hojiirra oolchuuf aangoo hin qabnu jechuun dhimmoota labsii kana bu'uura godhachuun himataman hin keessummeessan. Gama biraan ammoo seera qabeessummaa meeshaalee daldalaa seeraa ala geejjibamaa/daldalamaa jiru jedhamanii qabaman ilaalchisee tarkaanfii to'attootni taasisan seera qabeessa ta'usaa sadarkaa duraan ilaaluuf manneen murtii aangoo hin qaban; dhimma kana keessummeessuuf aangoo kan qabu qaamolee raawwachiiftuu dhimmi ilaalu ykn koreewwan dhimma kana akka ooggananiif aangeffamanii dha. Walumaagala, osoo aangoo qabani aangoo hin qabu jechuu fi aangoo osoo hin qabaatiin qaba jechuun falmii gocha daldala seeraa alaa wajjiin wal-qabatani jiran keessummeessuu dhabuu fi keessummeessuun, seerotni gama kanaan bahanii jiran haala barbaadamuun hojiirra akka hin oolle sababoota taasisan keessaa isa tokkoo dha.

Dhimmootni gocha daldala seeraan alaa mana murtiitti dhiyaatan yeroo gabaabaa keessatti furmaata argachuu akka qaban seerri ni akeeka. Haa ta'u malee, dhimmootni daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatani manneen murtii Oromiyaatti dhiyaachaa jiran atattama barbaadamuun furmaata argachaa hin jiran. Harkifachuu kenniinsa murtiileef wantootni akka sababaatti dhiyaatan hedduu dha. Fakkeenyaaf, xiyyeeffannoo gahaa osoo hin kenniin mirga wabiitiin shakkamtoota gad-lakkisuu fi ragaa bitaa-mirgaa deddeebisuu, fi shakkamtoota wabiin bahanii dhiyaachuu didan yerootti qabani dhiyeessuu dha.

Seerota daldalaa hiikani hojiirra oolchuurratti hanqaaleen manneen murtii Oromiyaa keessatti mul'atan baay'ee dha. Hanqinni kunis seera iftoomina guutuu qabu jallisuu (miciiruu) fi kanneen iftoomina gahaa hin qabnee ammoo haala kaayyoo waliigala seerichaa galmaan gahuu danda'uun hiikani raawwachiisuu dhabuu dha.

Dhimmoota gocha daldala seeraan alaa wajjiin wal-qabatanii mana murtiitti dhiyaatan irratti ragaalee dhiyaatan kallattii sirrii ta'een madaaluu fi ragaa sobaa adda baasuurratti manni murtii xiyyeeffannoon hojjechuu qaba. Haa ta'u malee, bar-gaaffii abbootii seeraa fi abbootii alangaarraa walitti qabame akka ibsutti ragaa qixa sirrii ta'een madaaluu fi ragaa sobaa dhiyaatan secca'anii adda baasuurratti raawwii manneen mana Oromiyaa dhimma daldala seeraan alarratti qaban sadarkaa barbaadamuu gadi akka ta'e ibsee jira. Dhimmootni manneen murtii keessummeessanis rakkoon qabatamaan kan jiru ta'uu agarsiisa.

Murtiileen gocha daldala seeraan alaarratti kennaman tumaalee seera yakkaa dhimmi isaa ilaallatu bu'uura osoo hin godhatiin daangeffamaa jiru. Murtiileen gama kanaan kennamanii daangeffaman namni gocha yakka daldala seeraan alaa hojjate badii raawwateef akka itti hin gaafatamne, badii raawwaterra baratee akka hin haareffamnee fi gochi daldala seeraan alaa akka hin xiqqaane taasisuu keessatti gahee guddaa taphachaa jira jechuun ni danda'ama.

Meeshaalee daldalaa gochi daldala seeraan alaa osoo irratti raawwatamaa jiranii qabaman yerootti murtii argachuun akka dhimma isaatti gurguramanii galii argamsiisuu yookaan dhabamsiifamuu qabu. Gama kanaan meeshaaleen daldalaa al-ergii ta'anii fi akka ciraatti qabaman yerootti gurguramanii sharafa biyya alaa argamsiisuu qaban akka argamsiisanitti qaama dhimmi ilaaluun keessattuu koree deeggarsa misooma eksipoortiin osoo hin turiinii fi murtii mana murtii osoo hin eegiin gurguramuu akka qaban seerri tumee jira. Gama kanaan raawwin jiru yeroo ammaa kana sadarkaa gaariirratti argama jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee hanqinni darbee darbee mul'atu koreen deeggarsa misooma eksipoortii murtii xumuraa manni murtii ejjennoo korichi fudhaterratti kennu adda osoo hin baafatiin maallaqa gurgurtaa meeshaalee sanarraa argaman baankii baasuun hojii biraara osoo olchanii mul'atu. Haala kanaan itti adeemuun kun ammoo murtii manni murtii gama kanaan kennu galma akka hin geenye haalli itti taasisu jira.

## 6.2. Yaadota Furmaataa

Hojiin to'annoo daldala seeraan alaa yeroo hunda bifa wal-fakkaatuun cimanaan hojjetamaa waan hin jirreef bifa itti fufiinsa qabuun yeroo hunda xiyyeeffannoon akka raawwatamutti qaamoleen dhimmi ilaalu irratti hojjechuu qabu.

Seeroota daldala seeraan alaa too'achuuf bahan irraatti ogeessotni qaamolee haqaa hanqina hubannoo qabaachuu isaanii qorannichi agarsiiseera. Kanaafuu Manni Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiron Haqaa Oromiyaa, Komishiniin Poolisii Oromiyaa fi ILQSOon ogeenyii qaamolee haqaa Oromiyaatiif leenjii kennuun barbaachisaa dha.

Hojii gocha daldala seeraan alaa qabuu fi qorachuu akkasumas himannaa hundeessuu keessatti rakkoon naamusaa poolisootaa fi abbootii alangaa biratti waan mul'atuuf, Komishiniin Poolisii fi Biiron Haqaa Oromiyaa hordoffii fi to'annoo cimsuun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachaa deemuun barbaachisaa dha

Qorannoon gocha daldala seeraan alaa qabame irratti gaggeeffamu namoota meeshicha fe'anii adeeman malee namoota duuba ta'anii gochichi akka raawwatamu taasisan seeratti dhiyeessee adabsiisuurratti hanqina guddaa qaba. Kanaafuu, namoota raawwii gocha daldala seeraan alaatiif abbummaan haala mijeessan seeratti dhiyaatanii akka adabaman gochuuf qorannoon yakkaa taasifamu cimuu qaba.

Labsiileen to'annoo daldala seeraan alaa kanfaltiiwwan koomishinii namoota eeruu kennaniif kaffalamu ilaalchisee miseensoota poolisii qabaniif raawwatamuu qabu jedhanii hin ibsan. To'annoo gocha daldala seeraan alaarratti taasifamu cimsuuf miseensota poolisii hojii kana keessatti ciminaan hirmataniif onnachiiftuu bifa maallaqaa yookaan guddina gulantaa kennuufiin barbaachisaa dha.

Daldala seeraan alaa qabuu keessatti hanqinni loojistiikii akka rakkootti dhimma eeramu waan ta'eef mootummaan rakkoo kana furuu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

Tumaan labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lak 813/2006 kamiyyuu manneen murtii idilee naannolee gocha yakkaa eegumsa mirga fayyadamtootaa irratti raawwatu akka hin ilaalle kan dhorku hin jiru. Kanaafuu gocha yakkaa eegumsa mirga fayyadamtootaa



irratti raawwatu ilaaluuf manneen murtii Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran aangoo qabaachuusanii hubatanii bifa kanaan dhimmoota akkasii keessummeessuun barbaachisaa dha.

Labsiin to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa federaalaa lak 602/2000 kwt 16 tumaalee adabbii yakkaa labsichi teechisee jiru mana murtii sadarkaa tokkoffaa federaalaatti ilaalama jedhee tumuun isaa dhimmichi aangoo mana murtii federaalaa kan bu'uura heera mootummaa RDFI kwt 80(4) ilaalamuu qabu miti. Dhimmi qulqullinaa fi sochii bunaa dhimma aangoo mana murtii federaalaa akka hin taane labsiin aangoo mana murtii federaalaa tumuuf bahe lak 25/88 ni akeeka. Kanaafuu manni murtii aanaa yakkoota qulqullinaa fi gabaa bunaarratti raawwataman ilaaluuf bu'uura labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi gabaa bunaa oromiyaa fi federaalaatiin kan qabu ta'uusaa hubachuun haala kanaan hojiirra oolchuu qabu.

Meeshaalee daldalaa gochi daldala seeraan alaa irratti raawwatameera jedhamanii to'attootaan qabaman yookaan saamsaman ilaalchisee tarkaanfiin fudhatame seera-qabeessa miti jedhee namni komii qabu qaama dhimma isaa ilaalu kan akka koree deeggarsa misooma eksipoortii, koree gabaa tasgabbeessituu yookaan waajjira mootummaa dhimmi ilaalutti ta'uu danda'a. Hima biraan, manni murtii idilee sirrii ta'uu tarkaanfii fudhatamee sadarkaa jalqabaatti ilaaluuf aangoo hin qabu. Kanaafuu, manneen murtii seera qabessummaa meeshaalee daldalli seeraan alaa irratti raawwatameera jedhamanii qabaman sadarkaa duraan ofitti fudhanii ilaaluuf aangoo waan hin qabneef tumaalee seeraa dhimmi ilaalu hojiirra oolchuu qabu

Dhimmootni daldala seeraan alaa yeeroo gabaabaa keessatti furmaata itti kennuun sochii daldala keessatti gumaacha guddaa waan qabuuf, manni murtii dhimmootni kanneen dhimmoota atattamaan xumuramuu qaban ta'uusaa hubachuun bifa sanaan keessummeessuu qaba. Haaluma kanaan ragaa falmitootni bitaa-mirga dhiyeeffatan yerootti simatanii keessummeessuu akkasumas namoota gocha yakka daldala seeraan alaatiin shakkamanii himataman mirga wabiitiin gad-lakkisuun dura wabii gahaa waamsisuu barbaachisaa dha. Itti dabalees, himatamtoota wabii gahaa kan waaman yoo ta'ellee deebi'anii dhufuun isaanii sirriitti madaaluun dhiyaachuun isaanii shakkisiisaa yoo ta'e mirga wabii daangessanii galmee gocha daldala yakaa sana dafanii ilaalanii murtii kennuu qabu.

Labsiilee, dambiilee, qajeelfamootaa fi maanuwaalota daldala seeraan alaa to'achuuf bahanii hojiirra jiran bifa kaayyoo waliigala seerota kanneenii galmaan gahuu danda'aniin hiikanii

hojiirra oolchuurratti manneen murtii Oromiyaa hanqina guddaa qabu. Kanaafuu, tumaalee seeraa hiikkoon isaanii ifa-galaa ta'an, hanga kaayyoo seerichaa fi heera mootummaa hin faallessinetti, akkuma jiranitti dhimmootarratti raawwachuu, fi kanneen iftoomina gahaa hin qabne ammoo bifa kaayyoo waliigala seerichaa fi sirna seera biyyichaa galmaan gahuu danda'uun manneen murtii hiikanii hojiirra akka oolchanitti hubannoo gahaa uumuun barbaachisaa dha.

Ragaalee dhimmoota daldala seeraan alaarratti dhiyaatan haala rogummaa qabuun madaaluu fi ragaa sobaa adda baasurratti raawwiin mana murtii keenya qaawwa kan qabu waan taa'eef dhimma kanatti abbootiin seeraa xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e hunda akka kennan taasisuun gaarii dha. Haaluma kanaan, miidhaa gochi daldala seeraan alaa biyyarratti geessisu fi haala madaallii ragaarri hubannoo gahaa abbootii seeraa uumuun barbaachisaa dha.

Murtiileen gocha yakka daldala seeraan alaarratti kennaman yeroo baay'ee tumaalee seera yakkaa haala murtiin ittiin daangeffamuu qabu ibsan bu'uura osoo hin godhatiin daangeffamaa jiru. Seeraa ala daangeffamuun murtiilee gocha daldala seeraan alaarratti kennaman gocha daldala seeraan alaa toa'chuurratti gufuu ta'aa waan jiruuf, murtiileen gocha daldala seeraan alaarratti kennaman seeraa ala akka hin daangofnetti itti gaafatamummaa fi hubannoo abbootii seeraa cimsuun barbaachisaa dha.

Meeshaalee daldala seeraan alaa irratti raawwateera jedhamanii qabaman dafanii gurguruu fi bakka qulqulluu kaa'uu dhabuun waan jiruuf, manni murtii fi koreewwan dhimmi ilaalu meeshaaleen sunniin tajaajila kennuu qaban akka kennanitti murtii yerootti kennuun akka murtiitti gaggeessuu qabu.

Sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa kabachiisuuf labsii akka mootummaa federaalaa fi akka mootummaa Oromiyaatti bahanii jiran ittigaafatamummaa yakkaa abbaa konkolaataa ilaalchisee garagarummaa qabu. Tumaa keewwata kanaa ilaalchisee Labsii Oromiyaan boodarra baase gama tokkoon gocha yakkaa labsichuma keessatti adabamu irra deebi'ee kan adabu yoo ta'u gama biraan ammo gocha Labsiin Federaalaa yakka taasise diigeera. Kanaafuu gocha daldala seeraan alaa to'achuuf, filannoo seeraa (conflict of law) hambisuu fi aangoo seera yakkaa baasuu mootummaalee lamaan kanaa heera mootummaan mirkanaa'ee jiru kabajuuf

tumaa labsii sirna to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa Federaalaa hojiirra oolchuun barbaachisaa dha.

## MILTOO

### I. Labsiilee fi Dambiilee

#### a. Labsiilee fi Dambiilee Federaalaa

1. Labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa, lak 686/2002
2. Labsii Misoomaa guddina Albudota, lak 678/2010
3. Labsii Beeyiladootaa, lak 819/2006
4. Labsii to'annaa qulqullinaa fi gabaa bunaa federaalaa, lak 602/2000
5. Labsii nyaata, dawwaa fi eegumsa fayyaa to'achuuf bahe, labsii lak 661/2009
6. Labsii gahee hojii qaamolee raawwachiiftuu irra deebiin gurmeessu fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, lak 163/2003
7. Dambii sirna to'annaa qulqullinaa fi gabaa bunaa, dambii lakk 159/2001
8. Dambii haala bittaa-gurgurtaa beeyiladootaa, dambii lakk 341/2007
9. Labsii Seeraa Ala Namoota Daddabarsuu Fi Godaantota Daangaa Ceesisuu Ittisuu fi To'achuuf Bahe, Labsii Lak 909/2007
10. Labsii goggaafi kallee lakk.814/2013
11. Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtoota lakk.813/2013
12. Dambii boloqee fi saliixaa lakk.178/2000
13. Labsii galiwwaniif gumruukaa 859/2014
14. Labsii oomishaa fi daldala xaa'oo lakk.137/99
15. Seera yakka bara lakk.414/2004
16. Seera daldala Itoophiyaa bara 1952
17. Seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa

#### b. L Oromiyaa

1. Labsii bosonaa mootummaa naannoo oromiyaa eeguuf bahe lakk.72/95
2. Labsii sirna too'annoo,qulqullinaa fi daldala bunaa naannoo Oromiyaa lakk.160/2002
3. Labsii irra deebi'iin qaamolee hojii raawwachiiftuu naannoo oromiyaa hudeessuu fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe lak 163/2003
4. Qajeelfama sirna raabsaa meeshaalee daldala bu'uuraa lak 1/2004

## **II. Barruulee adda addaa**

1. Interpol Office Of Legal Affairs, Countering Illicit Trade In Goods: A Guide For Policy Makers, legal hand book series
2. Mark H. Moore and Mark A.R. Kleiman, *Perspectives On Policing, The Police And Drug: Harvard University*, The Criminal Justice Policy And Management, (1989)
3. Peter J.P. Jak, The Relationship Between Public Prosecutors And The Police In The Member States Of The Council Of Europe, *Conference of prosecutors general of Europe 6<sup>th</sup> session*, May 2005,
4. Despina Kyprianou, *Comparative Analysis Of Prosecution Systems (Part II): The Role Of Prosecution Services In Investigation And Prosecution Principles And Policies*,
5. John Buchanan, Police Prosecutor Teams: Innovations In Several Jurisdiction, National Institute Of Justice, Research In Action, (1989)
6. Evena Chan, The Decision To Investigate And Prosecute In China, Hong Kong, (2006)
7. James Hamilton, The Role Of Puplic Prosecutors In Upholding The Rule Of Law In Ireland, (2008)

## **III. Toora intarneetii**

1. Illicit trade, ([www.eabc.info/policy/category/illicit-trade](http://www.eabc.info/policy/category/illicit-trade))
2. [www.judiciary.go.ke/portal/asset/filemanageruploads/download/enforcement.manual%202.compressed.pdf](http://www.judiciary.go.ke/portal/asset/filemanageruploads/download/enforcement.manual%202.compressed.pdf)
3. [www.erca.gov.et/index.php/customs/others/101-controband](http://www.erca.gov.et/index.php/customs/others/101-controband)
4. [www.oireachtas.ie/parliament/media/illicit-trade-in-ireland-report.pdf](http://www.oireachtas.ie/parliament/media/illicit-trade-in-ireland-report.pdf)
5. <http://www.uu.nl/sites/default/files/rebo-use-dp-2010-10-18.pdf>
6. [www.judiciary.go.ke/portal/assets/filemanager\\_uploads/download/enforcement-manual%202.compressed.pdf](http://www.judiciary.go.ke/portal/assets/filemanager_uploads/download/enforcement-manual%202.compressed.pdf)
7. [www3.Weforum.org/docs/AM12/WEF-AM12-GAC-illicitTrade.pdf](http://www3.Weforum.org/docs/AM12/WEF-AM12-GAC-illicitTrade.pdf)
8. [www.oecd.org/environment](http://www.oecd.org/environment)

#### IV. Dhimmoota

1. A/Alangaa wajjira haqaa magaala shashamannee fi Kaasuu Biiramoo fa'a N-2 lakk.galmee himata A/Alangaa 02204
2. A/Alangaa Vs Dastaa Taaddasa lakk.galmee Mana murtii Aanaa sabbataa 52614
3. A/Alangaa Vs Naziif Sharafaa fa'a N-2 lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 52692
4. A/Alangaa Vs Haayiraddiin Ahimad lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 52701
5. A/Alangaa Vs Mul'isaa Taaddasaa lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 52577
6. A/Alangaa Vs Abdoo Abbaa Diggaa lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 52834
7. A/Alangaa vs Keerismaa Atraagaa lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 52913
8. A/Alangaa vs Ibraahim Alii Yimar lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 49377
9. A/Alangaa vs Ansaar Shukur lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 49333
10. A/Alangaa vs Abdulhaafiz sayid n-2 lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 49176
11. A/Alangaa vs Muhaammad Kaamil lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 49178
12. A/Alangaa vs Geetachoo Wondimmuu lakk.galmee mana murtii Aanaa sabbataa 49177
13. A/Alangaa maagaala shashamanne fi Eeliyaas Muhammad fa'a N-2 lakk.galmee A/Alangaa 01764
14. A/Alangaa waajjira haqaa magaala Shashamannee fi Samiira Sammaan Fa'a N-4
15. A/Alangaa waajjira haqaa magaala Shashamanne lakk.galmee mana murtii Aanaa Shashamanee 47208 lakk.galmee
16. A/Alangaa waajjira haqaa magaala Shashamanne lakk.galmee mana murtii Aanaa Shashamanee MM 45429 .
17. A/Alangaa Aanaa Gimbichuu lakk.galmee mana murtii Aanaa Gimbichuu 18281
18. A/Alangaa Aanaa Jimmaa Arjoo fi Ballaachoo Ayyanaa
19. A/Alangaa fi Daani'eel Gabree.
20. A/Alangaa wajjira haqaa magaala shashamannee fi Mulugeeta Mooshee fa'a N-2 lakk.galmee A/Alangaa 02328
21. A/Alangaa aanaa Sayyoo vs Tamiimaa Yaadataa Dhimmaa mana murtii Aanaa Sayyoo lakk.galmee 20517
22. A/Alangaa aanaa Sayyoo vs Asnaaqach Ballaxaa Dhimmaa mana murtii Aanaa Sayyoo lakk.galmee 20674

23. A/Alangaa Aanaa Gimbii vs Ratta Fiqaaduu mana murtii Aanaa Gimbii lakk.galmee 17278
24. A/Alangaa vs Kariim Seefuu waajjira haqaa aanaa Gimbii,lakk.galmee 11577
25. A/Alangaa Aanaa Seeruu vs sh.Abdallaa Ismaaeel,lakk.galmee Mana Murtii Aanaa Seeruu 07978
26. A/Alangaa Vs Meerii W/Yohaanis No 3, M/Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Lixaa, lakkoofsa galmee 16360
27. A/Alangaa vs. Muhamad Sule faa, Mana Murtii O'aanaa Godina Arsii, gamee lakk 40087
28. Abbaa alangaa vs. Kariim Seefuu, waajjira haqaa aanaa gimbii galmee lakk 11577,
29. Abbaa alangaa vs. Yirgaalam kidaanee, Mana Murtii Aanaa Maannaa, galmee lak 10688
30. Isheetuu Kabbadda vs. Waajjira daldalaa misooma gabaa aanaa gimbichuu faa N 2, mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha bahaa, galmee 151226
31. Mahaammad musaa vs. waajjira poolisii aanaa guutoo giddaa, mana murtii olaanaa godina wallagga bahaa, galmee lakk 35957
32. Abbaa alangaa vs. Tufaa Ayyalaa, mana murtii aanaa gimbii, galmee lakkofsa 11670
33. Abbaa langaa vs Tasfaalam G/Amilaak, mana murtii aanaa arsii nagallee, galmee lak 26784
34. Abbaa alangaa vs. Mangistuu Abarraa, mana murtii aanaa Gimbii, galmee lakk 17619
35. Abbaa alangaa vs. Naasir Awwal N-2, mana murtii aanaa gobbaa, galmee lakk 17668;
36. Waajjira poolisii aanaa arsii naggallee vs. Tasfaalama G/Mikaa'el, mana murtii aanaa Arsii Nagallee, galmee lakk 26784,
37. Abbaa alangaa waajjira haqaa aanaa arsii nagallee vs Tasfalam G/Mikaa'el, galmee lak abbaa alngaa 02225
38. Abbaa alangaa vs. Tasfaalam G/Mikaa'el, mana murtii aanaa Nagallee, galmee lakk 27876
39. A/Alangaawaajjira haqaa magaala Sabbataa fi Dastaa Taadasa mana murtii Aanaa Sabbataa Awwaas lakk.galmee 49377
40. Abbaa alangaa vs. Ansaar Shukur, mana murtii aanaa sabbaataa, galmee 49333
41. Abbaa alangaa vs. Kariim Seefuu, mana murtii aanaa Gimbii, galmee lakk 17618
42. A/Alanga Aanaa Goobbaa fi Naasir Awwal Hussein Fa'a N-2 mana murtii aanaa Goobbaa lakk.galmee MM 17668

43. A/Alangaa aanaa goobbaa fi Diras Xilaayee, mana murtii aanaa Goobbaa, galmee lakk 17401
44. Abbaa alangaa galiwwanii fi gumuruukaa itoophiyaa dame kibba lixaa vs. baaroon bizines waldaa dhuunfaa i/g/m N-4, mana murtii olaanaa godina jimmaa, galmee lakk 30682
45. Abbaa alangaa waajjira abbaa taayitaa galiwwanii vs. Indiriis Muummad Adam, mana murtii olaanaa godina Harargee bahaa, galmee lakk 30955
46. Abbaan alangaa A/Taayitaa galiwwanii fi gumuruukaa vs. Fadiluu Nuurii, mana murtii olaanaa godina Jimmaa, galmee lakk 30460
47. Gurraacha Aanaa fi Waajjira daldalaa fi misooma gabaa godina Booranaa, mana murtii Ol'aanaa Godina Booranaa, galmee lak 10470
48. Isheetuu Kabbadda fi Waajjira daldalaa fi misooma gabaa aanaa Gimbichuu, Misooma gabaa Itoophiyaa dame Adaamaa, mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha bahaa, galmee 151226
49. Abbaa Alangaa vs. Muhaammad Musaa, mana murtii aanaa Guutoo Giddaa, galmee lak 28606
50. Abbaa Alangaa vs. Yirgaalam Kidaanee, mana murtii aanaa Maannaa, galmee lak 10688
51. Abbaa alngaa vs. Darajjee Abdiisaa, mana murtii Leeqaa Dullachaa, galmee lak 10801
52. Abbaa Alangaa vs. Zakkaariyaas Fiqiree, mana murtii aanaa Sokorruu, galmee lak 06882
53. Abbaa Alangaa vs. Fiqaaduu Nuurii, mana murtii olaanaa godina jimmaa, galmee lak 30460
54. A/Alangaa galiwwanii fi gumruukaa vs. Dabbaba Ishetee N-2, mana murtii olaanaa godinaa Baalee, galmee lak 17812
55. Falmii Abbaa alangaa vs. shawwaa Bejawu mandafiroo, mana murtii aanaa baabboo gambeel, galmee lak 03403
56. Abbaa alngaa vs. Maammoo Baayyisaa fi Beekamaa Tarreessaa, mana murtii aanaa Najjoo, galmee lakk 16234
57. Abbaa alangaa waajjira abbaa taayitaa galiwwanii vs. Indiriis Muummad Adam, mana murtii olaanaa godina Harargee bahaa, galmee lakk 30955
58. Abbaa alangaa vs. kaasuu biiramoo, mana murtii aanaa shaashmaannee, galmee lak 02204



59. Abbaa alangaa galiwwanii gurmuruukaa Itoophiyaa vs. ababaayyoo Girmaa, mana murtii olaangaa godina baalee, galmee lak 17860
60. Abbaa alangaa vs. shifarraawu Badhoo, mana murtii aanaa Barraak, galmee lak 17334
61. A/alaangaa Aanaa Sinaanaa vs. Abdurrahmaan haji Muhammad fa'a N-2, Mana murtii Aanaa Sinaana, galmee lak 34950
62. A/Alangaa aanaa dugdaa booraa vs. Assagid Dammisee Fa'a N-2, mana murtii aanaa dugdaa, galmee lak 13817
63. Ol'iyyataa Assagid damissee vs. deebii kennaa A/Alangaa godina shawaa bahaa, mana mana murtii ol'aanaa godina shawaa bahaa, galmee lak 37747
64. A/Alangaa vs. deebii kennaan Assaggid Damissee, Mana murtii waliigala dhaddacha dhaabbii baha, galmee lak 188259
65. Abbaa alangaa vs. Naasira Awal, mana murtii aanaa gobbaa, galmee lak 17668
66. A/Alangaa vs. Mulugeetaa Mooshee N-2, mana murtii aanaa shaashimaanee, galmee lak 52917.
67. A/Alangaa vs Taaddalachi Eeliyaas lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 168144
68. A/Alangaa vs Dastaa(Bassaa) Bushuraa lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 168143
69. A/Alangaa Vs Nuuriyyoo Bulloo lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 145777
70. A/Alangaa Vs Fiqaaduu Waariyoo lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 168897
71. A/Alangaa Vs Daawit Walda Samaayaat lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 145891
72. A/Alangaa Vs Tasfaayee Gullilaat lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 169638
73. A/Alangaa Vs Muhaammad Nageessoo lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 169908
74. A/Alangaa Vs Baanchiamlaak Daamxoo fa'a N-2 lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 169991

75. A/Alangaa Vs Tadaalach Eeliyaas lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 168144
76. A/Alangaa Vs Hasan (Fatanjii) Bulbulaa lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 145292
77. A/Alangaa Vs Aadam Bushuraa lakk.galmee mana murtii waliigalaa dhaddacha kibbaa 194845

## **V. Namoota Af-Gaffiin Waliin Taasifame**

1. Obbo lijaalam Ofgahaa ogeessa galmeessaa fi eeyyama hojii daldalaa BDMGO
2. Obbo Dabalaa Seenxii Ogeessa seeraa wajjira daldala fi misooma gabaa magaalaa Shashamannee
3. I/A/Kom.Mulugeetaa Laggasaa I/Gaafatama wajjira poolisii aanaa 3ffaa magaala Burraayyuu
4. Obbo Ijennaa Gizaw Ab/Ad/qor/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waj.haqaa G/A/O/N/
5. kom.Dastaa Mokonnin I/Gaafatamaa qajeelcha poolisii magaalaa sabbata
6. Obbo Amiin Aadam I/Gaafatama waajjira haqaa godina Arsii lixaa
7. Obbo Qaasim Galgaluu Ab/Ad/qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisa biiroo haqaa oromiyaa
8. Obboo Magarsaa Kumsaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisisa wajjira haqaa godina Baalee
9. Obboo Alamaayyoo Uumaa A/seeraa fi B/B pirezidaantii Mana murtii aanaa sabbataa Awwaas
10. Obbo Baqqalaa Ittichaa A/Alangaa Waajjira haqaa magaalaa sabbataa
11. Obbo Jaldoo Badhaasoo I/Gaafatama waajjira haqaa aanaa arsii nageellee
12. Obboo Hedatoo Fayyisaa I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa Shashamannee
13. Obboo Kamaal Sirboo Pirezidaantii Mana murtii ol'aanaa godina Arsii lixaa
14. Obbo Kabbadaa Yaa'ii I/Gaafatamaa waajjira haqaa godina Baalee
15. Obboo Goobee Tufaa A/seeraa fi qindeessaa garee sivilii Mana Murtii aanaa Arsii Nageellee
16. I/A/insp.Ballaxaa Isheetuu I/Gaafatama wajjira poolisii magaala Arsii nageellee
17. Obbo Hirkisaa Dhinsaa Ogeessa kabachiisa mirga fayyadamtoota BDMGO
18. Obbo Kadiir Hammuu ogeessa seeraa BDMGO

19. Obbo Masaratuu Lammaa Ab/Ad/hojii too'annoo fi itti fayyadama calla guddistuu biiroo qonnaa Oromiyaa
20. Obboo Burqaa Urgee qondaala naamusaa wajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee
21. Obboo Alamuu Iniyaawu raawwata sakata'iinsa safartuu fi madaallii Wajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee
22. Obbo Hordofaa Gaddafaa ogeessa seeraa waj.daldalaa fi misooma gabaa GAONF
23. I/A kom.Ballaxaa Gabayyoo qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti diviznirii tajaajila poolisii hawaasa
24. kom.Abbabaa Tashoomaa qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti Ab/Ad/qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa
25. Insp.Ol. Fayyisaa Hojisaa qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti qorataa yakkaa
26. Obbo Ibsaa Camadaa A/Alangaa Wajjira haqaa G/A/O/N/F
27. I/A/Insp.Gaashaw Darajjee I/Gaafatamaa divinzinii tajaajila poolisii hawaasa qajeelcha poolisii magaala Shashamannee
28. Ins.ol.Taarikuu Laggasaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa qajeelcha poolisii Magaala Shashamannee
29. Insp.ol Malaakuu Gabrayyas Ab/Ad/Qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa wajjira poolisii aanaa sinaana
30. Addee Ijigaayaw Margaa A/Alangaa waajjira haqaa godina Baalee
31. Insp.Haayiluu Asaffaa divizniinii tajaajila poolisii qajeelcha poolisii godina Baalee
32. Obboo Addisuu Haayiluu A/seeraa fi qindeessaa garee hariiroo hawaasaa Mana murtii aanaa sinaana
33. Obbo Yaadataa Ittafaa Ab/Ad/Qo/Yakka fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira haqaa aanaa sabbataa awwaas
34. I/A/saj. Alamuu Laggasaa Ab/Ad/Na/N/Mirkaneessaa wajjira poolisii Magaala Arsii nageellee
35. Insp.ol Malaakuu Gabrayyas Ab/Ad/Qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa wajjira poolisii aanaa sinaana
36. Obboo Isheetuu Gizaw I/Gaafatama wajjira haqaa Aanaa Goobbaa

37. Obbo Isheetuu Asaffaa I/Gaafatama waajjira haqaa magaala sabbataa
38. Obboo Abdulwaahid Abdurrahman I/Gaafatama waajjira haqaa aanaa sinaana
39. Obboo Abdiisaa Ganamoo A/seeraa fi qindeessaa garee yakkaa mana murtii Aanaa Arsii nageellee
40. Obboo Ismaa'eel Muhaammad A/seeraa fi qindeessaa garee yakkaa mana murtii aanaa Shashamannee
41. Obbo Fu'aad Abbaa Tamaam Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira haqaa magaala sabbataa
42. Obbo Baqqalaa Ittichaa A/Alangaa Waajjira haqaa magaalaa sabbataa
43. Obbo Kadiir Woyyuu pirezidaantii Mana murtii aanaa arsii Nageellee
44. Saj.ol Birhaanuu Taaddasaa I/G/qorannoo taaktiikaa qajeelcha poolisii magaala Shashamannee
45. Obbo Baddiluu Mattafariyaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa Magaalaa Shashamannee
46. I/A/insp. Gaashaw Darajjee I/G/Diviznii tajaajila poolisii hawaasa qajeelcha poolisii magaala Shashamannee
47. Obboo Darajjee Mokonnin A/seeraa ,qindeessaa garee yakkaa fi B/B garee insipeekshinii Mana murtii Ol'aana godina Baale
48. G/Insp. Isheetuu Balachoo Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira poolisii Aanaa Sinaanaa
49. Obbo Adaanaa Kabbadaa B/B I/G fi qindeessa adeemsa dhukuba dadarbaa waj.fayyaa G/A/O/N/F
50. Adde Tsiyoon Admaasuu Abbaa taayitaa galiwwaniif gumruukatti I/A/abba alangaa muummee
51. Obbo Tashoomaa Waldaa Abbaa taayitaa galiwwanii fi gumruukaatti garagara I/A A/alangaa
52. Kom.Tasfaayee Daggafaa Ab/Ad/Na/N/mirkaneessaa Qajeelcha poolisii godina Booranaa
53. Obboo Abdiisaa Hussein A/Alangaa Galiwwaniif Gumruukaa itoopiyaa dame MooyyaaleeI

54. Saj.ol Antanah Ingidaa Ab/ad/Qo/yakka fi murtii haqaa kennisiisaa wajjira poolisii magaalaa Arsii nageellee
55. kom.Abbabaa Tashoomaa qajeelcha poolisii Godina adda oromiyaa naannawa finfineetti Ab/Ad/qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa
56. Obbo Mahammad Nashaa A/seeraa fi qindeessa garee yakkaa Mana murtii Ol'aanaa godina Arsii lixaa
57. Obboo Daawud Bashiir A/seeraa fi B/B pirezidaantii ManaMurtii aanaa Mooyaaalee
58. Insp.ol Addunyaa Angaasaa Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa Qajeelcha poolisii Maagala Sabbataa
59. Obboo Galatoo Annootaa Ab/Ad/Qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa waajjira haqaa aanaa arsii nageellee
60. Obbo Tafarraa Wondee I/G/waj.haqaa G/A/O/N/F.
61. Obbo Girmaa Saffisaa A/Alangaa wajjira haqaa Aanaa Arsii nageellee
62. Obboo Aschaalaw Xilaahun A/seeraa fi qindeessaa garee hariiroo hawaasa mana murtii ol'aanaa godina Baalee
63. Obboo Tafarii Mokonnin Ab/Ad/Galmeessaa fi kennaa Hayyamaa wajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee
64. Obbo Ahimadnadjash Hasan I/A/hooganaa wajjira qonnaa aanaa sinaana
65. Obbo Shaawul Katamaa I/Gaafatama wajjira haqaa magaalaa roobee
66. Obbo Zawudee Taaddasaa B/B Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa wajjira haqaa aanaa Goobbaa
67. Aaddee Mihirat Taaddasaa A/Alangaa Waajjira haqaa aanaa Goobbaa
68. Obbo Gaarummaa Adabaa raawwataa hojii too'annoo qulqulina bunaa BDMGO,
69. Obbo kabbadaa Dhaabaa A/Alangaa abbaa taayita galiwwaniif gumruukaa itoophiyaa
70. Obboo Girma Lammaa Pirezidaantii Mana murtii ol'aanaa Godina Baalee
71. Insp.Haayiluu Asaffaa Divinziinii tajaajila poolisii qajeelcha poolisii godina Baalee
72. Obboo Ahimad Abdurahmaan raawwata inshuraansii fayyaa wajjira eegumsa fayyaa godina baalee
73. Insp.ol Salamoon Gammadaa Ab/Ad/Na/N/mirkaneessa waj.poo.aanaa Arsii nageellee
74. Obbo Azmaraaw Mangistuu Ab/Ad/itti fayyadama calla guddistuu waajjira qonnaa G/A/O/N/F

75. Obbo Takkaliny Tasfaayee A/seera Mana murtii Waliigala Oromiyaa dhadacha kibbaa
76. Obbo Kaasahun Guutataa A/seera Mana murtii Waliigala Oromiyaa dhadacha kibbaa
77. Aadde Gudii Wadaajoo A/murtii Mana murtii Aanaa sabbataa Awwaas
78. Saj.Biyyansaa Taaddasaa Ab/Ad/Qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa waajjira poolisii aanaa Arsii nageellee
79. Obboo Geetachoo Kophisaa,raawwataa sakata'iinsa safartuu fi madaallii Biiroo daldala fi misooma gabaa Oromiyaa
80. Obboo Lammaa Ajjamaa,Ab/Ad/hojii misooma gabaa beeyiladaa fi bu'aa beeyladaa Biiroo daldala fi misooma gabaa Oromiyaa
81. Obboo Gaarummaa Adabaa raawwataa hojii too'annoo qulqullina bunaa Biiroo daldala fi misooma gabaa Oromiyaa
82. Aadde Nibrat Wonduu raawwataa too'annoo fi hordoffii daldala seeraan alaa waajjira daldalaa fi misooma gabaa Oromiyaa
83. Aadde Sa'aadaa Abdullaahii raawwattuu Adeemsa tajaajila fayyaa fi fayyaan walqabatani waajjira fayyaa GAONF
84. Aadde Qamariyaa Ismaa'eel raawwattuu hojii ittisa too'annoo dhukkuba daddarbaa waajjira fayyaa GAONF
85. Obboo Sisaay Indaalaa,I/A/Bulchaa fi I/G/waajjira qonnaa GAONF
86. Obboo Gaashaw Batruu B/B Ab/Ad/Qabeenya uumamaa waajjira qonnaa GAONF
87. Obboo Abbabaa Zawudee I/G/waajjira fayyaa Aanaa Sabbataa Awwaas
88. Obboo Baqqalaa Abdoo I/A/I/G/ fi Ab/Ad/dhukkuba daddarbaa waajjira fayyaa Aanaa Sabbataa Awwaas
89. Obboo Jamaal Gammachuu qindeessaa dhimma hojii misooma gabaa Waajjira daldalaa fi misooma gabaa Aanaa Arsii Nageellee
90. Amaan Gabbitaa too'annoo fi hordoffii hojii daldalaa Waajjira daldalaa fi misooma gabaa Aanaa Arsii Nageellee
91. I/A/Kom.Xilaahun Hebboo Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa waajjira poolisii aanaa Shashamanee
92. G/Insp.Gammadoo Quuqaa Ab/Ad/Na/N/Mirkanessaa waajjira poolisii aanaa Shashamanee
93. Obboo Fayyisaa Nigussee Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Sinaanaa

94. Kom.Birhaanuu Gaarradoo, Hoogganaa waajjira poolisii Aanaa Sinaanaa
95. Obboo Abdulqaadir Hassan Ab/Ad/Hojii too'annoo fi itti fayyadama calla guddistuu waajjira qonnaa Godina Baalee
96. Obboo Shifarraw Ajabii Ab/Ad/misooma ,qophii,qulqullina fi shaayii Urgooftuu waajjira qonnaa Godina Baalee
97. Obboo Alamu Lammaa I/A/Bulchaa fi I/G/waajjira qonnaa Godina Baalee
98. Obboo Geetachoo Asaffaa I/G/waldaa hojii gamtaa Godina Baalee
99. Obboo Birhaanuu Daggafaa I/A/Hoogganaa waajjira Eegumsa fayyaa Godina Baalee
100. Ahimad Muuhammad raawwataa hojii too'annoo fi hordoffii hojii daldalaa waajjira daldala fi misooma gabaa Aanaa Sinaanaa
101. Obboo Lammaa Asaminoo ogeessa seeraa waajjira daldala fi misooma gabaa Aanaa Sinaanaa
102. Obboo Shawaangizaaw Girmaa Raawwataa hojii dhiyeessa fi raabsaa meeshaalee yaalaa fi too'annoo waajjira eegumsa fayyaa Aanaa Sinaana
103. Aaddee Aabiyoot Laggasaa rawwattuu too'annoo fi tajaajila fayyaa fi fayyaan walqabatanii waajjira eegumsa fayyaa Aanaa Sinaana
104. Obboo Burqaa Urgee Qondaala Naamusaa waajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Baalee
105. Obboo Aloo Ibraahim Abbaa seeraa Mana Murtii Aanaa Sinaana
106. Obboo Umar Qaadii raawwataa qulqullina xa'oo fi keemikaala waajjira qonnaa Aanaa Sinaanaa
107. Obboo Boruu Guyyee Pireezidantii mana Murtii Aanaa Goobbaa
108. Obboo Haabtaamuu Abbabaa Abbaa seeraa Mana murtii aanaa Goobbaa
109. I/A/Saj. Abbataa Girma Dursaa kutaa qorannoo yakkaa wajjira poolisii Aanaa Goobbaa
110. Obboo Yirdaaw Asfaaw Abbaa seeraa fi qindeessa KTAS yakkaa Mana Murtii Aanaa Goobbaa
111. Obboo Taaddasaa Joobiraa Raawwata hojii too'annoo,qulqullina tajaajila fayyaa fi oomishtoota Waajjira eegumsa fayyaa magaalaa Shashamannee
112. Obboo Andaamlaak Admaasuu Raawwata hojii too'annoo,qulqullina tajaajila fayyaa fi oomishtoota Waajjira eegumsa fayyaa magaalaa Shashamannee

113. Obboo Seenaa zawudee B/B Ab/Ad/Qo/Yakka fi murtii haqaa kennisiisa fi A/Alangaa waajjira haqaa Aanaa Shashamanne
114. Obboo Eda'oo Bariisoo Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqa kennisiisa fi B/B hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Yaabeelloo
115. Obboo Ibraahim Qaamphee A/Alangaa waajjira haqaa Aanaa Yaabeelloo
116. Obboo Nigaatuu Jaarsoo B/B pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa
117. Obboo Shimalis Simee I/G/Waajjira haqaa godina Booranaa
118. Obboo Muhaammad Hingaabbuu Ab/d/Qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa Godinaa Booranaa
119. Obboo Dastaa Guyyoo A/Alangaa Waajjira Haqaa Godina Booranaa
120. Obboo Gosaayee Galatoo A/seeraa fi qindeessaa KTAS yakkaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Booranaa
121. Obboo Assagid Xilaahun Abbaa seeraa Mana murtii Ol'aanaa Godina Booranaa
122. Obboo Daawit Tafarraa Raawataa hojii too'annoo fi hordoffii seeraa qabsiisaa waajjira daldala misooma gabaa godina Booranaa
123. Aaddee Xumphee Jaatanii Raawwattuu sakata'insaa safartuu fi madaalliwwanii waajjira daldala misooma gabaa godina Booranaa
124. Obboo Muhammad Xaahir Qindeessa raga daldalaa waajjira daldala misooma gabaa godina Booranaa
125. Obboo Muhaammad Daawwee Ab/Ad/Miisooma gabaa Beeladaa waajjira daldala misooma gabaa Godinaa Booranaa
126. I/A/Saj. Abdoo Tumphee Qorataa yakkaa qajeelcha poolisii Godina Booranaa
127. Obboo Magarsaa Abdiisaa Ab/Ad/Qo/yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira haqaa Aanaa mooyyaalee
128. Obboo Daawud Bashiir B/B Pirezidaantii fi A/Seeraa Mana Murtii Aanaa Mooyalee
129. I/A/Saj. Taammiraat Dhaabuu B/B Ab/Ad/Na/N/Mirkaneessaa waajjira poolisii Aanaa Mooyyaalee
130. Saaj. Shimalis Moojoo B/B I/G/ fi Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa Mooyyaalee
131. Obboo Mulugeetaa Baqqalaa Qindeessaa humna namaa waajjira fayyaa Aanaa Mooyyaalee



132. Obboo Abdoo Goollee Pireezidaantii Mana murtii Aanaa Yaabeelloo
133. Obboo Xiruunah Rafeera Abbaa seeraa Mana Murtii Ol'aana GAONF
134. Obboo Taaxaq Saxxany Abbaa seeraa Mana Murtii Ol'aanaa GAONF
135. Obboo Galaanuu Asaffaa Abbaa seeraa Mana Murtii Ol'aanaa GAONF
136. Obboo Baayisa Sorsii B/B Dhadacha dhaabbii mana murtii magaalaa Burraayyuu
137. Obboo Shibbiruu Gaashulee Abbaa seeraa dhadacha dhaabbii mana murtii magaalaa  
Burraayyuu
138. Aaddee Yeneenesh Moosisaa A/Alangaa Waajjira haqaa Magaalaa Burraayyuu
139. Obboo Asaffaa Taakkalaa I/G waajjira haqaa Magaalaa Burraayyuu
140. Aaddee Tinsaa'ee Taaddasaa ogeessaa seeraa dhaabbata gabaa oomisha qonnaa  
Oromiyaa
141. Obboo Ittafaa Geetaahun I/A/Gaaggeessaa dhaabbata gabaa oomisha qonnaa Oromiyaa
142. Obboo Mul'isaa Abdiisaa A/Alangaa Naannoo Biiroo Haqaa Oromiyaa
143. Obboo Anduu'alam Dajannee A/Alangaa Naannoo Biiroo Haqaa Oromiyaa
144. I/A/Saj.Kadiir Hirphoo Qorataa yakkaa waajjira poolisii Aanaa Shashamannee
145. Abbabaa Taarrafaa, oogganaa waajjira haqaa aanaa najjoo
146. Abdii mahammad, a/deemsa hojii to'annoo kenna tajaajila fayyaa, waajjira eegumsa  
fayyaa godina harargee bahaa
147. Abdulbaariiz sirraaji, oogganaa wajjira qonnaa aanaa baabbilee
148. Abduramiid Aliyyii, a/adeemsa hojii faayidaa lafaa fi eegumsa naannoo waajjira eegumsa  
naannoo aanaa baabbillee
149. Abduraziz Nagaa, oogganaa waajjira poolisii aanaa gommaa
150. Adaanaa Tarrafaa, waajjira eegumsa fayyaa aanaa haramayyaa
151. Alamaayyoo kaasay, ogeessa hojii to'annoo kenna tajaajila fayyaa waajjira eegumsa  
fayyaa godina harargee bahaa
152. Alamuu Guutaa mana murtii olaanaa godina wallagga bahaa
153. Aliyyii sirraaj, abbaa alangaa galiwwanii godiana harargee bahaa
154. Amanuu Lataa, raawwataa xaa'oo fi keemikaalaa waajjira qonnaa godina wallagga baaha
155. Amsaaluu Biraanuu raawwataa hojii to'annoo qulqullinaa kenniinsa tajaajila fayyaa  
waajjira eegumsa fayyaa godina wallaga bahaa
156. Araarsoo Tolaa, poolisii waajjira poolisii aanaa najjoo